مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# إعادة اكتشاف الصلاة
## مختصر إدارة الصلاة
أحمد بسام ساعي

# *Akkataa Rawwii Salaataa*

**Qopheessaan:**
*Ahmad Bassaam Saa'ii*

**Hiikaan:**
*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# إعادة اكتشاف الصلاة
# مختصر إدارة الصلاة

**أحمد بسام ساعي**

# AKKATAA RAWWII SALAATAA

Qopheessaan:

Ahmad Bassaam Saa’ii

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/43**

# Maqaa RabbiiAkkaan Mararfataa Ta’ee fi Tola Oolaa Ta’eetiin Jalqabna

**Baafata**

Matadureewwan Fuula

**RABBIIN WAJJIIN BEELLAMA**…………………………5
**ISIIN GUDDOODHA ------- MAALIIF! ?**....................... 12
**IMALA DIRQAMA IRRAA GARA MIRGATTI**………..14
**DAANGAA DIRQAMAA FI MIRGA JIDDUU JIRU**…...18
**MI'AA SALAATAAF DAMMAQUU**……………………..20
**MI'AA SALAATA IRRATTI OBSUU**…………………....25
**SALAANNI MANA BARUMSA OBSAATI**………………27
**MAALIIF SALAANNAA?**................................................... 32
**SALAANNI DEEBIFTEE NU SAGANTTEESSITI**……...33
**SALAATAA FI JIRUUN WAL GITUU**…………………...44
**ADDA ADDUMAA: MANA BARUMSA QAROOMA JALQABAA…………………………………………….**47
**BARBAACHISUMMAA OF-GADI QABUU HEDDUMMAATUU**……………………………………...51
**SALAATA KEESSATTI JIJJIIRAMA HAALAA FI SOCHII MAALIIF?**......................................................... 54
**AZAANAA FI AJAA'IBA DEEBII ISAA KURNAN (10)**. 56
**WUDUU'A LAMAAN**……………………………….....65
**SALAANNI GAREE ICCIITII QAROOMAATI**…………70
**AS IRRAA JALQABNA**……………………………….86
**SARAROOTA SHANAN SALAATAAF**………………......93
**FURTUU DIIMAA LAKKOOFSA (1) ALLAAHU AKBAR**…………………………………………………...102
**GARAAGARUMMAA DUBBIISUU FI QARA'UU**…….105
**AFAAN HAARAWA QUR'AANA KABAJAMAA**……...107
**AFAAN GAALEE BANAMAA FI DIRREE MAGARIIS**109

**GAHEE FAATIHAA FI DUBBISUU**…………………….……113
**TOLA OOLAA FI AKKAAN MARARFATAA**………....122
**FURTUU DIIMAA (2): SIMA QOFA GABBARA, SIMA QOFATTI QARQAARSIFANNA:**……………..……….. 124
**KARAA DIRIIRAATTI NU QAJEELCHI, KARAA WARRA**……………………………………………..127
**GIDDU GALUMMAA RUKUU'AA FI SUJUUDAA**……134
**FURTUU DIIMAA (3) KABAJAAN RABBUMAAF**……138
**FURTUU 4**…………………………………………….142
**NAGEENYI NURRAA FI GABROOTA GAGGAARII IRRATTIS HAA JIRAATU**……………………………….142
**DU'AA'IIF TAA'UU**…………………………………145
**MALLAQA**…………………………………………....148
**GABATEE SALAATA KEESSATTI WAAN ARGATTE IBSU**…………………………………………………150
**GABATEE WAAN SALAATA KEESSATTI SI JALAA TAREE**……………………………………………....154
**JIRUUN TEE HUNDII SALATA HAA TAATU**………...156

## Rabbiin wajjiin Beellama

Raajii guddaadhaan akkana naan jedhe: bulchiinsa salaataa? Salaanni bulchiinsa qabdii? Yoo bulchiinsa qabeenyaa investimentii gaarii horachuuf barnoota baratan taate, akkasuma bu’aa gaarii yeroon booda badu akka barbaadanitti argachuuf yoo kan dalagan taatee, dalagaa guyyaa xumuraatiif maaliif bulchiinsii fi too’annaan hin godhamnee? Jedheen maaliif dalagaa aakiraa invastimantii hin goonee? Maaliif bu’aa dalagaa aakiraa hin guddifnee? Bu’aa egerees nu biratti hafu ta’uu waliin, badhaasa hin hir’ifamne ta’uu wajjiin akkamitti isaaf hin dalagnee? Kanaaf dalagaan nuti invastimantii isa irrati dalagnee, bulchiinsa too’annaa fi qusannaa isaa tolchuu qabnu dalagaan akka salaataa isa keessa toltuun duniyaa fi aakiraa jirtu ni jiraa?

Guyyaa tokko ramadaana keessa Univaristii okisfoordi keessatti barattoonni su’uud arabiyaa yeroo fuxuurri (sooma furuun) dhiyaate irratti akka gorsa isaanii dabarsuuf na affeeranii turan, anis mata duree gorsa kiyyaa bulchiinsaa fi too’annaa salaataa akka ta’uu filadhee ture.

Yeroon beellamaa akkuma gaheen keeyyata Qur’aanaa lamaa fi Hadiisa Rasuulaa lama kan waa’ee salaataa ibsitu waraqaa irratti barreeffadhee gara wal-tajjiitti bahee, akkuma baratame nagaha erga gaafadhee booda waraqaa harkaa qabu kana banee saffiisaan waan ani dubbiisu kana, namni hundi qayyabachuu akka hin dandeenyetti dubbisee daqiiqaa tokko keessatti xumure; waraqaa kiyya dachaasee daddaffiidhaan akkana jedheen: dhiifama saffisa kootiif, ammaaf isiin dhiisuuf sardama, sababni isaas namoota harka hedduun isin caalan

waliin beellama waan qabuufi; nageenyi Rabbii isin irratti haa jiratu jedheen.

korojoo koo fudhadhee gara balbalaatitti qajeele, ija isaanii irratti rifannaa, fuula isaanii irratti tajjabbii fi waan ta'ee kana dhugoomsuu dhabuu isaan irraa xiinxale. Inumaayyuu mormii, diddaa fi jibbaa waan ani dalagee kana argisiisan. Dalagaa adaba hin qabne kan akka anii namoota waadaa wal-arginee gorsa isaanii dabarsuu jedhu kana irratti ilmi namaa bifa kanaan deebii kennaa yoo ta'ee, osoo wal-gahiin kuni Rabbiin waliin ta'ee akkam ta'a jettanii yaadduu?

Sakondii muraasa booda gara barattootaatti deebi'ee wanta ta'e hundaaf akkana jedhee dhiifama gaafadhee: nattii mufattanii turtanii? Tole garuu dalagaa kana yeroo tokko qofa isin wajjiin dalage, garuu amma dhiifama isiin gaafachuuf deebi'ee jira, wanta ani godhe kana hundi keenyaayyuu guyyaa keessatti yeroo shan Rabbiin wajjiin goonee; garuu yeroma tokkollee itti deebinee dhiifama gaafannee hin beeknu.

yeroo bareedaa kee kana Carraa akkam bareeduu, beellama akkam gaarii fi sagantaa akkam filatamaa ta'etuu si harkaa balleessaa? salaata bifa kanaa Rabbii kee fuuldurattii gaggeessitaa, sunuu mee yoo salaata jennee moggasne.

Barattoota su'ud Arabiyyaa irratii keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisa ani waraqaa kiyyaa irraa itti dubbise san xiinxallitanii? Namni tokko waraqaa irraa yoo dubbisuu moo yoo mataa isaa irraa wanta isaa dhufee fi isaaf laafe yoo dubbate nama irratti

dhiibbaa fiduu danda’a. yeroo hedduu nuti salaata keenna keessatti akkuma nama waraqaa irraa dubbisuuti; dubbiisni akkasii kuni dubbisa arrabuma keenna irraa bahu malee waan onnee irraa dhufuu miti. Rabbiif jennee salaata onnee irraa salaatuu fi arrabuma keenya irraa dubbisuun garaagarummaa guddaa qaba.

Rabbiin ol-aane Projektii invastmentii guddaa kana saanii warqii irratti nuuf kennee, garuu nuti of duubatti darbinee wanta tokkooyyuu osoo irraa hin fayyadamin keessaa baane, osoo mataa keenna waliin haqa dubbanna ta’ee kabajaa kana diduu fi irraa garagaluun; kabaja kana irratti qoosuu fakkaata. Mee qajeelattii xiinxallaa ennuu waliin qoosnaa?

Kanaaf mataa keenna irra deebinee beekuu qabna, akkaataa Rabbiin itti gabbaran fi wantoota nu marsanii jiran hundaa irra deebinee beekuu fi hubachuun dirqama. Akkasuma dhiiraa fi dubartoota keenya hundaa karaa xiinxalaa wantoota naannoo isaanii jiru irraa deebi’anii hubachuu danda’aniin isaan qarqaaru irratti guddisuu qabna. Ijoolleen keenyaa sadarkaa aadaa fi duudhaa irraa gara sadarkaa xiinxallitootaa fi haaromsitootaatti akka guddaataan yoo barbaannee, wantoota teeknoolojii harka isaanii jiru kana hunda irra deebi'anii akka beekanii fi hubatan taasisuu qabna.

Xumura waggoota afurtamootaattii yeroo umriin koo torbaaf saddeet ture keessatti wanti yaadadhu; haatii koo Rabbiin isii haa araaramuu magaalaa *Laaziqiyyaa* jedhamtutti maatii hiriyyaa isii amantaa kiristaanaa hordofan dawwattee

yeroo deebitutti Raadiyoo ajaa'ibaa kan ilmi isaanii biyya F*aransaayii* barumsa isaa xumuree yoo dhufu qabatee dhufee nutti himte. Wanta ani hin daganne kan haati koo jedhan " Raadiyoon suni: gara fuul-dura isaatiin foddaa kan qabuu fi nama isaa keessaa dubbatu arguu kan dandeettuudha!" jedhan.

Halkan san guutuu osoo hirribni na hin fudhatin bule, wanti ani yaadu gaazexeessaa miskiina san akkamitti foddaa xiqqaa kana keessatti galchanii itti cufanii kan jedhuudha. Akkamitti keessa kaahuu danda'anii? Tarii nama qaamaan xiqqaa sanduuqni suni qabachuu danda'u filaniitii? Tole yoo akkas jenne garuu inniyyuu akkamitti danda'aa? Dhiifama yeroo xiqqaa ta'e ani akkanatti yaada ture, namichi kuni akkamitti halkan mana fincaanii deemuu danda'aa jedhee yaadaa ture; eessatti dhimma ofii bahaa? Gaafiin akkana kudhanii hanga dhibbaa ykn sanii oliittu natti dhufuudhaan halkan san akka hin rafne na taasisee. Achi boodas mataa kiyya keessa yeroo baay'eef naannawuun hedduu na yaachisaa turtee; garuu xumura irratti televijiina ta'uu beeke.

Ijoolleen teenna amma yoo dhalatan fuuldura isaaniitti televijiinii, raadiyoo, moobaayilii, kompiitara, xiyyaara, konkolaataa fi meeshaalee elektirikii ajaa'ibaa manaa fi alatti argaa guddatu. Wantoonni kunniin akkamitti akka argamanii fi uumaman hedduu hin yaadan, beekkumsa nama meeshaalee kanniin uumee fi argamsiisees hedduu isaan hin yaachisu. Akkasuma si'ana wantoonni kunniin keessatti argaman sani guddina isaa hin beekan. Kanaaf guddina wantoota kanniinii fi

guddina nama isaan argamsiisee akka irra deebi’anii beekanii fi hubatan isaan leenjisuu qabna.

Sunis akka isaan guddina uumaa kanaa beekaniif isaan qarqaara, akkasuma matama ofii, ibaadaa ofii fi amantaa ofiituu akka isaan irra deebi’anii hubataniif isaan qarqaara. Kunis awwaara duudhaa fi aadaa baratamaa isaan irraa hargufee akka yeroo hunda amantiin isaanii ija isaanii keessatti akka haarawaatti fudhatan isaan godha. Akka waan amantaa kana yeroo jalqabaatiif beekanii ykn hojitti jijjiiranii isaan taasisa, yoo nuti warra Qur’aana ulfaataa kan taanu taate Qur’aanni keeyyatoota isaa hedduu keessatti wantoota baay’ee irra deebinee akka beeknuu fi hubanu bifa kanaan nu leenjisee jira.

﴿ٱلَّذِي خَلَقَ سَبۡعَ سَمَٰوَٰتٖ طِبَاقٗاۖ مَّا تَرَىٰ فِي خَلۡقِ ٱلرَّحۡمَٰنِ مِن تَفَٰوُتٖۖ فَٱرۡجِعِ ٱلۡبَصَرَ هَلۡ تَرَىٰ مِن فُطُورٖ ٣ ثُمَّ ٱرۡجِعِ ٱلۡبَصَرَ كَرَّتَيۡنِ يَنقَلِبۡ إِلَيۡكَ ٱلۡبَصَرُ خَاسِئٗا وَهُوَ حَسِيرٞ ٤﴾ الملك: ٣ - ٤

*Rabbii samii torba wal gubbaan uume, waan*
*Rabbiin uume muudaa hin qabdu, samii Rabbiin uume*
*irra deddeebi’ii laali mee baqaqa wahii ni argitaa?*
*Ammas , samii Rabbiin uume sani irra deddeebi’ii laali,*
*haala xiqqaattuu fi dadhabduu taateen ijji kee gama kee*
*deebiti(Al-mulki 3-4).*

﴿أَوَلَمۡ يَرَوۡاْ إِلَى ٱلطَّيۡرِ فَوۡقَهُمۡ صَٰٓفَّٰتٖ وَيَقۡبِضۡنَۚ مَا يُمۡسِكُهُنَّ إِلَّا ٱلرَّحۡمَٰنُۚ إِنَّهُۥ بِكُلِّ شَيۡءِۭ بَصِيرٌ ١٩﴾
الملك: ١٩

*Allaattii hin arganii kan isaan gubbaa barartu golbaa isaa balli’isaa, golbaa isii walitti qabaa Rabbi malee kufiinsa irraa namni isii qabuu danda’u hin jiru, Rabbiin waan hunda argaadha. (Al-muki 39)*

﴿ قُلۡ أَرَءَيۡتُمۡ إِنۡ أَصۡبَحَ مَآؤُكُمۡ غَوۡرٗا فَمَن يَأۡتِيكُم بِمَآءٖ مَّعِينِۭ ٣٠ ﴾ الملك: ٣٠

*Sila isi hin argitanii osoo bishaan dhuugdan dachii isin jalaa seene bishaan dachii gubbaa yaa'u eennutu isinii fidaa?(Al-mulk 30)*

Karaan Qur'aanaa kuni irraa caalaa keeyyata Qur'aanaa fi suuraawwan isaa wajjiin wal-simata. Dhaloonni karaa kana irratti dhalatee guddatu yeroo hedduu irra deddeebi'ee mataa ofii fi wantoota naannoo isaa jiran beekuu fi hubachuu keessaatti of arga.Bifa kanaan taanaan haala qaroominaa fi iimaana walitti fufaa ta'eetuu dhaloota irraa gara dhalootaattii darba. Mataa keenya qajeelatti hubachuudhaaf hundi keennayyuu ganama maraa leensii ijaa qulqulluu taate ija keenya irraa kaayuu qabna. Kunis addunyaa tanaa fi wantoota isii marsanii argaman yeroo jalqabaatiif akka waan argaa jirruutti laaluuf nu qarqaara. Yeroo leensii ijaa kaawwanne kana hangam akka gara Rabbiitti dhiyaannee beekuu ni dandeenya.

Jiruu teenya, manneen barumsaa, dhaabbilee barnootaa ol'aanoo fi kutaalee barnoota bulchiinsaa keessatti kan baay'inaan babaldhatee argamu karaan gaariin pirojektiiwwan industurii, daldalaa, qonnaa fi ijaarsaa ittiin investimentii gochuun danda'amu kami kan jedhuudha. Enumaayyuu wanta kamiyyuu ta'ee dhala ilma namaa dhuunfaas ta'ee hawaasaatiif bu'aa gaarii buusuu danda'u invastimantii godhamuun barbaachisaadha.

Garuu guyyama tokko mana barumsaas ta'ee dhaabbilee barnoota ol'aanoo ta'an keessatti pirojektiiwwan armaan olitti

dubbannee kana kan caalu hundeessuuf yaadnee jirraa? Bu’aa guddaa fi yeroo dheeraa kan of keessaa qabuu ta’uu isaas hubannee jirraa? Argachuufis wabii kan qabuu fi faayidaa duniyaa fi aakiraa of keessatti kan hammatte ta’uu isaas beeknee jirraa? Enumaayyuu pirojektiiwwan duniyaa sunniin hundii fiixa bahuudhaaf hundee ta’ee argama. Innis bulchiinsaa fi too’annaa Rabbiin gabbaruuti. Akkasuma isii irra deebi’anii hubachuu fi beekuudha. Ibaada sanneen keessaa adda duree irratti kan dhufu roga salaataati. Innis beellama Rabbiin waliiti, Beellama akkamiiti?

Innis tartiiba Rabbiin gabbaruu keenya keessaa jalqaba kan dhufuudha. Ykn invastimantii keenya kan duniyaa fi aakiraa walitti qabatuudha. Seera Islaamaa keessatti dirqamni Rabbiif jecha duula bahuun dirqama cimaa gatii guddaa nama kafalchiisuu fi hamaa ta’e sadarkaa duraa fi lammaffaa irratti dhufuu dhabuun si hin dirqisiisin. Sadarkaa duraa irratti kan dhufe salaata yeroo isaa eeganii salatuudha, lammaffaa irratti kan dhufe hadhaa fi abbaatti tola ooluudha, sadarkaa sadaffaa irratti kan dhufe karaa Rabbii keessatti duuluudha.

Hadiisa Abdallah Ibnu Mas’uud Rabbiin isa irraa haa jaalatuu odeesse keessatti akkana jedhe: dalagaa kamtuu Rabbiin birattii jaalatamaa jedhee rasuula Rabbii (S A W) gaafadhe; akkana naan jedhan salaata yeroo isaa irratti salaatuudha, eegasii hoo jedheen? Eegasii haadhaa fi abbaatti tola ooluudha jedhan, eegasii hoo jedheen? Eegasii karaa Rabbii keessatti duula godhuudha jedhan.

Ilmi nama Salaata tana guddoo ykn isaan irrati ulfaattuu godhanii ilaalan, namni of gadi qabee salaate mi’aa, tasgabbii, boqonnaa fi dhaaba cimaa jiruu isaanii keessatti itti irkatan ta’ee arga. Enumaayyuu salaata keessatti of gadi qabee tasgabbiin, qaraatiin, sochiin, xiinxallaa fi yaada gaariin yoo salaate mana barumsaa lubbuu obsa irratti leenjisu ta’ee argama. Xiinxallaan sammuu, caldhisuun, of tuuluu dhabuun, namoota biroo wajjiin walii galuun, namoota bifa gaariin dhageeffachuun, miiraan tasgabbaahuun, murtii fudhachuu keessatti jarjaruu dhabuun, ijjannoo keessati jiddu galummaa qabaachuun, jarjaruu dhabuu, mala gaariidhaan namoota waliin jiraachuu fi jiruu ofii too’achuu danda’uudha. Kanaaf Rabbiin keeyyata Qur’aanaa hedduu keessatti obsaa fi salaata walitti hidhuun nama hin ajaa’ibsiisuu.

﴿ وَٱسۡتَعِينُواْ بِٱلصَّبۡرِ وَٱلصَّلَوٰةِۚ وَإِنَّهَا لَكَبِيرَةٌ إِلَّا عَلَى ٱلۡخَٰشِعِينَ ٤٥ ﴾ البقرة: ٤٥

*(Salaataa fi obsatti qarqaarsifadhaa, isiin waarra Rabbiif of gadi qabuun alatti ni ulfaatti).(Al-Baqara :45)*

﴿ وَأۡمُرۡ أَهۡلَكَ بِٱلصَّلَوٰةِ وَٱصۡطَبِرۡ ﴾ طه: ١٣٢

*Warra kee salaatatti ajajii isa irraati obsi (Xaahaa: 132)*

## Isiin guddoodha ------- maaliif! ?

**Maaliif salaata?**

Maaliif beellama keenna diigna, waan nu shaagalu dhiifna, daldala keenna addaan kunna, wantoota jiruu keenya keessaa hunda hanguma fedhanis barbaachisoo ta’an maaliif dhiifnee gara salaata salaatuutti qajeellaa?

Maaliif ergamaan Rabbii (S A W) jiddduu iimaanaatii fi kufrii salaata godhan? Maaliif Rasuulli Rabbii guyyaa xumura jiruu isaanii keessatti arraba isaanii irraa kan bahe; firaasha du’aa irra ciisanii salaata akka jabeessaniif irra deddeebi’anii Rabbumaa jedhaa salaata Rabbumaa jedhaa salaata Rabbumaa jedhaa salaata jedhanii akeekkachiisa cimaa kennanii?

Salaanni ilma namaa adabuudhaaf dhufte moo badhaasa Rabbiin namaaf kennee? Yoo dhugamatti wanti namatti ulfaatu isii keessa jiraata ta’e; mee maali wanti ulfaatu? Yoo dhugaa salaataan ni gammanna taate; wanti isii keessatti nama gammachiisu maali? Maaliif yeroo kanatti salaanni dirqama godhamee? Maaliif sochiilee fi lakkoofsi raka’aa isii akkana ta’ee? Maaliif jechootaa fi qaraatii murtaawaa kanaan ta’ee? Maaliif amantiiwwan hunda keessatti salaanni argamti? Akkamitii sadarkaan isii qabsoo, duulaa fi karaa Rabbii keessatti wareegamuu caala? Akkamitti Rabbii fi Rasuula isaa biratti salaannii sadarkaa cimaa kanaa fi barbaachisummaa guddaa kana argatte?!

Waggaa shantamaa oli osoo salaannii kiyyaa pirojektii daldalaa cimaa qabaachuu kiyyaa fi Rabbiin lakkoofsa baankii kiyyaa keessa akka ani investimentii godhuuf naaf kaahuu isaa osoo hin beekne salaataa ture. kanaaf amma wanti narraa eeggamu bu’aa fi badhaadhina guddaa namni kamiyyuu **aabjatu** argachuuf karaa gaarii bulchiinsa daldala kiyya kana ittiin hogganu baafachuu qaba.

Osoo akka carraa Rabbiin si beeksisee; gareewwan Mixii lama kan sukkaara xiqqoo wahii irratti wal-lolan argitee, gareen tokko garee isa kaan moo'achuuf tattaaffi isaanii kan akka duugda walii irra utaalanii qarriffaa isaanii xiqqiin miila keessaa wal ciniinanii wal cabsan, gareen lamaanuu kan wal miidhan osoo argitee, shakkii tokko malee lola waraana garee lamaan xixiqqoo tana jiddutti godhamuu laaluu fi kolfuu malee wanti gootuu hin jiru. Lolli kunis maal irratti? Sukkaara xiqqoo waan tokkoyyuu hin taane irratti.

Osoo salaata kee guuttee salaatte; salaata dhugamaan duniyaa tana irraa si fageessitee gara Rabbiititti ol si fuutuu osoo salaattee; ergasii gubbaa san irraa gara wanta sii gad duniyaa keessa jiruu kan yeroo muraasa booda salaata keetiif biraa deemte osoo ilaaltee; hanguma fedhes guddaa ta'uu si biratti xiqqaa ija duwwaan laalanii hin muldhannee ta'uu argita. Sukkaarri xiqqoon Mixiin irratti wal loltu sun qabeenya kee gadhee kana ta'uu hubatta. Mixiin dhamaatuun qabeenya gadhee kana fudhachuuf wal fixxu suni immoo si'ii fi ilma namaa ati diinummaan laaltuu fi isaanis diinummaan si laalan sani. Akkasuma si ajjeesanii ykn atis isaan ajjeeftee xumura irratti sukkara xiqqaa san fudhatta. Ykn si ajjeesanii sukkaara xiqqoo sanis fudhatu.

**Imala dirqama irraa gara mirgatti**

Eeti tariitii, salaanni amantaa keenya keessatti dirqamaan jalqabdi "ijoollee keessan waggaa torba yoo gahan salaatatti ajajaa; yoo waggaa kudhan gahan salaata akka salaataniif tumaa". *Ahmad ibni Umar ibni Shu'eeybi abbaa isaa irraa*

*odeesse.* Kanaaf “jidduu namaa Muslimaa fi kaafiraa wanti jiru salaata” *Muslimtuu Jaabir Ibni Abdillaah irraa odeesse.*

Garuu dirqamni kuni umrii ilma namaa itti aanu keessatti akkanatti itti hin fufu; mucaan xiqqaan guddatee haala salaataa fi barbaachisummaa bilbila sarara kallattii Rabbiin waliin qabu kana yoo irra deebi’ee beeke; hubannoon jecha dirqama jedhuu isa biratti hir’ataa dhufuun; suuta suutaan hubannoon jecha mirga jedhuu bakka qabachaa dhufa.

Ijoollee xixiqqoo osoo isaan didan akkamitti dawaa akka fudhataniif hangam akka dirqisiifnuu ni beeytaa mitii? Garuu suuta suutaan yeroo isaan ijoollummaa irraa gara nama guddaatti jijjiiramaa dhufan hubannoon isaan dawaaf qaban dirqama irraa gara mirgaatti geeddaramaa dhufa. Guutumaan guututti amma wanni inni beeku dawaa kana keessa wanta lubbuu isaa baraaruu fi fayyaa isaa isaaf deebisutu jira jedhee amana.

Mee mana guddaa baay’ee si jaalachiise wahii kireeffachuu barbaadda haa jennu. Bareedinni manaa, baldhinni isaa, bakka inni itti argamuu fi bareedinni teessowwanii fi meeshaa isaa yoo si jaalachiise, mana kana kireeffachuuf murteessitee kutattee, abbaa manaa waliin gatii kiraa irratti walii galuudhaaf marii eegaltee, abbaan mana kanaa gatii ajaa’ibaa kanaan yoo si rifachiise maal gootaa?“Gatiin kiraa mana kanaa guyyaa hunda yeroo shan herreega kiyya irratti fi ana biratti nyaata kee filatamaa nyaachuudha, kana olis ta’ee kana gadi sirraa hin barbaadu” yoo siin jedhe maal gootaa?

Kuni arjummaa akkamii? Moo arjummaa isinitti hin fakkaattuu? Kuni arjummaa Rabbiin dachee kana keessa akka jiraanuu nuuf kenneedha, toltuu addunyatti fayyadamnee, halaala isii nyaannee fi ijaarsa isii keessatti akka hirmaannuuf arjummaa Rabbiin nuuf kenneedha.

Kanaaf yeroo shan guyyaatti sa'atii itti waa nyaannu dhabuun keenna miidhaa mitii? Akkuma nyaata keennaaf yeroo kenninu salaata keennaaf yeroo kennuu dhabuun miidhaa mitii? Maliif yeroo hedduu nyaata garaa irratti qisaasessinee, nyaata lubbuu keennaf ta'uu kanaaf yeroo dhabna? Garuu mee kamtu irra nuuf barbaachisaadha?

Sila kana dura namni tokko badhaasa guddaa wahii argachuuf namni badhaasa kana kennu seera jalqabaa keessaa, kanaan dura badhaasa guddaa fudhachuu qaba kan jedhu dhageettanii beektuu? Badhaasni suni maali, gosa akkamiitii? Badhaasni suni salaata. Badhaasa kana lubbuun argatee hanga isaan gammadduu fi qananiituttiRabbiin biratti ati badhaasa guddaa argachuu hin dandeettu. Akkasuma badhaasa kana dirqama ykn ba'aa osoo hin taane mirga kiyya jettee hanga fudhattutti Rabbiin biratti ati badhaasa guddaa hin argattu.

Miira gammachuu akkamiittuu sitti dhagahama yoo ati salaata kee Allaahu akbar jettee jalqabdu. Akka waan malaa'ikaan badii tee hunda baattee waan akka damee gurguddaa lamaa fakkatu ceekuu kee lamaan irra keettee yeroo ati rukuu'aa fi sujuuda buutu badiin tee tuni sirraa harcaatee dhumti kanaaf sujuudaa fi rukuu'a kee dheerissi ykn gabaabsi.

Garbichi Rabbii yoo salaatatti seenu badii isaa hunda fidanii ceekuu isaa irra kaayan yeroo inni sujuuda bu'uu fi rukuu'a bu'u badiin isaa irraa harcaatee dhumti. (*Albaanitu Sirreesse Ibni Umar Irraa).*

"Muslimni tokko yoo wadda'atee wuduu'a isaa waliin gahee; salaata isaa keessatti waan jedhamu beeke; akka guyyaa haati isaa isa deetteetitti deebi'ee ka'a. (*Albaanitu Sirree, Uqbaa Ibni Aamir Irraa).*

Maaltu salphamatti mirga harka keenna keessaa gara dirqamaatti akka jijjiiramtu taasisee? Tariitii dirqama akkaan ulfaataa ta'ee fi yeroo gabaabaa keessatti nuti of irraa buusuuf ariiffannu ta'ee argame. Yaanni kuni kan nama raka'aa muraasa salaatuuf yeroo koo qisaasesse, balleessee fi kasaare jedhee yaaduuti.

Yeroo hundaa dirqamni mataa keenna keessatti waan ulfaataadhaan waliitti hidhamee jira. wanti ulfaataan lubbuu namaa irratti hedduu jabaata. Sababni isaas miira waa fudhatu malee miira waa kennu hin argitu. Akkasuma dirqamni boqonnaa namaa fi yeroo isaa fudhata, rakkoon asi irraa jalqaba, kanaaf namoonni tokko tokko salaata akka ba'aa fi ulfinaatti laaluun dafanii ceekuu isaanii irraa lafa kaayuu barbaadan.

"Salaataan nu boqachiisi mee yaa Bilaal" jedhaniin ergamaan Rabbii Bilaaliin(*Al iraaqii Bilaal ibni Rabaah irra kan odeessee)*

Kanaafuu gaafiin salaata salaatte moo hin salaannee kan jedhuu miti? Gaafiin kuni cimaa fi hedduu hamaa ta’uu waliin; gaafii ani salaata koo hunda booda of gaafachuu qabu, salaata koo kana irraa badhaasa naaf qophaahe fudhadhee jiraa? Isa jedhuudha. Yeroo isii salaatuu fi salaate ka'ees mii'aa isii argee jiraa? Dhugamattii ani firii salaata kiyya kana adduniyatti dhaandhamee jiraa? Firii isii kan aakiraaf ol kaawwadhe sanitti hoo gammadee jiraa?

Salaata kee irraa tikeettii tolaa kan imala gaarii addunyaa kana qofa osoo hin taane uumama hunda ittiin deemtee gara abbaa uumama kana hunda uumee ittiin geettuu taasisi.

## Daangaa Dirqamaa Fi Mirga Jidduu Jiru

Yeroo hedduu jiruu keenya keessatti dirqamaa fi mirga walitti makamuun daangaa isaa beekuun nama rakkisa. Dirqamni eessatti xumuramee? Mirgi eessaa eegalaa? Mirgi eessatti xumuramee dirqamni eegala?

Hajjiin dirqama, yaada, imala, baasii fi dadhabbii tariitii rakkina. Garuu tarkaanfii nuti goonu hunda, tola of keessaa qabduu yoo laalle, mataa keenna keessaa miirrii dirqamummaa hurkee dhuma. Miirri dirqamummaa kuni akka nu keessatti hin hafneef yeroo booda mirgatu mataa keenna keessatti bakka isaa qabataa dhufa,

Zakaa baasuun dirqama, carraaqqii fi baasiidha. Garuu fedhii keennaan tola isiin nuuf ooltu beeknee yoo kennine, nama tola itti oolle san yoo gammachiifne, tasgabbii fi nageenyi

qaama keenya hunda wal gaha. Sababni isaas waanRabbii keenya jaalachiifneefi, akkasuma namoota qarqaarsa barbaadaniif eeggumsa fi nagaha waan isaaniif gooneefi.

Soomni dirqama, beela, dheebuu, dadhabinaa fi obsa, garuu daqiiqaalee nuti soomanaan dabarsine hunda keessatti tola Rabbiin irraa argannutuu nutti dhagahama. Akkasuma sababa nuti waan Rabbiin itti nu ajaje qabannee fi waan inni irraa nu dhoorge irraa dhorgamneef mi’aa Rabbitti dhiyaachutuu nutti dhagahama, beellamni badhaasa Rabbiin nuuf qopheessee kalaahutuu nutti dhagahama. Kunis yeroon itti faxaruu dheebuu fi beelaa dheeraa booda kalaahuu osoo hin ta’in, injifannoo nuti lubbuu keenya fedhii isii irraa dhoorguu irratti arganne of keessatti qabata. Kunis miira gammachuu lakkoofsa baankii tola ooltummaa Rabbiin irraa argannu nuuf dabala.

Kuni garaagarummaa haraamaa fi halaalaati, Rabbiin waan tokko haraama yoo godhe miidhaa isaa irraa nu eeguuf malee haraama hin goone. Miidhaa sani beeknus beekuu baannus. Rabbiin Waan tokkotti yoo nu ajaje faayidaa fi bu’aa waan nuu buusu malee itti nu hin ajaju. Faayidaa kana beeknus beekuu baannus. Osoo xiqqoma wahiituu qaruutummaa qabaannee jecha gosa kamiinuu haraamaa fi halaala bakka bu’u fiduuf yaalle, miidhaa fi gaarii jedhuun bakka buusuu ni dandeenna.

Maaltuu mirgoota harka keenna jiran hunda salphamatti dirqamatti jijjiiree? Gara biraatiin immoo dirqamoonnii hundi

salphamatti gara mirgaati yoo jijjiiraman akkamitti nama gammachiisee namatti tolaa?

Mee haa jennuutii osoo dhaabbata wahii irraa badhaasa mallaqaa guddaa wahii argattee, badhaasa kee kana fudhachuudhaaf yoo gara biyya saniitti si yaaman; yeroo kee ifaajee kee aarsaa gootee, rakkoolee karaa irratti si mudatan hunda injifattee gammachuu fi mirqaana guddaadhaan gara biyya sanii deemuuf hin kaatuu? Kanaafuu badhaasni salaata ifaajee kana oli sirraa hin barbaaduu? Enumaayyuu kana caalaa? Badhaasa addunyaa hanguma fedhes haa guddatuu badhaasa salaataatiin osoo wal bira qabne meeti?

Akkamitti mi'aa firii mukaa beekuu dandeetta osoo harka kee gara mukaatti diriirsitee hin muratin. Akkamitti hirriba gaarii rafuuf hawwita osoo bakka hirriba keetii hin mijeessin, qajeelchitee afata gahaadhaan osoo firaashaa kee hin afatinii fi qilleensa gaarii hirribaaf ta'u osoo hin mijeessin, akkasuma kutaa sagalee fi ifani hedduu keessa hin jirree yoo hin ta'iin akkamittii hirriba mi'aawaa rafuu dandeettaa? Warri akkana jedhee dhugaa dubbate, dhugaadha allaattiwwaniif Rabbiituu hiree isaanii hira, garuu allaattiiwwan gara hiree sanii balali'anii mi'aa hiree kana nyaachuutiin mirqaanu qabu.

## Mi'aa Salaataaf Dammaquu

Xiqqaa ta'ee salaata obborootiif (subhii) walakka halkaniitti ka'a, yeroo sani akkas natti fakkaataa. Yeroo sanitti maaliif halkan keessaa yeroo kanatti salaanni ta'ee jedhee mataa fi lubbuu kiyya gaafadha.  Jalqaba irratti Rabbiin akka guyyatti

salaata shan salaannu dirqama godhe; salaata obboroo kana maaliif yeroo kanatti godhee? Maaliif yeroo hirriba gaarii itti jedhamu keessaa kaanee akka isaa salaannu nurraa barbaadaa? Maaliif salaata kana ganama keessaa saa'atii tokkotti ykn lamatti enumaayyuu afuritti maaliif hin salaannee? Salaannii yeroo kamittuu salaataa mitii? Wanti salaata ganamaa keessatti salaanuu waanuma salaata guyyaa keessatti salaannuu mitii?

Yoo salaannii hariiroo nuti Rabbiin waliin qabnu cimsuu fi sheeyxaana nurraa ari'uuf kan ta'u taate, sheeyxaana kamtuu yeroo sanatti hirriba keessatti gahee qabaa? Maaliif yeroo nuti hirriba keessa jirrutti hariiroo Rabbiin waliin qabnu ni bada, haada sheeyxnaa keessa seenna jennee shakkinaa? Yeroo rafnu sanitti yaada tokkoohuu hin qabnu waanuma tokko waliinuu hariiroo uumuu hin dandeennu, akkasuma cubbuu ta'ee keeyrii uumuu hin dandeennu?

Gaafiileen armaan olitti tarreessine kunniin namoota gurguddaa biras ni jira jedhee yaada. Garuu namoonni gurguddaan salaanni dalagaa hariiroo Rabbiin waliin dabareedhaan godhamu qofa osoo hin taane sagantaa jiruu baldhaa akka ta'e dafanii hubachuu ni danda'u.

Namni salaata obborootiif dammaqee gara masjiidaa deemee, ergasii booda osoo aduun hin bahiin masjiidaa bahee gara dalagaa ofii deeme qofatuu maalummaa ganamfachuu beeka. Maalummaa qilleensa obboroo qulqulluu fi tasgabbii ganamaa akkasuma ganama bareedaa kana keessa Rabbitti dhiyaachuu isa qofatuu beeka. Kunis kan ta'u yeroo salaata

obboroo qofaa miti, salaata dura, yeroo salaataa fi salaata boodas of keessatti hammata.

Namni salaata obboroo salaatu, jiruu haarawaa erga refee ka'ee ija isaatiin arga. Yeroo guyyaan halkan ifa isaatiin dukkana irraa mulqu ni daawwata. Sararaawwan jalqabaa kan fajrii gadaamessa halkanii, samii, dachii mukaa, abaaboo, fi kkf ija isaa durattii dhalataa dhufan. Kunis hubannoo jiruu fi jireenyaa bifa gaariidhaan akka isa biratti uumamu taasisa. Kanaaf namni kuni argisiisa Rabbiin guddaan guyyaa jalqabaa uumu akkam akka ta'e daawwata.

Dandeettii Rabbiiakkamitti guyyaa halkan keessa akka seensisuu fi jalqaba jiruu guyyaa akkamitti akka gara hidda uumawwaniitti facaatu dawwaata. Namni yeroo addaa kana daawwatu mataa fi yaanni isaa gara kennaa fi oomishaatti banamaa deema. Kanaafuu nama kanaaf akka waan jiruun haarofnii fi walabaa isaa kennamteetti, humna dabalataa, bilchaataa, mirqaanaa, qabeenya, oomishaa fi waa uumuu danda'uu isa keessatti uuma.

Iccitii uumama kanaa beekuu kan dandeettu ija haarawa obboroon sii kennituuni. Wantoota yeroo biraa guyyaa keessatti arguu hin dandeenye obboroo beekuu ni dandeetta.

Namni jalqaba ganama ka'ee yeroo kanatti waa dalaguuf yaalii godhe saa'atiin lama ykn sadi akkamitti dalagaa guyyaa guutuu fi saa'atii dheeraa dalaganiin akka wal-gitu salphamatti hubachuu ni danda'a. saa'atii kana argachuu wanti si dhoorgu

sheeyxaana hirriba keetiiti. Yoo guyya jalqabaa sheeyxaana kana wal-dhaansoo cimaa gootee injifatte, ergasii guyyaa lammaffaa fi guyyoota walitti aanan hedduu yoo jabeessitee qabattee, salaata obboroo salaatuun akkuma sooma guyyaa jalqabaa cimaa ta'u isaa wajjiin waadaa seentee soomtutti salaatas waadaa seentee salaatta. Yoo akkas gootee itti fufte jiruu kee keessatti aadaa baratamaa fi sagantaa miidhagaa jireenya kee keessatti dhiisuu hin dandeenne kan guyya guyyaadhaan dalagdu ta'ee argama.

Ganama obboroo yoo ati firaasha kee irraa ol kaatee ija banattu, sheeyxaanni sitti dhufee mataa kee gara boraatiitti gadi harkisee akkana siin jedha: ija kee cufadhuu hirriba keetitti deebi'ii yaa gooftaa koo! Ganama obboroo kanaan Yeroo mi'aawaa kana of irra hin dabarsin, yeroon kuni kan boqonnaa itti godhanii fi diddiriirfatanii hirriba cimaa itti rafaniidha, hayyee rafi maaltuu si jarjarsaa?

Kuni haasawa sheeyxaanaa baratamaa fi irra deddeebi'amaadha, akkamitti gowwomsa isaa kanaa fi qirqirsa isaa kana injifachuu dandeettaa? Dubbii kana hadiisni Rasuula Rabbii (S A W) ibsa sii godhee; dhara sheeyxaanaa kana akka bira tartuuf si qarqaaruuf yaala. "Namni tokko yoo rafu sheeyxaanni mataa isaa gara duubaatiin hidhaa sadi itti hidha, hidhaa hunda bakka isaatti irratti mallatteessee, jechuun chaappaa ofiitiin dhahee, akkana jedhaan: halkan dheeraa qabdaa rafi, namichi dammaqee yoo Rabbiin faarse, hidhaan tokko ni hiikkatti, yoo wadda'ate hidhaan lammaffaa ni hiikkatti, yoo salaate hidhaan isaa hunduu hiikkattee nama

mirqaanaa fi lubbuu gaarii horata, yoo salaataaf hin ka'iin nama ceephaa fi lubbuu badduu horata" (*Bukaariituu, Abu Hureeraa Irraa Odeessaa*).

Sila kanaan dura fuula nama galgala yeroon rafee ganama salaata obborootiif ka'ee salaatuu laaltanii beektuu? Ykn fuula namoota turanii rafanii ganama salaanni obboroo jala taruutiin wal-bira qabdanii madaaltanii beektuu? Yoo akkas gootan taate icciitii uumaa ajaa'ibaa maqaan isi *NAMA* jedhu kana hubattanii jirtu. Tolchaan uumaa kanaa seera ajaa'ibaa akkana jedhu lafa kaaye "yeroon filatamaan uumaa kana dalagsiisuun danda'amu hirriba booda osoo aduun hin bahini, erga aduun baatee miti. Diizaayiniin kuni mala Rabbiin isa akkana godheef beekuu fi beekuu dhabnus bifa kanaan dhufe, maaltuu beeka iccii uumaa namummaa kana? Wanti beekkamee fi hin beekkaminisRabbii isa uume caala namani beeku hin jiru.

﴿ أَلَا يَعۡلَمُ مَنۡ خَلَقَ وَهُوَ ٱللَّطِيفُ ٱلۡخَبِيرُ ﴿١٤﴾ ﴾ الملك: ١٤

*Rabbiin uumaa ofii hin beekuu, Rabbiin dhimma xiqqoo hundaahuu beekaadha (al-mulk 14).*

Ifnana barii jalqaba irraa uumaan jiruu bareedaa fi ifa galaa naannoo keenya jiru akkuma Rabbiin isii fi nus uumee nu saganteessetti nuuf kennite. Kunis kan ta'eefi akka raftuuf osoo hin taane akka kaatee, dalgdee, oomishitee fi dachee tana ijaartuufi.

Qananii Rabbiin siif kenne kana gatii isii gadi hin buusin. Dandeettii Rabbiin siif kenne uumama isaa fi wantoota

naannoo kee jiru hunda siif laaffise kana hin balleessin. Kunis guyyaa kee akka bifa haarawaan eegaltuuf si qarqaara. Abaaboo yeroo aduun dhiitu mataa ofii cufattee ganama yeroo aduun baatuu banattu argitee hin beeytuu? Akkasuma allaattiiwwan ganama obboroo waaqa keessa barartee hiree isii barbaadachuuf deemtu hin arginee? Akkasuma Sa'a, Hoolaa, Re'ee, Lukkuu fi bineensota Rabbiin dachee tana irratti uume hundaa yoo laaltan ganama barii mirqaanaan lafaa ka'anii dabaree jiruu haarawa eegalan.

Kanaaf osoo baaburri deebi'ee hin dhufne si jalaa hin tarin jiruu dhaqqabiitii firii isii kutadhu.

## Mi'aa Salaata Irratti Obsuu

Yeroo dalagaa ykn bakka haajaa wahii deemuuf konkolaataa keenna konkolaachifnu, yaadni keenya hedduun saffisa eeyyamamuunis ta'ee saffisa hin eeyyamamneen bakka deemuuf barbaannu san dafnee gahuu qabna. Kunis karaa moodeela dirqamni mataa keenna keessatti walitti bu'uu fi miirri keenna diigamuudha.

Osoo oofinsa konkolaataa keenna mirga ittiin gammannu goonee, saa'atii qusannee, yoo irratti obsine hin danda'amuu? Akka konkolaataa keenya bifa giddu galeessa ta'een konkolaachifnuu fi yeroo gahaa argannuuf ganama obboroodhaan osoo baanee hin wayyuu? Bifa kanaan taanaan karaalee naannoo keenya jiran hunda daawwachuuf carraa gahaa arganna. Wantoota imala biraa keessattii hin beekinii fi hin argin beekuu fi arguu dandeenna. Fageenya nuuf hafee fi yaada yeroo

meeqatu nurra tare jedhuun miira keenna miidhuu jalaa baanee mi'aa konkolaataa keenya konkolaachisuutiin akka gammannu akkasuma mi'aa wantoota naannoo keenyaa xiinxalluutiin akka booharru gochuu hin dandeenyuu?

Imala kee kana bifa gaariidhaan akka ta'uu fi itti gammaddutti akkasuma namni si wajjiin jiru akka gammaduuf jecha saa'atii dabalataa hin ramadduufi? Dhugamaan mi'aan sii fi nama si wajjiin jiruttis dhagahama, akka dirqamaatti hin laaltu, maarree (hayyee) salaata kee wajjiinis akkas godhi.

Dubbiin kuni salaata bifa barbaadamuun akka salaattuuf; saa'atii kee waliin walii galtee gabaabduu obsa irratti si qarqaartu akka gootu qofa si gaafata. Kunis Obsa salaata kana salaatuuf gootu kanayyuu akka qananii fi mi'aatti akka fudhattuufis si qarqaara. Kanaan dura mi'aa sooma irratti obsuu, mi'aa rakkoon hanga hiikkamutti obsuu, mi'aa dhukkuba irraa hanga fayyituttii obsuu, mi'aa hanga barnoota xumurtuuf obsuu fi gara galma sagantaan keessatti adeemsifamu seenuuf tikeettii isaa hanga argattuuf mi'aa obsa isaa yaaltee hin beektuu?

Sila kanaan dura lubbuu kee waan silaa argachuu dandeettuu irraa adabdee mi'aa obsaa argattee beektaa? Sila kanaan dura dandeettii karameellaa bitachuu osoo qabduu, uffataa haarawa bitachuu osoo dandeettuu fi konkolaataa haarawa bitachuu osoo dandeettuu, hamilee namoota si wajjiin jiranii wantoota kanniin bitachuu hin dandeennee eeguuf ykn waadaa seente wahii gootuuf ykn ofuma gadi qabuuf jecha wantoota kanniin osoo godhuu dandeettuu godhuu dhiiftee beektaa? Mi'aa obsaa jechuun kana, kuni dhimma salaataati.

﴿ وَأۡمُرۡ أَهۡلَكَ بِٱلصَّلَوٰةِ وَٱصۡطَبِرۡ عَلَيۡهَاۖ ﴾ طه: ١٣٢

*Warra kee salaatatti ajajii isa irratti obsi (xaahaa: 132)*

Ati salaata irratti obsuu jechuun siif qormaata, gara jabeenna fi adabbii Rabbi bira sitti dhufe jechuu miti. Salaata irratti obsuu jechuun fakkenyi isaa akkuma fakkeenya mi'aa fi gammachuu wantoota nuuf fidan argachuuf obsuuti. Gatiin isaa cimaa fi obsi dabalataa kan dhufu akkuma mi'aa fi gammachuun guddaa ta'uun. Mi'aa fi gammachuun Rabbiin ful-dura dhaabachuu caalu ni jiraa? Rakkoo qolomata fi mataa kee irraa jiru, akkasuma waan si yaachisu hunda Rabbii kee waliin maqoo ta'uu wanti caalu ni jiraa? Erga maqoo wal gahii bareedaa kana geessitee baatee booda badii kee irraa qulqullooftee akka waan haarawa dhalatteetti deebita.

## Salaanni Mana Barumsa Obsaati

Aadaa warra dhihaa keessatti, barbaachisummaa obsaa irraa dubbachuu dhabuun hedduu ni dinqisiisa. Warri dhihaa wantoota jiruu fi bu'uura ilma namaaf barbaachisan yeroo haasawan waa'ee obsaa hedduu kan haasawan hin argine. Namoonni isaanii, qajeelatti waa'ee obsaa ana caala dubbisan ragaa isaan irratti bahu. Gootumma, kennaa, kutannaa, dalagaa, arjummaa, namusa, wal qarqaaruu, qulqullummaa, jaalala, haqummaa, wal-qixxummaa, bilisummaa, dimokraasii, of gadi qabuu, namoota rakkatanii fi qarqaarsa barbaadan qarqaaruu fi wantoota kana fakkaatan irraa hedduu haasawanii turan. Kanuma wajjiinuu wanti nama ajaa'ibsiisu damee obsaa kana irraa hin dubbanne. Garuu gara biraatiin Qur'aana kabajamaa keessatti jecha obsa jedhuu fi jechoonni isaa irraa maddan irra

deebi’ee yoo laakkawu jecha 103 gadi hin taane arge. Kuni kan Hadiisa ulfaataa keessatti yeroo dhibbaa ol irra deebi’amee dubbatameen ala.

Yoo dubbii kana dubbadhu wanti nama ajaa’ibsiisu qaroomni warra dhihaa abuurraa fi wantoota haarawa argachuudhaan addunyaa kana kan dhuunfataniidha. Hundi keennayyuu akkuma beeynu obsi meesha namni waa abuuruu fi waan haarawa argachuuf deemu horachuu qabuudha. Namni waan haarawa argachuuf dalagu halkanii fi guyyaa hirriba tokko malee mana qorannoo isaa keessa bulee, yaaliiwwan isaa asii fi achi qabee waan haarawa beekuudhaaf tattaafata. Akkasuma wanta namoonni hedduun dadhaban argachuuf baay’ee ifaaja. Wanti akkanaa kuni yaalii walitti dhaabbataa fi obsa gaarii malee argamuun ni danda’amaa?

Warroonni addunyaa kana wantoota haarawa saayinsaawaa ta’e kana argamsiisanii fi addunyaa kana too’achuu danda’an; yaadni isaa afaanii fi lafti inni irra jiraatu yaaliin walitti fufaa, wal-qabataa fi obsi isaan qaban haala namummaa isaanii keessatti wanta bu’uuraa fi raggaasifamaa waan ta’eefi. Tariitii aadaawwan bu’uura jiruu namaa yoo dubbatan sababa kanaaf obsa waan dhiisan fakkaata.

Ibaadaalee Islaamumaa keessaa hedduu barbaachisoo ta’an sadi fudhattee yoo laalte kan akka salaataa, soomaa fi hajjii hundi isaaniitu akka waan mana barumsaa ilmi namaa keessatti leenjii obsaa fudhatee haa eebbifamuuf qopheeffamee fakkaata. Tariitii akkana jettee gaafii of gaafachuun ni mala soomaa fi

hajjiin ifatti kan mul'atu obsa barbaadan, garuu kan salaataa kuni akkamii?

Mee ati dhaabbata leenjii obsa nama barsiisuu fi leenjisu wahiitti galmoofte haa jennuu, leenjii kana keessatti sagantaa akkamii waan siif kennan sitti fakkaataa?

salaanni nama of gadi qabuudhaan salaate malee salaata hin taatu. namni salaatu kamiyyuu waan yeroo salaatu jedhu beekuu qaba. Akkuma ergamaan keenya (S A W) jedhanitti of gadi qabuun kuni obsa malee argamuu ni danda'a?

Maaltu daldala moofaa fi salphaa kan bu'aan isaa xiqqaa ta'e kana daldala. Salaata kee keessatti kan Rabbiin qulqulleessituu fi guddiftu ta'us garuu waan saffisaan qaraatuuf salaata kana keessatti waan qaraate yoo hin beeyne maal faayidaa qaba. Gara biraatiin immoo daldala bu'aan isaa guddaa fi hedduu akkasuma yoo salaata kee xumurte dalagaan biraas kan balbala irratti si eegan, salaata kee keessattii jecha tokko tokkoon waan salaata keessatti qar'amu yoo qaraatee fi jechoota xiinxalamuu qaban yoo xiinxallite akkasuma waan jettuu hundaa kan beeytuu yoo taate daldalli akkanatti bu'aa qabu hin jiru.

Dalagaa akkanatti wal wal-xaxe kana jidduutti jecha gaalee ta'ee kan akka (الله أكبر) Rabbi guddate yoo jettuu fi ergasii immoo sammuu kee keessatti Rabbi maal irraa guddatee? Maal irraa guddatee? Jettee yoo xiinxallite, dalagaa obsaa fi inummayyuu obsaa guddaa barbaaduudha.

Dalagaa akkanatti wal-xaxe kana keessatti (بسم الله) maqaa Rabbiitiin jalqaba (الرحمن) tola oolaa (الرحيم) akkaan namaaf mararfataa jedhu yeroo qaraatu harkisuu fi dheeressuun akkuma nabiyyiin Rabbii (S A W) dheeresetti dheeressuu qabda, hiikka fi ergaa jechoota kanneenii tokko tokkoon hubachuun obsa guddaa akka barbaadu hubatta.

Dalagaa akkanatti wal-xaxe kana keessatti jecha (التحيات لله) kabajaan rabbumaafi (والصلوات) salaannis Rabbumaafi (والطيبات) gaggaariinis kan Rabbiiti jedhu qaraatee yoo xiinxallite, akka waan xinxallaa kee hunda boodaan Rabbiin wal argitutti sitti mul'ata. Ergasii xinxallaa kee nabiyyii Rabbii irratti salaama erga buuftee booda deebii nagaha keeti nabiyyii irraa eeggachuu kee akkasuma mindaa gabroota gaarii irratti nagaha buusuu keetii eeggachuu keeti. wantoonni kunniin hunduu obsa guddaa barbaada.

Dalagaa akkanatti wal-xaxe kana keessatti, sochii irraa gara sochiitti, qaraatii irraa gara qaraatiitti, keeyyatya irraa gara keeyyatatti, tokko tokkoon waan qaraatuu kana dhugummaa, jabinaa fi kabajaa kenniteefi akka Rabbiin biratti fudhatama qabaatan taasisuun akkuma gara fuul duraatti ibsuuf deemnutti obsa guddaa barbaada.

Wanti akka mana barumsa obsaa,.Milkii jiruutiif sababa ta'u ni jiraa? Wanti akka mana barumsa salaataa obsa barachuuf nama qarqaaru ni jiraa?

Yoo rakkkoon wahii si mudattee; qananii isii irratti obsitee of tuuluu fi of jajuun yoo si fudhachuu baattee diinii fi duniyaa kee keessattis isumatu sii caala.

Toltuu wahii dalaguuf yaaddee rakkoo fi baasii isaa irratti yoo obsite, dadhabbii fi rincicini yoo si fudhachuu baate diinii fi duuniyaa kee keessatti isatu sii caala.

Yoo sheeyxaanni badii wahii keessa si galchuuf yaalee si qirqirse, dagee fi gowwoomsa isaatiif yoo harka keennuu baattee obsite, diinii fi duuniyaa kee keessatti santu sii caala.

Dalagaa wahii ykn qormaata darbuu yoo dadhabde garuu obsitee irra deebitee wal-dhaansoon yaalii yoo goote, diinii fi duuniyaa kee keessatti isatu sii caala.

Yoo namni wahii si aarsee si guggubee, garuu ati obsitee aarii kee liqimsitee, nama si aarse kanaaf araarama barbaaddee, diinii fi duuniyaa kee keessatti isatu sii caala.

Mee xumura irratti isin haa gaafadhu, addunyama kana irra dalagaan ilma namaa fayyadu ta’ee kan obsa hin gaafanne ni jiraa? Manneen barumsa obsa itti barannu keessaa kan akka mana barumsa Rabbiin gabbaruu ni jira? adda dureedhaan kan akka mana barumsa salaataa.

Nabiyyiin Rabbii (S A W) akkana jedhan: “wanti ummata kana keessaa jalqaba badu Rabbumaaf jedhanii of gad qabuudha, akka waan of gadi qabuun salaata keenna keessaa

yeroo fuudhamu obsiis waliin fuudhamuuti, yoo obsi fuudhame qaroomni ummata kaanaas waliin fuudhama.”

Rabbiin ol aane hariiroo dachee keessatti badhaadhina namaa fidu fi Rabbiif jecha of gadi qabuun waaqaan walitti nama kan hidhu ta’uu Qur’aana isaa keessatti mirkaneessee jira. salaata kee hunda booda hangam lubbuu kee obsaan akka guutte mataa kee gaafadhu. Rabbiin akkana jedha:

﴿ قَدۡ أَفۡلَحَ ٱلۡمُؤۡمِنُونَ ۝١ ٱلَّذِينَ هُمۡ فِي صَلَاتِهِمۡ خَٰشِعُونَ ۝٢ ﴾ المؤمنون: ١ - ٢

*Mu’iminoonni milkaawaan, isaannan salaata isaanii keessatti of gadi qabani.*

**Maaliif Salaannaa?**

Maaliif Salaannaa? Obsa horachuu qofaafii?

Guyyaa maraa Sochii aja’ibaa kana godhuudhaa fi jechootuma kanaan dura yeroo dhibba jenne irra deebinee jechuun maaliif saa’atii lamaa hanga tokkoo balleessinaa? Maaliif saa’atii kana nama qarqaaruuf ykn dalagaa tola ooluu fi dalagaa namummaa biraa kan nama fayyaduu danda’u hin dalagnee? Osoo salaanni jiraachuu baattee maal goonaa?

Mee haa jennuuti osoo tasa sararri moobayiliin adduunyaa kanaa hundi dhaabbattee, bilbilli sararaa fi sararaan alaas addaan citee dalagaan warroota hawaa dalaganii fi warra lafaa addaan citee, akkasuma toorri interneetiis dhaabbatee osoo argitee addunyaan tuni waan maal taatu sitti fakkaataa? Akkasuma daandiin lafaa samii fi bishaanii osoo addaan citee maaltu waan uumamu sitti fakkaata? Tasgabbii dhabuu,

hamileen namaa tuqamuu, diigama qabeenyaa, hawaasumaa, siyaasaa, aadaa fi qaroomina akkamiituu uumama laataa?

Kuni gahee salaanni nuu fi Rabbiin jidduu jiru ittiin dhaabattuudha. Guyyama tokko isii irraa duroomuu ni dandeenyaa? Osoo sararri nuu fi Rabbiin walitti hidhu kuni citee maaltu uumama? Kanaaf dirqamaan sarara ajaa’ibaa nuu fi Rabbiin walitti hidhu kana kan Rabbiin nu badhaase deebifnee argachuu qabna.

Meeshaa Akaakuu gaarii fi ijaarsa Rabbiin salaata ittiin ijaare san kan caaluu argachuu ni dandeenyaa? Salaanni tuni adeemsa salphaa kan taatee miti, ijaarsa daaquu (dabuu) miti, jechoonni isii filtamtuu fi sirrii, sochiilee bareedduu fi akkaan ibsituu taate kan of keessaa qabduudha.

## Salaanni Deebiftee Nu Sagantteessiti

Guyyaa irraa hanga waggaatti akkuma danbaliin bishaanii dhagaa qarqara bishaaniitti argamu bocutti jiruunis yeroo, irra deebi’insaa fi waan baratamaa hunda of keessatti qabachuudhaan nu bocci,bocni danbaliin dhagaa keessatti godhe sun gahee salaanni madaalama jiruu, dandeettii fi qulqullummaan lubbuu keenya keessatti boceedha.

Kanaaf saa’atii irraa gara guyyaatti, guyyaa irraa gara waggaatti; jiruun tuni dambalii isii wal-hordoftuu tanaan akka ofii barbaaddutti nu sagantteessuu barbaaddi. Kunis osoo nu yeroo waliin jijjiiramuu keenya hin beekinii fi xumura irratti uumama jalqabaa fi sagantaa Rabbiin nuu kaaye irraa fagaachuu

keenya osoo hin beeyne ta’a. filaashiin qulqulluun vaayrasii tokko of keessaa hin qabne kuni kallatti sagantaa jiruu jalqaba waaqaa irraa jijjiiruu ni danda’a.

Akka uffanni mooftutti iimaanni onnee tokkoo keessanii keessatti moofa, Rabbiin qalbii ykn onnee keessan keessatti akka iimana haaromsu kadhadha.

Galata Rabbiin nu qofaaf, ummatoota fi amantaalee biraatii hin oolin oole keessaa; hanga ammaatti sagantaa jalqaba jiruu iimanaa filaashii qulqulluun sun osoo hin jijjiiramin qabaachuu keenya. Kanaaf salphamatti itti deebinee lubbuu keenya saganteessuu, wanta bade deebifnee suphuu fi vaayrasiis ta’e dhukkuba filaashii keenna tuqe kana qulqulleessuu ni dandeenna.

Sagantaan Qur’aana ulfaataan akkuma Rabbi biraa bu’ettii osoo hin jijjiiramin, hin geeddaramin, itti hin dabalaminii fi osoo irraa hin hir’ifamin eeggamuu isaati. Akkasuma sagantaa salaataa kallattiin burqaalee adda addaa irraa jechaa fi dalagaanis osoo hin jijjiiramin ergamaa Rabbii irraa kan dhufeedha. Ergamaan Rabbii kabajamaan (SAW) dubbii kana dhugummaa isaa jechoota afuriin nuuf ibsanii turan.

Akkuma anaa salaatu argitanitti salaataa. *Albaanitu sirreesse.*

Tarii osoo salaannii tuni hin jiraannee daarektara guuddaa jiruu keenya sirreessuu fi addunyaa fi hawaa keenya tartiibessuun wanta walitti nu hidhu kan biraa uumuu ni dandeenyaa? Meeshaaleen wal-qunnamtii ilmi namaa uumu

kuni hangami? gosa akkamiiti jettanii yaaddu laata? Hedduu hin dadhabinaa namoonni biroo dhimma kana yaalanii turani.

Osoo *toowuraatii fi injiilii* amma harka keenya keessa jiru kana keessa barbaaddanii salaata Muusaas ta'ee salaata Iisaa nageenyi isaan irratti haa jiraatu, akka namoonni isaan hordofan karaa isaanii qabataniif bifa salaata isaanii baldhinaan hin argitani. Kanaaf carraan hordoftoota isaanii bira jiru salaata amma isin argitan kana uumachuu danda'anii jiru. Kanas akaakayyuu fi abboota isaanii irraa dhaalaan dhalootaaf dabarsanii jiru.

Garuu namni salaata isaanii kana salaatu maal dhabaa? Dubbiin waan inni dhabuu olii? Shakkii tokko malee mi'aa namni Muslimaa salaata isaa keessatti argatu dhaba. Dhugamatti mi'aan kamiyyuu mi'aa salaata salaatuu kan caalu hin jiru. Mi'aan kuni miira gammachuu salaata nabiyyiin isaa akkuma Rabbii isaa irraa fudheen salaatuuti.

*Toowraatiinis* ta'ee *injiiliin* keessatti wanti salaata nabiyyoota kabajamoo kanniinii ibsu hin jiru, kanaaf hordoftoonni isaanii salaata kana qabatanii salaatuu hin dandanne. Fakkeenyaaf Injiiliin keessatti waa'ee salaataa ilaalchisee wanti jiru; barataan Iisaa *(nageenyi isa irratti haa jiraatuu*) tokko akkana jedhee gaafate: akkuma yoohaannaan barattoota isaa salaata barsiise atis akkamitti akka salaannu nu barsiisi. Yuusa'a akkana jedheen yoo salaattan akkana jedhaa … jedheenii du'aa'ii jechoota 35 of keessaa qabduu jara barsiise.

Akka injiili luuqaan gabaasetti, akka gabaasa injiil mattaatti jechoota 42*: (mataa: 6:9-12, luuqaa: 11:2-4)*

Dubbiin kuni sooma waliinis akkanuma namni hunduu akkuma isaaf toletti seera soomaa, hundee isaa, wanta dhoorgamu, wanta hayyamamu, yeroo soomaa fi hangam akka soomamu ofumaa murteeffata. Kunis yeroo irraa gara yerootti fi biyya irra gara biyyaatti garaagarummaa qaba.

Yeroo hedduu Muslimtoota biratti namoonii salaataaf jedhanii wantoota xixiqqoo irratti kan wal dhaban arga; fakeenyaaf yeroo Allaahu akbar jennu hunda harka keenya ol fuudhuu qabna moo yeroo salaata hidhannu qofaa? Harka keenya eessa kenna? Jechuun yeroo dhaabannu eessaa kaayanna, xiqqoo handhuura oli, handhuura irra ykn handhuura gadii? Wantoota kanaaa fi kana fakkaatu irratti wal mormanii wal dhabu.

Ani garuu dhugaa dubbachuudhaaf gammachuu guddaatu natti dhagahama, akkamitti bifti salaanni tuni osoo hin hir’atin guutuu fi ifaan ergamaa keenya jaalatamaa irraa nu geettee, ragaalee hedduu sahaabota ergamaa Rabbii irraa raggaasifamtee wantoota xixxiqqoo ibsuu kana keessatti hanga wal dhaban bifa geettuun nu bira geette. Kana ta’uun ana hedduu na gammachiisa. Murtiileen amantii Islaamaa hundi isaanii sama’aa irra gara ergamaa Rabbiitti buufamte. Salaanni garuu Rabbiin nabiyyii isaa of biratti ol fuudhee koppii salaataa akkuma jiruutti itti kenne, ergamaan Rabbiin irraa fudhatee badhaasa kanaan Muslimtootaaf gara dachiitti deebi’een.

Badhaasa akkamii yoo ta’uu nuti ittiin gammannee, isaa ibsuu keessatti karaalee fi burqaaleen isa odeessan heddummaatuu irraa kan ka’e wantoota xixiqqoo irratti akka wal dhaban taasisee? Nabiyyii akkam amanamaa ta’etuu salaata kana akkuma Rabbii isaa irraa fudhetti nu biraan gahee? Kallattiin Rabbii isaa irraa fudhee wantoonni xixiqqoon osoo hin hafin ibsa nuuf godhee, kunis seenaa ilma namaa keessatti karaa amaanaa ittiin dabarsan keessaa isa ol’aaanaadha. Amaanaan tuni hawaa kana hunda hulluqxee bakka Rabbiin jiru irraa kan nuuf dhufteedha.

Bifti salaanni ergamaan Rabbii guyyaa gara sama’iitti bahe fudhatee dhufe guutuun ibsa isii wajjiin nu harka jiraachuun gatii maal akka qabu ni hubattuu? Tartiiba isii hunda keessatti fi yeroo tokko tokko wanta xixiqqoo isii keessa jiruu salaata har’a Muslimtoonni salaataniin wal fakkachuun isii hangam akka gatii qabu beektuu?

Garaagarummaa miira nama salaata isaa keessatti waan jedhu beekuu, sochiilee isaa hunda hubatuu, yeroo salaataa eeggatuu, qophiilee fi tartiibota salaata duraa, waan salaata keessaa fi salaata boodatti godhamu hundaa, Rabbiin irraa ergamaan amanamaan amaanaa fi of eeggannoo cimaan nuuf dabarsee fi miira nama biraa kan salaatni isaa ilmi namaa akka isaa kaayeef, salaatu tattaaffii mataa isaa xiqqoo tanaan hariiroo namaa fi Rabbiin jidduu jiru cimsuuf kaayee salaatuun wal-qixaa? Garaagarummaa isaa hubachuu dandeettaa?

Guddina mi’aa namni Muslimaa salaata isaa yeroo salaatu argatuu fi miiraa tasgabbii, nagahaa fi ofitti amanamumaa argatu hubachuu dandeettuu? Akkasuma namni salaatu sagaleen isaa meeshaa Rabbiin boca isaa tolchee uume nama badhaase kan hin dogoggore kanaan yoo Rabbii ofiitti bilbilu miira akkamii akka horatu hubachuu dandeettaa? Namni salaatu fuula Rabbitti deebi’ee, qophaayee, jalqabee, qara’ee, sochii barbaachisu hunda godhee yoo salaata isaa xumure maaltu akka itti dhagahamu beektaa?

Wanti kana hunda caalu barbaachisummaa sunnaan amantaa Islaamaa keessa jiraachuu maal akka ta’e hubachuu dandeettaa? Sunnaan wantoota jiruu keenya keessatti nu barbaachisan hunda kan jiruu ergamaa Rabbii (S A W) ibsuutiin nuuf guuttuudha.

Bu’aa sunnaa namni beekuu danda’u, nama sunnaan amantaa biraa keessa akka hin jirre hubateedha. Wanta hedduu na ajaa’ibsiisuu fi hedduu nama mararu keessaa warroota osoo hin beeyne amantaa birootiin hubamanii, Muslimtoonni Qur’aana waan qabaniif sunnaan isaan hin barbaachisu jedhanii lallabaniidha.

Qabeenya akkamii, karaa akkam tasgabbaahaa fi qulqulluu kana irraa Isalamummaa qullaa gochuu barbaadanii? Akkaa waan Rabbiin ol’aanee Qur’aana isaa keessatti barbaachisummaa sunnaa hin dubbatiniitti haasawu. Akka waan isii hordofuu fi isii qabachuu, akkasumaa ergamaa isaa duuka bu’uutti nu hin ajajiniiti. Rabbiin Qur’aana isaa keessatti akkana jedhe:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَمَآ ءَاتَىٰكُمُ ٱلرَّسُولُ فَخُذُوهُ وَمَا نَهَىٰكُمْ عَنْهُ فَٱنتَهُوا۟ ﴾ الحشر: ٧

*Waan ergamaan Rabbii itti isin ajaje qabadhaa waan inni irraa isin dhoorge irraa dhoorgamaa.(Al-hashri: 7)*

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَأَطِيعُوا۟ ٱللَّهَ وَأَطِيعُوا۟ ٱلرَّسُولَ ﴿٩٢﴾ ﴾ المائدة: ٩٢

*Rabbii fi ergamaa isaa tole jedhaa. (Al-maa'ida: 92)*

Inumaayyuu Rabbiin ee jechuu fi ergamaa isaa (S A W) ee jechuu wal-qixxeesse.

قَالَ تَعَالَى: ﴿ مَّن يُطِعِ ٱلرَّسُولَ فَقَدْ أَطَاعَ ٱللَّهَ ﴿٨٠﴾ ﴾ النساء: ٨٠

*Namni ergamaa Rabbii tole jedhe Rabbiinis tole jedhe (Al-nisaa'i: 80)*.

Rabbiin walitti hidhama keenyaa fi sunnaa Qur'aana keessatti raggaasisee jira. Sunnaa tanas karaa gaarii jedhee moggaasee jira.

﴿ لَّقَدْ كَانَ لَكُمْ فِى رَسُولِ ٱللَّهِ أُسْوَةٌ حَسَنَةٌ ﴿٢١﴾ ﴾ الأحزاب: ٢١

*Ergamaan Rabbii dhugumaan fakeenya ykn karaa gaarii isiniif ta'ee jira. (Al-ahzaab: 21)*

Barbaachisummaan sunnaa as irraa dhufa. Salaatni keenyaa sochiilee, jechoota fi baldhinna wanta isa keessatti godhamu barbaachisumaan isaa as irraa dhufa. Innis koppii jalqabaa sagantaa Rabbii saffisaa fi yeroo gabaabaa keessatti guyyatti yeroo shan lubbuu teenna deebisee nu saganteessuudha. Kunis vaayrasii gara kompiyuutara jiruu keenyaa keessa halkanii fi guyyaa seenuu danda'u balleessuuf qarqaara. Salaanni keenya vaayrasii lubbuu keenya uumaa Rabbiin nu

uume irraa jallisuun malu akka dhaaba manaatti afoo dhaabachuun nurraa ittisa. Akkasuma ibidda bosona badii teenyaa fi ganda tenyatti qabatee jiruu duniyaa teenya gubaa jiru dhaamsuudhaaf nu qarqaara.

Gubattanii gubattanii yoo subhii salaattan ni dhiqattu, eegasiis Gubattanii gubattanii yoo zuhrii salaattan ni dhiqattu, ammas gubattanii gubattanii yoo Asraa salaattan ni dhiqattuu, ammas gubattanii gubattanii yoo Magriiba salaattan ni dhiqattuu, ammas gubattanii gubattanii yoo Ishaa'ii salaattan ni dhiqattuu, eegasii raftanii hanga kaatanitti wanti tokkoyyuu isin irratti hin barreeffamu.(*Albaanitu sirreessee, Abdallah ibni Mas'uud irraa*).

Ogeettiin fayyaa biyya Jaappaan takka akkana jettee na gaafatte: dhugaadhaa Muslimtoonni guyyatti yeroo shan salaatan kan jedhamu? Eeti ani jennaan hedduu rifattee akka waan na mormituu kanatti akkamitti kana dandeettan sila jette? Kuni baay'eedhaa miti? Mee ani si haa gaafadhu, ati ogeettii fayyaati, guyyatti namoota hedduun wal argita, namoota hedduu yaalaa oolta, guyyatti yeroo meeqa harka kee qulqulleeffattaa? 30…… 50 …… jettee yoo na laaltu ija isii keessatti waan ani dubbachuu barbaade osoo hin dubbatin akka galeef xiinxalle.

"Ka'ii salaati salaata keessa fayyatu jira". *(Ibni maajah Abu hureeyraa irraa odeessee.)*

Jiruun naannoo keenyaa vaayrasiiwwan akka dadhabina namaa, jallina isaa, sossobbii fi taallee sheeyxaanaatiin kan guutamteedha. Qulqullummaa kana kan argamsiifnuun bishaaniin osoo hin taane salaataani. Bishaan qaama keenya gara

alaatiin qulqulleessa, salaanni garuu meeshaa gara keessaattiin nama qulqulleessuu danda’uudha.

Namni salaatu tokko akkuma wayta salaatatti seenuutti miira isaatti jijjiiramni wahii osoo hin dhagahamin salaata keessaa yoo bahe yookaan dameelee badii isaa irraa qulqullaahuun yoo itti dhagahamuu baate, akkasuma yoo akka waan haarawa dhalatee itti dhagahamuu baate, filaashii deebisanii of saganteessuu jedhu karaa sirrii ta’een hin fayyadamne. Ragaan isaa vaayrasiiwwan hedduun hundee qaama isaa keessaa hin qulqulloofne jechuudha. Kanaaf akkuma salaata ofii geesseen gara waan kanaan dura irra turee kan akka dadhabina ilma namaa, jallinaa fi faalama isaatti deebi’a.

Jiruu nama salaata salaatuu fi hin salaannee yoo wal bira qabdanii ilaaltan, namni hin salaanne meeshaa cimaa namni kamiyyuu rakkoo fi galtee jiruu isaa keessatti guyyaa irraa isa mudatu ittiin qarqaaramu dhabuu isaatiif hedduu mararfattaniif. Namoonni akkanaa hedduudha. Dhimmi nama dhugaan salaatuu hedduu nama aajaa’ibsiisa. Fuulli isaa osoo isa duratti dukkani jiraatees ni ifa, ija isaa babbareedduu keessatti osoo ifaajeen kamiyyuu itti guddate mararfannaa (rahmata), of gadi qabuu fi gara laafinna argita. Kanaaf osoo namoota naannoo kee jiran laalte ni salaata moo hin salaatu jettee addaan baasuu ni dandeettaa. Mararffannaa ija nama salaatuu yeroo hunda marsee argamu kuni keeyyata Qur’aana kabajamaa yeroo mallattoo nama salaatuu ibsituu itti akeektee jirti.

﴿ تَرَىٰهُمۡ رُكَّعٗا سُجَّدٗا يَبۡتَغُونَ فَضۡلٗا مِّنَ ٱللَّهِ وَرِضۡوَٰنٗاۖ سِيمَاهُمۡ فِي وُجُوهِهِم مِّنۡ أَثَرِ ٱلسُّجُودِۚ

﴾ الفتح: ٢٩

*Sujuudaa fi rukuu'a bu'anii jalalaa fi ulfina Rabbii isaanii irraa barbaaduuf jecha, wanti isaan ittiin beekkaman fuula isaanii irratti mallattoo sujuudaatu jira. (Al-fatihi: 29)*

Dubbii kana Rabbuma qofatu beeka, namoonni tokko tokko kallacha namoota garii irratti mallattoo argantuu kan Qur'aanaan ibsame jedhanii amanu. Osoo dubbiin sani taate silaa Rabbiin yoo dubbii kana ibsu mallattoo kallacha isaanii irra jiru jedhee dubbata ture. kuni mallattoo namni salaatu malee argachuu hin dandeenyee fi fuula iisaanii irraa iftuudha. Namni mu'iminaa kamiyyuu dubbii kana beekuun isa hin rakkisu.

Gosoonni Rabbiin gabbaruuf nu irraa barbaadamu hundinuu addaa addummaa dalagaa fi yeroo isiin keessatti godhamtu qabaachuu waliin dhugamatti lubbuu teenya deebifnee akka saganteessinu nu qarqaarti.

Soomni sagantaa kompiyuutaraa lubbuu keenya keessati buusuuf yeroo dheeraa fudhatuudha. Ta'us garuu faaydaa guddaa qaba. Sooma kompiiyuutara keenya keessatti buusuuf ji'a tokko guutuu nu gaafata, faaydaan isaa waggaa tokko guutuu nu tajaajila. Kanaaf sooma keenyaan ji'oota waggaa guutuu keessatti vaayirasiin hubaman akkaan deebifnee saganteessina. Ija keenya kan dadhabinni ilmi namaa fi sossoba sheeyxaanaan yeroo gara yerootti dagame kana deebifnee saganteessuu, arraba keenya ji'oota darban keessa kan dharaan

dhugaa jedhe, halaalaan haraama jedhe, badiidhan gaarii jedhee, sobaan sirri jedhee, fi kkf deebifnee saganteessuu qabna.

Walumaa galatti lubbuu teenya tan waggaa guutuu keessatti ga'ee shayxaanaatiin wantoonni akka mararfannaa, haqummaa, dhugummaa, gaarii yaaduu, jaalalaa, tasgabbii, of gadi qabuu, obsaa, tola ooluu, galataa, mi'aa iimaanaatii fi haasawa gaarii nu keessatti du'an deebifnee akka saganteessinu soomni nu qarqaara.

Akkasuma dalagaan hajjii yeroo dheeraa fi dalagaa gadi fageenyaan dalagamuudha. Hajjiin gaariin galanni isii jannata malee hin jiru. Nama Rabbiin hajjii isaa irraa fuudhe badii isaa irraa akka waan haatii isaa har'a isa deetteetti deebi'a. Akkuma ergamaan Rabbii (S A W) waadaa nuu seenanitti. Akkuma haleellaan sheeyxaanaa jiruu keenya irratti hammaataa dhufeen deddebisni salaataas saffisaan dhufa. Jalqaba salaata subhii salaattee, walakkaa guyyaa guutuu erga eegdee booda salaata Zuhrii salaatta, beellamni salaata lammaffa hangas osoo hin turre walakkaa lammaffaa guyyaa irratti salaannii Asrii dhufti. Guyyaa kana salaata magribaatiin xumrtee, san irraa saa'atii tokkoof cinaa osoo hin ta'iin salaata Ishaa'iitiin wal argitan. Eegasii gara hirriba keetii deemta.

Kuni wanta salaanni qofti qabduudha, yeroon isii walitti dhiyaachuu fi guyyaa keessatti yeroo shan irra deebinee salaatuun icciitii isiiti. Warshaalee addunyaa teknoolojii hammayyaa fayyadamanii meeshaalee waraanaa oomishan keessaa; kan akka meeshaa cimaa sirritti dhuka'u, ilaamaan isaa

kan hin dogoggore, injifannoof wabii guddaa kan ta'ee fi bu'aa barbaadamee ol argamsiisuu kan danda'u warshaan meeshaa akkanaa kana oomishu ni jiraa?

### Salaataa Fi Jiruun Wal Gituu

Yeroo gannaa namni hoo'a barbaada, yeroo bonaa qorra barbaada, yoo dhukkubsatu qorsa barbaada, yoo beelahe nyaata barbaada, yoo dheebote bishaan barbaada, yoo jeeqame tasgabbii barbaada, yoo sodaate nagaha barbaada.

Yeroo guulli jiruu akkanatti meeshaalee hammayyaa fi teknoolojii fayyadamuun saffisu kana keessatti, salaanni keenna guulli jiruu tuni akka nu jalaa hin miciqnee fi ilkaan isii jajjabaa kanaan akka nu hin nyaanne, goda jalatti dheessinee nu tiiysu ta'a. Akkuma baratame wanti salaanni nuuf taatufaallaa guula jiruu kanaati. San keessaa boqonnaa argachuu, tasgabbii fi nageenyi qaama keenya keessatti uumamuudha.

Salaataa fi jiruun bifa saffisa kanaan wal-gitti jettanii yaaddanii beektuu? Akkuma namoota hedduu waliin ta'utti yoo salaanniba'aa jiruutti jijjiiramee gara ba'aawwaan makaanika birootti makama. Yeroo fi ifaajeen inni fudhatu akkasuma sochiileen isa keessatti godhaman nu dhiphisaa dhufan. Kanaaf akkuma meeshaalee makaanikala biroo wajjiin taasisanitti salaataas yeroo gabaabaa keessatti salaatanii of irraa buusuuf jarjaru.

Akkuma Muslimtoota hedduu biratti arginutti tarii firiiwwan armaan olitti dabarsine kana irraa ka'uudhaan dirqama

makaanikaalaa kana dhiisuu fi jiruu keenya keessaa haquutuu mala.Jiruu keenya keessatti dirqamoota akkanaa kanaaf bakka kennuu dhabutu dhufa.

Dubbiin kuni jalqaba irratti akka salphaa hin taane ni beeka, akkamitti salaata keenya keessatti suuta jennaa? Dalagaan, dirqamoonni, itti gaafatamummaan, beellamni, sagantaan, wal-gahiin, daawwannaan, keessuummaa simachuun, barnoonni, fi murtiileen jiruu hedduu balbala irra dhaabattee waan nu eegduuf akkamitti suuta salaannaa?

Yeroo salaataan sama'aa keessa balali'uu barbaannutti dhugamatti yoo yaanni keenya akkana ta'e salaata keenya atomeesfara samii fi xumuraa jiruu, doonii salaataa keenya kanaan keessa kutuu hin dandeenyu. Dooniin salaata keenyaa osoo nuun hin sucho'in nu duraa gubatti.

Irra deebi'ii salaati ati hin salaannee. (*Bukaarituu Abuu Hureeyraa irraa odeesse*)

Kana irratti hundaa'uudhaan salaanni guyyaa sagalee gadi qabanii salaatan haalli isii haala uumaa faallessa. Haalli caldhisuu nuti arginu kuni guyyaa jiruun wantoota akka haasofni namaa oli fuudhamuu, ifni aduu fi hoo'i isii gadi bu'etti, sochiileen namoota naannoo keenyaa bakka heddummaatetti, sirni dalagaa, mirqaanni fi hawwiin qabeenya horachuu yeroo dabaletti, yeroo namni waa dalagee fiixa bahee waan barbaadu argachuuf wal xaxee kana keessatti sagaleen salaata faallaa kanaa sagalee gad qabanii salaatuudha.

Salaanni halkanii immoo haala uumaa tasgabbii, caldhisuu, fi dukkana halkanii kana faalleessa. Yeroo sochiin namootaa itti hir'atee, dalagaan hiree ofii barbaadachuu yeroo itti xiqqaatetti. Akkasuma yeroo baaburri jiruu wacaa fi iyya isaa dhaabetti, sagalee oli fuunee qara'uun keenya caldhisiinsa kana guutuufi. Kunis madaallii lubbuu fi wal gittaa jiruu keenna keessatti argamu eeguudha. Akkasuma haala sagalee, suuraa fi sochii keessa keenyatti uumuudha. Kunis wantootni dhabuudhaaf dhiyaanne kan akka madaallii lubbuu nu keessatti argamuuf qarqaara.

Guyyaa keenya kan ittiin xumurru dheerina isiitii fi akaakuu isii wajjiin salaata Ishaa'iiti. Salaanni Ishaa'ii raka'aa afur dhedheertuu of keessaa qabdi. Raka'aa lamaa sagalee ol fuunee qaraana, kunis faallaa haala tasgabbii fi caldhisiinsa halkaniiti. Akka waan guyyaan hawaa kana gadi sii dhiisee of duuba deebi'ee, sagalee keetiin hawaa kana guutuu dandeettuu fi gara Rabbii keetiitti iyyattuu.

Ergasii raka'aa lama kan sunnaa itti aansita, ergasii immoo akkuma Rabbiin sii laaffisetti salaata raka'aa tokko ykn san ol itti dabalta. Garuu raka'aa xumuraa tokko, sadi, shani ykn sana oli ta'uu qaba.lakkoofsi salaata witrii daangaa qabaachuu dhabuun, Rabbiin gabbaruu keenya keessatti dhimma guddaadha. Gara fuul-duraatti immoo carraa hangam salaata dheeressuu akka dandeennu kan ilaalluu ta'a. Garuu dheerinsi salaataa nuti goonuu kuni heeddumina xurii guyyaa fi fedhiiwwan sheeyxaanaa halkan keessa si weeraruu fi si sossobuu danda'an jettee yaadduu wajjiin wali gituu qaba.

Yoo xiinxallitee jiraatte Rabbiin gabbaruu keenya keessatti bakka dirqamni itti baay’atutti sunnaawwan ni heddummaatu, bakka itti xiqqaatetti ni xiqqaatu. Kunis kan ibsu salaata hunda keessatti lakkoofsi raka’aa jijjiirama haala jiruu wajjiin wal gituu qaba. Guyyaa, halkanii fi yeroo rakkoon nu qannamu, akkasuma sadarkaa hariiroo Rabbiin wajjiin qaban cimsuuf yoo barbaadamu lakkoofsi raka’aa dabalaa dhufa.

**Addaa Addumaa: Mana Barumsa Qarooma Jalqabaa**

Sila kanaan dura akka ani guyyaa tokko of gaafadhetti of gaafattanii beektuu? Maalif salaanni keenya dheerina, lakkoofsa raka’aa, sochiileen isaa, wanti isa keessatti qara’amu, yeroon isaa, maqaa fi gosti isaa wal hin fakkaannee jettanii of gaafattanii beektuu? Akkuma salaata warroota amantaa biroo boca tokko, dheerinaa fi bifti isaa maaliif wali hin fakkaannee? Akaakuun hedduu wal xaxaa kuni, rakkoo fi makamni kuni maaliif barbaachisee. Maaliif lakkoofsi raka’aa salaata Subhii, Zuhrii, Asrii, Magribaa fi Ishaa’ii jiddutti wal hin ginnee? Maaliif addaa addummaan salaata dirqamaa. Kan sunnaa fi watrii jiddutti argamaa.

Sunnaa jalqabaa fi boodaatti, sunnaa jabduu fi jabduu hin taane, sunnaa halkanii fi guyyaa jiddutti garaa garummaan maaliif uumama?

Akkasuma sunnaa gadi qabanii qara’anii fi oli fuudhanii qara’an, sunnaa adda salaatanii fi tuuta waliin salaatan jidduutti garaa garummaan maaliif umamaa? Salaanni bifa kanaan gosa barnootaa cimaa fi qabxiin isaa waan guddaa ta’e fakkaata.

Kanaaf namni salaatu akkamitti akka salaatu beekuudhaaf dubbii kana daakee guutuun guututti tolchuu qaba. Dubbii kana keessa ijoollee, nama wallaalaa, nama hin barannee fi nama dadhabaa irratti jajjabeessuun hin ta’uu? Enumaayyuu yoo Islaamummaan hawaasa barnoota hin qabne barreessuu fi dubbisuu hindandeenye keessatti dhufte ta’e dubbiin kuni maal haa ta’uu?

Sammuun ilma namaa gabaabduun tuni gaafilee tanniiniif deebii barbaaduu keessatti mala Rabbii guddaatiin wal hin gittu. Garuu nuti Muslimtoota taanee waan murtiilee Rabbii ergaa isii xiinxaluu, beekuu, fi ilaalutti ajajamneef xiinxallinee ergaa isii garii keessaa hubachuu danda’uu qabna.

Yeroo meeqaa meeqa nuu fi addunyaan guutuun gaafii kana nu waliin gaafatan: akkamitti Isalaamummaan daddaffii hattatamaa kan saffisni isaa fincila koompiyutaraa caale, hawaasa Arabaa kan xalayaa ofii yeroo sanitti dubbifachuu hin dandeennee fi namani akka isaa dubbisuuf imala dheeraa deemu irraa gara ummata woggoota gabaabaa keessatti gosoota barnootaa afaanii, seer-luga(nahwwii, sarfii, balaagaa, naqdii) qabiyyee jechootaa, hiikkaa Qur’aanaa, saayinsii dubbisa, Hadiisa, saayinsii beekkumsa (fiqhii), siiraa, seera, seenaa, ji’oogiraafii, xiin-sammuu, saayiinsii fayyaa, astroonomii, barnoota herreegaa fi gosoota barnoota hedduu akkamitti hundeessuu danda’anii?

Qarooma Islaamaa saffisa ajaa'ibaa seenaan qarooma ilma namaa isa duras ta'ee isa booda arguu hin dandeenne kana uumuudhaaf salaanni ga'ee ol aanaa qaba.

Addaa addummaan ulfaatina sochiilee salaataa, addaa addummaan qaraatii isa keessaa fi bifa ittii qara'amu, addaa addummaan yeroo isaa, gosa, bocaa, lakkoofsaa fi akaakuun raka'aa salaata hundaa addaa addummaa qabaachuun mana barumsa jalqabaa sammuun daa'ima Muslimaa leenjii ofii itti fudhatee, sammuu bal'aa waa axeeraruu, qorachuu, qu'achuu, waan haarawaa uumuu fi abuuruu danda'uu keessatti baratаa guddatuudha.

Salaanni mana barumsaa, sammuu ijoollee teenyaa yaada isaanii akkamitti akka tartiibessanii, gaafilee hedduu kaasuun mata dureewwan gara garaa uumuun firii isii xiinxaluun beekkumsaa fi qarooma akka hundeessan keessatti barsiifnuudha.

Kanaaf Islaamummaan makaanika barnootaa kanaan ummata barreessuu fi dubbisuu hin dandeenye kana gara mootummaa impaayeraa hin jedhuu, gara qarooma guutuu xiinxala, aadaa, duudhaa, barnootaa fi amala gaarii of keessaa qabuutti jijjiiruu danda'ee jira. Sababni ani babalinni Islaamaa impaayera hin jenneef impaayera meeqatuu waraana labsuu, nama fixuu fi biyya weeraranii qabachuu qofa dalagee? fkn moogolii fi Tatar.

Biyyoota Dhihaatti ijoolleen waggaa shanitti barumsa jalqabu, biyyoota Arabaa keessatti yeroo hedduu waggaa jahatti barumsa jalqabu, mana barumsa Islaamaa immoo waggaa torbatti seenu. Kunis umrii ijoollee teenyaa salaatatti akka ajajnuuf nutti himameedha.

Salaanni addaa addummaa kanaan namni Muslimaa tokko mana barumsa beekkumsaa, xiinxallaa, aadaa, qaroomaa fi ijaarsaa umrii ijoollummaa isaa kanaan jalqaba. Wantoonni mana barumsa keessa jiran kan akka axeeraruu, qophaayuu, hoffoltii fi badhaadhinaaf karoorfachuu akkasuma waan gaarii hojjachuu irratti hirmaata.

Kana booda doofummaa fi wallaalummaan hin jiru, ceem'aa, of gadi dhiisuu fi wallaalummaa wal irraa dhaalan kanaaf bakka kennuu dhabuudha. Ati Muslima jechuun, ati nama barate jechuudha, ati Muslima jechuun, ati nama qaroomaadha jechuudha. Gosti barnoota mana barumsa Islaamummaa keessatti barattee tolchitee salaattee, isa keessatti hoffoluu fi isaaf jecha jiraachuu qabdu salaata qofa. Lakkoofsa isaa, yeroo isaa, maqaa isaa, gosa isaa, sochiilee isaa, jechoota isaa aa keeessatti jedhan, wantoota isa keessatti heyyamamanii fi dhoorgaman, beekuu qabda,

Yoo salaata kana bifa gaariin salaattee, barnoota isaa tolchitee fi mana barumsa isaa kana xumurte, Muslima dhugaa taata. Kuni immoo faalla manneen barumsaa fi dhaaabbilee barnoota ol aanoo namni umrii isaa guutuu keessatti fixee yeroo isii xumurutti, waraqaan ragaa mana barumsaa kana irraa

argamu,kan dalagaa fi hiree ofii qofa ittiin barbaadatan ta’ee argama.

Gosti barnoota jalqabaa mana barumsa Islaamaa kana keessatti barannu kuni Qur’aana tolchanii seer-luga isaa eeggatanii qara’uu wajjiin ta’uu qaba. Akkasumas Hadiisa nabiyyii ulfaataa axeeraranii qabachuun nama Muslimaa suuta suutaan akka gosaalee barnootaa Islaamaa fi saayinsiiwwaan biraa baratan isa taasisa. Kunis wantoota hubachuu qabu hubatee, kan axeeraruu qabu axeeraree, qabachuun gara saayinsii jiruu ilma namaatti seenuun icciitiiwwan jiruu fi jireenyi qabu keessa taruun abuuruu fi beekuuf isa qarqaara.

Muslima biratti salaanni beekkumsaa fi aadaadha. Ergasii immoo qarooma. Yoo akkas hin ta’in barattoonni mana salaanni itti salaatamu keessatti guddatan waa hunda keessatti akkamitti barattoota mana salaanni hin salaatamne keessatti guddatan caalanii argamanii?

Adda addummaan salaataa kuni dalagaa hedduu barbaachiftuu taate kan dalagaa qoroomaa cinatti uumu kan biroos ni qaba. Innis Rabbuumaaf jecha of gadi qabuudha.

### Barbaachisummaa Of-Gadi Qabuu Heddummaatuu

Wanti yeroo hedduu bifa makaanikaalaan irra deebi’anii dalagan hundii isaanii gara sammuun xiinxallanii dalaguu dhabuu fi yaanni nu harkaa faca’uutti nu geessa. Sana booda yaadaan faagaatuu fi hirribatu nu fudhataa.

Sila kanaan dura konkolaataa kee karaa oli fuudhamaa, baldhaa fi qajeelaa dheeraa Bocni karaa kan wal fakkaatuu fi hin jijjiiramne, saffisni konkolaataa kan hin daballee fi hin hir’anne irra yeroo konkolaachiftu, muguun, dadhabuun, yaadaan fagachuun sitti dhufee beekaa? Diinni guddaan salaata keessatti of gadi qabuun hiikkawwan jechoota isa keessatti jedhamu xiinxalluun akka Rabbitti hin geenne kan godhu, aadaa fi duudhaa qabachuun addaa addummaa salaata keessa jiru invastimantii barbaachifamu invastii gochuu dhabuudha.

Ibaadaan salaataa; tan addaa addummaa gosa hedduu of-keessaa qabdu tuni karaa ol fuudhamaafi qajeelaa yoomuu hin jijjiiramne kana irra akka deemnu nuu hayyamti malee, karaalee damee hedduu qabuu fi yeroo irraa gara yerootti jijjiiraman akka hordofnuufii miti.

Addaa addummaan lakkoofsa raka’aa salaata shananii, addaa addummaan yeroo isii, addaa addummaanwaan isii keessatti qara’amuu akkasuma addaa addummaan sochiilee qaamaa, bifuma sochiilee qaamaatiin addaa addummaa wanta qara’amuu, wantoonni biroo hedduun kan salaata keessatti dalagnu yaada keessa seenuu fi sammuun nu harkaa tamsa’uun waan salaata keessatti jedhamu akka xiinxallinuuf nu gargaara. Akkasuma lubbuun keenya irraa deddeebii irraa akka fagaatu godha. Waan salaata keessatti jedhamu akka caalatti hubannu, of gadi qabuudhaan roga salaataa cimaa kana yeroo salaannutti miirri Rabbiin walitti hidhamuu nutti dhagahamuu qaba. kanatti dabaluudhaan salaanni leenjii qabatama sammuu fi gosa barnoota dabalataa yeroo hunda jiruudha. Qaroomni ilma namaa

asi irraa jalqaba waan ta’eef, bifuma kanaan barnoonni kun itti fufuu qaba.

Barnoonni salaataa addaa addummaa isaa kana wajjiin barnoota laafaadhaa miti. Yoom ilma namaa ijaaruun laafaa ta’e? Qarooma hundeessuun yoom salphaa ta’e? Biyya ijaaruu fi jabeessuun hafuura salaataa kana malee akkamitti danda’ama? Kana hunda fiixaan baasuuf yaada cimaa kana yoo hin qabaatin akkamitti danda’ama?

Sila addaa addummaan bifa kanaa roga lammaffaa amantaa keennaatii? Barnoota ulfaata ijoollee teenya wagga torbatti eegalan kanaaf, Rabbiin Nabiyyii isaa ulfaataa bakka *sidaratal muntahaa* jedhutti barnoota cimaa, ulfaataa, dheeraa fi barbaachisaa ta’e kana barsiisuudhaaf waame. Karaa baratamaa barnoota Islaamaa Jibriil isaanii fide keessaa karaan salaanni ittiin dhufe adda.

Salaanni mana barumsa jijjiirama haala yeroo fi namoota biroo wajjiin jiraachuu nama barsiiftuudha. Manni barnoota nabiyyii; barnoota hin dagatamne jijjiirama haala yeroo, namoota biroo wajjiin jiraatuu fi addaa addummaan jiraachutti amanuu, salaata keessattis ta’ee ibaadaa biroo keessatti akka jiru nu barsiisee jira. Keessumattuu ibaadaawwan dirqamaan ala jiran keessatti. Dhugamatti jijjiirama haalli yeroo jiraachutti amanuu kuni hundee Islaamummaa wal danda’uu, jiddu galeessummaa, yeroo, naannoo, fi haala namoota hunda biratti gara gara ta’uu danda’uu kana kan bakka bu’uudha.

## Salaata keessatti jijjiiramni haalaa fi sochiin maaliif barbaachise?

Haalli sochii qamaa salaata keessatti addaa addummaa qabaachuun tasa waan dhufee miti. Osoo tasa kan dhufe ta'ee salaata keenya keessatti dhaabannee, teennee, irkannee ykn ciifnee waan qara'amu qara'uu ni dandeenna ture. osoo tasa kan ta'u taatee akkuma salaata nama dadhabaa ykn dhukkubsataa sochiilee kamiyyuu godhuuf hin dirqamnu ture. Salaata keessatti ga'een sochiilee nu goonuu addaa aaddummaa gocha keenyaa fiduu waliin rakkina irra deddeebi'uu fi yaadaan fagaachuu irraa nu eega. Garuu gaafiin asitti ka'u; maaliif akkuma sochiin salaataa jijjiiramuun wanti jedhamu jijjiirama? Sochiin hunduu maaliif jecha mataa isaa qaba? Fakkeenyaaf Rabbiin guddaan qulqullaahe ( سبحان ربي العظيم) kan jedhu maaliif ruku'a (yeroo jilba qabatan) waliin dhufee; maaliif sujuuda waliin hin dhufin? (سبحان ربي الأعلى) kan jedhuu sujuuda waliin dhufe. Maaliif yeroo dhaabannu jechoota Qur'aanaa qaraanee, wayta teennu jechoota nabiyyii irraa dhufan qaraanaa? Fkn *attahiyyaatu, salaatul ibraahimiyyaa* kkf maaliif, maaliifii?

Sochiilee keenya salaata keessatti jijjiiruun hubannoo guutuudhaan nama salaata kana salaannuufitti haasawuu keenya bifa dammaqii fi ciminaan akka goonuuf nu qarqaara. Akka waan salaata keessa jijjiirama haala keenyaa qaraatii wajjiin jijjiiramu kanaan leenjii maal akka qaraanuu hubachuu fi wanti nu qaraanu sochii keenya waliin akka deemu taasisuu leenjinuuti. Kunis jechoonnii fi dalagaan keenya akka wal-gitan mirkaneessuu keenya ibsa. Akkasuma wanta jennu kana

hundatti guutumaan guututti amannee mirkaneessa. Jijjiirama Sochiilee kanaa hubachuu dhabuu keenya wajjiin, hubannoon keenya sochiilee kanneen ibsuu fi guutumatti dhugummaa isaa akka Rabbiitti hiikuu hin danda'u.

Dhimmi guddaan salaata keessatti jiru sararri sochiilee kanniinii sarara jechootaatiin wal tuquu qaba. Kunisakkuma gara fuul-duraatti ilaaluuf deemnutti dhimma hundee fi hedduu cimaa; qaama waliin haasawa godhaa jirruu waliin dhugummaa fi qulqullummaan dalagaa keenyaa hangam akka ta'e ibsa.

Sochiilee nu salaata keessatti goonu qofti ilaalcha namoonni biroo nuu qaban kan jabeessuu miti. Tasgabbii fi sochiilee kanniin guutumatti duuka bu'uun dalaguus of keessatti qabata. Fakkeenyaaf hanga salaata geessinutti gara kallattii qiblaa garagaluu, hanga salaata geessinutti bakka sujuudaa ilaaluu, gara bitaa fi mirgaa osoo hin laalin obsinee salaata xumuruu, sababa kamiinuu taanaan namoota salaata keessaa nu dubbisuu barbaadan gara isaanii mildhachuu fi jalaa dubbachuu dhabuu, enumaayyuu nama salaatu dura fi qibilaa isaa jidduu bakka namni taruu hin dandeennetuu jira. Wantoonni kunii fi kan biroos namoota hedduu isaa aja'ibsiisuun yeroo nu salaata keessa jirru haalli keenya haala addaa waan ta'eef hirmaannaa duniyaas ta'ee dhimmoota biroo akka keessa hin seenne hubatan.

**Azaanaa Fi Ijaaba (Deebii) Isaa kurnan**

*الله اكبر، الله اكبر، الله اكبر، الله اكبر،*

*أشهد أن لا إله إلا الله، أشهد أن لا إله إلا الله،*

*أشهد أن محمد رسول الله، أشهد أن محمد رسول الله،*

*حي على الزكاة، حي على الزكاة.................*

***(Ka'aa zakaa baasadhaa, Ka'aa zakaa baasadhaa…….)***

Azaana akkanaa kanaan dura dhageettanii jirtuu? Anis dhagahee hin beekuu, kuni azaana ani mataa kiyyaa fi isinis wanta akkuma Bilaal yeroo jalqabaatiif jechoota azaanaa dhagahee qara'e nus dhagahuu fi qara'uu irraa nu daangessitu keessaa bahuuf kan uumeedha. Azaanaa fi iqaamaanis wareegama aadaa teenyaa cimaadha. Waan ajaa'ibaa isaan lamaan keessa jiruuf ga'ee isaan qaban yoo xiqqaate kudhan wahii kaafnee ilaalla. Kunis waan dandeettiin ilma namaa ykn dandeettiin kiyya azaanaa fi iqaamaa keessatti argitee beekuu dandeetteedha.

Jalqaba irratti sila kanaan dura maaliif salaanni rogoota Isalaama shanan jiran hunda keessaa beeksifni kuni godhameefi, ga'een isaa hoo maalii? Sila azaana jechuun lallaba sagalee yeroon roga Islaamaa cimaa kana nuti keessatti geeggeesinu dhiyaachuu ibsuu miti? Maaliif Soomaaf hin azaannee? Maaliif salaata qofaaf iqaamnee soomaaf, zakaaf hin iqaamne akkuma nu armaan olitti zakaaf azaane sanitti?

Dandeettiin ilma namaa mala Rabbiin salaata kana bifa addaa kana kenneef beekuu hin danda'u.salaata dura seensa

lamaan: azaanaa fi iqaamatuu jira. Garuu barbaachisummaa jalqaabaa azaanaa maal akka ta'ee beekuu ni dandeenna. Namootaaf yeroon salaataa gahuu isaan yaadachiisa, dirqamni salaataa dalagaa dhuunfaa namni tokko qofti namoota birootiin ala ittiin dhaabachuu danda'uu miti jechuu nuu mirkaneessa. Sadarkaa jalqabaa irratti Salaanni dalagaa garee, walii gala fi hirmaannaa waliitiin kan gaggeessaniidha.

Azaanni immoo gara isaatiin namoonni dalagaa kana waliin dalagan akka wal gahanii wal wajjiin bakka tokkotti, yeroo tokkotti fi nama tokko duubaan dhaabatanii akka salaataniif isaaniif beeksisa godhuudha. Gaheen azaana hariiroo namaaa fi Rabbiin jidduu jiru qofa cimsuu miti. Namoonni akka walitti dhufanii, wal gahanii, walitti dhihaatanii, wal qarqaaranii, wal hubatanii, gabroota nabiyyii Muhaammad (S A W) jidduutti jaalalli akka uumamu godhuudha. Kanaaf salaanni sunnaa fi dirqama hin ta'in gosa salaataa ta'uu wajjiin yeroo hedduu dhuunfaadhaan waan gaggeeffamtuuf azaana fi iqaamaa isaan hin barbaachisu.

Kuni qabiyyeewwan qarooma salaata keessaa qabiyyee tokko. Gara fuul duraatti mata duree salaanni garee iccittii qaroomaati jedhu jalatti isiniif ibsina.

**Lammaaffaa**: oduu ajaa'iba argamni azaanaa fi iqaamaan seenaa ergama Rabbiikeessatti dhuftee irraa wahyii yoo ta'uu baatanis gara sadarkaa wahyiitti kan isaan qixxeessitutuu jira. Garuu karaa fi namoonni isiin irraa dhufteen garagara. Karaan isiin ittiin argamteen jechoonni isii abjuun

argamuudha. Namoonni abjuu keessatti argan immoo waahellan ergamaa Rabbiti malee ergamaa Rabbiitii miti.

Waahellan lamaa halkan tokko keessatti abjuu jechootaa fi akkataan isaa wal fakkatu kana argani. Wanti hedduu dubbii kana tolchu; namoota lamaan keessaa inni tokko mooti Muslimtootaa lammaffaa kan turan Umar ibnu al Kaxxaab jedhama Rabbiin isaa irraa haa jaalatu.

Argama azaanaa; bareedaa fi addaa kuni addummaa fi bareedina isaa kana dhalannaa salaataa malee wanti isa dorgomu hin jiru. Amantaan Islaamaa tuni guutumatti salaata malee Qur'aanas ta'ee Hadiisni karaa wahyiitiin dhufan. Ergamaan Rabbii (S A W) wamicha kabajaa qulqulluu taateen gara sama'aatti waamamanii ibsa isaa guutuu waliin salaata Rabbiin irraa fudhatanii deebi'an. Garuu azaanni Rabbiin guddaan kan nabiyyii isaatti geesseen karaa waahellan yeroo fi jechoonni isaa wal simataa ta'an.

**Sadaffaa**: azaanni dhugaan, jechoonnii fi ijaaramni isaa akka salaata gabaabaa salaata dheeraa itti aanuuf mu'imina qopheessuuti. Daa'ima amma dhalate gurra isaatti azaanuun sunnaa ta'uun akka waan salaanni gabaabduun tuni salaata dheertuu umrii isaa waliin turtuuf isaa qopheessituuti. Akka waan azaanni nama dhalatu kanaan jiruu haarawaa jalqabdee jirta jedhuutiin. Kanaaf salaata fi Rabbiin gabbaru Rabbii keetiin walitti si hiitu godhuudhaaf qophaahi. Hanga guyyaa ati addunyaa gadi dhiiftuutti kan xumuramtuu miti. Guyyaa san

imala kee dheeraa aakiraa, kan imala kee addunyaa irraa adda ta’e Rabbii kee waliin eegalta.

Jiruun keenya baldhina isii kana hunda waliin karaa adda addaatiin gosa salaataati. Kitaabni kabajamaan jiruun keenya hundi guyyaa dhalootaa irraa hanga guyyaa duunuutti gabbara Rabbiif nu goonu akka ta’ee ibsee jira.

“قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَمَا خَلَقْتُ ٱلْجِنَّ وَٱلْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ٥٦ ﴾ الذاريات: ٥٦

*Ani namas ta’ee jinnii akka na gabbaraniif malee hin uumne”(Al-zaariyaat: 56)*

Yoo barattuu fi qorattu ati salaata keessa jirta. Ati ijoollee teetii fi lubbuu kee tiiysita ati salaata keessa jirta. Nama fi hawaasa kee tajaajilta, ati salaata keessa jirta. Ati jiraachuu fi jajjabaachuuf nyaata nyaatta, ati salaata keessa jirta. Fayyaa kee eeggatta, ati salaata keessa jirta. Jiruun keenya hundii A hanga Z gabbartii Rabbiifi salaata jechuudha.Jechoota azaanaa keessaa kan nama gammachiisan akkuma gara fuul duratti laaluuf deemtu salaata gabaabduu karaa salaata dheertuu fi baldhootti si geessituudha.

**Afraffaa**: Akka waan azaana takkaa jechoota isaa hin dhageenneetti fudhadhu; akka waan jecha Rabbi guddate *(allaahu akbar)* jedhu yeroo jalqabaatiif dhageettuutti fudhu. Jechoonni kuni yeroo dheeraadhaan azaana dura argamte, Muslimtoonni jecha kana kan beekan guyyaa jalqabaa nabiiyyiin kabajamaan salaata Rabbii isaa irraa fidee dhufe irraa fidee dhufeedha. Akkaataa afaaniitti mee hiikkaa jecha kanaa xiinxalli, akka seer luga afaan aArabatti jecha guutuudhaa miti.

Jechi tuni banamtuu fi gaalee waan taateef ati akka yaada keetiitti waan yaadde itti guutachuu ni dandeetta, fkn rabbi guddate duniyaa isaa irraa na taalleessitu irraa, Rabbi guddate qabeenya ani qabu kana irraa, Rabbi guddate yaada jiruu tiyyaa booressu irraa. Rabbi guddate diina na fuuldura jiru irraa. Rabbi guddate nama faallaa fi ulfaata na miidhu irraa.

Jechi Rabbi guddate jedhu dhugamaan jecha azaanaa gabaabaadha. Innis hundee lallabbii Islaamaa adda taasisuudha. Inumaayyuu jecha Islaama guutuu bakka bu'uudha. Nuti Muslimatoonni waan qaamni waa hunda caalaa guddaa fi ulfaataan akka jiru amannuuf, isaaf of gadi qabnuuf, qaama saniif bitamuu keenyaa beeksifnee jirra. Gabaabumatti jechi kuni Islaama bakka bu'a. (Rabbi guddate = Islaama).

**Shanaffaa**: Azaanni jechoota adda ta'anii fi hawaasa araba irratti haarawa ta'an muraasa irraa ijaarama. Akkasuma ummata araba hin ta'in yeroo san jiraniifis jechoonni azaanaa haarawa. Akkaataan azaanaa kuni yeroo isaa waggoota hedduun bira darbe jira. Yoo xiinxallinee ilaalle jechoota addaan citanii fi gabaabaa wal qabsiiftuu seer-luga afaanii keessatti nu jechoota walitti hidhuudhaaf fayyadamnu kamiyyuu osoo hin fayyadamin ergaa guutuu kan dabarsan irraa kan dhufeedha. Dubbiin kuni xalayaalee nuti guyyatti bilbila keenya moobaayiliin walii erginu si hin yaadachiisuu.

Azaanni jechoota gabaaboo, kallattii fi ifa galaa kanaan hawaasa Arabaatiif hafuura da'aawaa haarawa kanaaf jecha

amantii isaanii fi waan jaalatan hunda dhiisuun akka dhufan karaa gabaabseefi.

**Jahaffaa**: garuu wanti nama ajaa'ibsiisu salaanni gabaabduun teenya tuni afaan wal gitaa fi saffisaa isiin ittiin dhufte kanaan, Salaataa keessatti afaan bakkaa guddaan qabu faatihaadhaan wal gituudha. Faatihaanis jechoota isii babbareedoo fi gaggabaaboodhaan wal qabsiiftota nuti Araboonni afaan keessatti barannee san kan of keessaa hin qabne ta'uu hin xiinxallinee. Wanti jala sararee isiniif himu afaan keenya kan amma fayyadamnu kanaaf osoo dhiifamee, afaan faatihaa akkuma afaan keenyaa kanatti dhiyaata.

Yoo nuti *faaruun kan Rabbiiti*(الحمد لله) isaa Rabbii addunya mara uumeeti. (رب العالمين) ammalee isaa *akkaan tola oluu fi namaaf mararfataa* ta'e ( الرحمن الرحيم) ammas isaa malee namni biraa qabaachuu kan hin dandeenne *abbaa guyyaa xumurati* (ملك اليوم الدين) yaa Rabbii keenya kunoo nuti sii mirkaneessuuf dhufnee jirra *si qofa gabbaras si qofatti qarqaarsifannas* (إياك نعبد إياك نستعين) dhimmoota keenya hunda irratti sitti garagallee sitti warwaannee fi si kadhanna *akka nu qajeelchituuf karaa sirrii*. Dubbii kana qajeelatti kan nu dubbanne haasawa keenya kan suuraa faatihaa irraa jedhu kutaa lammaffa kitaaba maqaan isaa mu'ujizaa jedhu yeroo gabaabaa keessatti dhabbata xiinxala addunyaa irraa maxxanfamee bahu ilaali.

**Torbaffaa**: sababa azaanni ibaadaa keenya keessatti bakka guddaa qabuuf dirqamaa fi akkaataa mataa isaa danda'e

qaba. Nutis karaa sunnaa nabiyyii keenya hordofuun dirqama waan ta'eef, jechoota azaanaa jecha jechaan akkuma jirutti qabachuu qabna. Jechoonni nuti jennu jechoota nama azaanu irraa qabanne saniin wal gituu qaba. Kana qofaan hin dhiifnu, yeroo azaanni xumurame jechoota biroo nabiyyii irraa dhufaniin araarama barbaanna.

Sila sirna wal-gittaa kompiyuutaraa dhageettanii beektuu? Har'aan tana wantoota biroo isa irraa dhufan meeshaalee fi sirnoota ajaa'iba hoo argitanii beektuu? Hariiroon nuti azaana waliin qabnu kana ergamaan Rabbii (S A W) karaa nuuf taasisan, osoo meeshaaleen hammayyaa fi sirnoonni isaa hin argamin jaarraa 14 dura. Yeroo sanatti kompiyuutaras ta'ee sirni hammayyaa namootaa fi uumama naannoo isaanii walitti hidhu hin turre. Hariiroon mirqaanaan kuni deemsaa fi deebii keessatti hollatiinsa fudhachuu fi waan fudhanne deebifnee calanqisiisuuti. Jechoota namni azaanu jedhu hunda boodaan, namni dhagahu hunduu jechuma inni jedhe kana irra deebi'anii jechuu qabu.

**Saddeettaffaa**: Wal gitiinsa ajaa'ibaa afaanii azaanaa fi salaataa kana keessaa ijaarsa sirna afaanii adda ta'e kanaan jechoonni hundii yeroo lama lama irraa deebi'uudha. Adduummaan ijaarsaa kuni walabummaa afaanii jabeessa. Gara biraatiin immoo akka ajaa'ibaatti ijaarsa walii gala salaataa jabeessa.

Lakkoofsi lama lakkoofsa yeroo hedduu ibaadaa zikrii fi gabbartii Rabbii keessatti itti fayyadamnuu miti. Yeroo hedduu

lakkoofsa guutuu hin ta’in kan akka 3,5,7, 27,33, 99 , tti fayyadamna. kana waliinuu jechoonni azaanaa lama lama deebi’ian, kunis salaata keenya yeroo salaannu takbiira hidhanna irratti harka keenya lamaan ol fuudhuu, salaata keessa raka’aa lamaan booda ta’uun, raka’aa takka keessatti yeroo lama sujuuda bu’uu, yoo salaata keenya xumurree yeroo lama salaama baafachuu waliin wal gita. Ammas irra deebinee yeroo azaana jennu miirri keenya salaata gabaabduu sagalee ol fuunee akka salaataa jirru nutti dhagahama.

**Saglaffaa**: Jechoonni azaanaa seer luga afaanii keessatti bamaqaawwan akka:- isa, isaan, ati, isin fi kkf, hin fayyadamne xiinxallitanii jirtuu? Dubbii kana keessaa kan bahu shahaadaa lamanii, waan hiikkaan isii itti gaafatamummaa dhuunfaa ibsituuf. Namni isii jedhu ani ni raga jedhaa jira.

Jechi (حي) ka’aa gara salaata jedhu gareen, dhuunfaan, dubartii, ykn dhiira ta’uu wanti ibse hin jiru. Haalli akkana kuni afaan keessatti hedduu hin argamu. Kunis Rabbiin faarsuu, zikrii godhuu fi salaata qofa keessatti argama. Dubbiin kuni ammas irra deebinee utubaa salaataa kan taate Faatihaa keessattis ni argama. Suuraan faatihaa hanga walakkaatti bifaa kanaan dhufe. Innis yeroon haasawa murteessuu, bamaqaawwan nuti haasawa keenyas ta’ee barreeffama keenya yeroo hedduu ittiin jalqabnu of keessaa hin qabdu.

**Kurnaffaa**: Namoonni tokko tokko jechoonni azaanaa barbaachisummaa salaanni argattu argachuu hin qabdu jedhanii yaadu. Kanaaf tuffatanii salaata dura isii raawwachuu dhiisan. Ergamaan keenya kabajamaan kan nuuf yaaduu fi ergaa isaa

irratti amanamaa kan ta'ee fi kan Rabbiin isaa akkana jedhee isa faarse faallaa kanaa nuun jedhe:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ بِٱلْمُؤْمِنِينَ رَءُوفٌ رَّحِيمٌ ﴿١٢٨﴾ ﴾ التوبة: ١٢٨

*Ergamaan Rabbii warra mu'iminaatiif tola oolaa fi maraarfataadha. (Attoowbaa: 128)*

"Namoonni sadi wal gahanii yoo azaananii salaataaf hin iqaamne ta'e sheeyxaanni isaan irratti moohee jira" (*Ahmadtu abi adardaa'a irraa odeesse)*

"Abdallah Ibnu Abdu rahmaan ibini abii sa'asa'ata abbaa isaa irraa Abi sa'iid Alkudriyyi akkana jedheeni: Re'ee fi baadiyaa kan jaalattu si arga, yeroo re'eewwan kee badiyaa keessatti tiiysutu sagalee kee ol fuudhii lallabii azaani, namas ta'ee jinni wanti biraa sagalee nama azaanuu yoo dhagahan guyyaa xumuraa Rabbiin fuuldura dhaabbatan ragaa isaaf bahan malee hin dhiisani." *(Bukaarituu gabaase)*

Osoo lallabbiin tuni waanuma namaan dammaqsan qofa osoo taatee maaliif baadiyaan re'eewwaanii fi wantoonni lubbuu qaban hundi akka dhagahan barbaadamee? Sheeyxaanni akkamitti namoota azaana hin azaanne irratti moohaa? Muslimtoota jalqabaatiif akeekkaan nabiyyii kabajamaa kuni, ga'ee azaanaa fi iqaamaan jiruu isaan Rabbiin gabbaruuf taasisan keessatti qabdu kan ibsituudha. Akka ibaadaan tuni harka kee keessaa hin mucucaanne yaalii guddaa godhi.

Osoo gosti salaataa meeqaa jedhee si gaafadhee? Salaata gadi qabanii qara'an, ol qabanii qara'anii fi salaata sagalee ol fuudhanii salaatan naan jetta: kan xumuraa kuni azaana jechuudha. Gosoota salaata sadi armaan olitti ibsine kunniin hunduu ga'eefi barbaachisummaa tokkoon isaa tokko guutuu

qabaachuu waliin, dhiimma keenya tolchuu fi jiruu teenya bulchuu keessatti shoora guddaa qabu. Azaanni pirojektii gabaabaa dhuunfaa yoo ta'u, pirojektii garee fi xumuraa guddaa ta'eef karaa tolcha, pirojektiin kunis salaata.

## Wuduu'a Lamaan

"*Osoo ummata kiyya irratti jabaatuu baatee salaata hunda irratti akka wuduu'a godhan isaan ajaja, Wuduu'aa hunda wajjiin immoo afaan rigachuu ajaja*"*(Ahmadtu odeessee Albaaniin sirreesse, Abu hureeyraa irraa)***.**

Yeroo hedduu Hadiisa kana bira dhaabadhee wanti of gaafadhu. Akka sunnaan jedhutti yoo qulqulluu ta'ee wuduu'a qabaadhe maaliif salaata hunda irratti? Ergamaan Rabbii maaliif akka wuduu'a haaromsu naaf hawwan? Osoo irra deebi'ee wadda'adhee, sila bishaan qisaasessuu hin ta'uu? Dhaamsi kuni kan dhufe walakkaa biyya gammoojjiitti malee biyya haroowwan gurguddoo fi fincaa'aawwan keessatti argamuu miti?

Kitaaboolee qulqulluu Rabbii sadiinuu dubbisee jira, dabalataan hanga Rabbi na dandeessise Hadiisa ergamaa isaa dubbisee jira, amantii salaata isaa, guduunfaa onnee (aqiidaa) isaa fi qarooma isaa qulqullummaa, dhiqachuu fi wadda'achuun walitti hidhe amantaa Islaamaa malee hin argine.Nabiyyii ummata isaa qulqullummaa, bareedinaa fi mul'ata gaariin akka mul'atan nabiyyii keenyaa Muhammad (S A W) caala nabiyyii ummata isaatiif dhaame hin agarre. Kana waliinu ummanni Islaaama ajajaawwan Islaamaa kaniin irraa amma eessa jiruu?

Wuduu'a irra deebi'anii godhuun kuni Waan qulqullummaan ilaalcha faayyaa, aadaa fi qaroomina of keessaa qabdu qofaafii miti.Qulqullummaan ajaja barbaachisa amantaan Islaama itti ajajjuudha. Wanti asitti wudu'aan bakka buuteef qulqullummaa keessaas waan of keessatti hammattuufi. Wantoota alaan qaama fi uffata kee hunda xureessan irraa qulqullaayuun xumura irratti firii beekkama fi dhugaa ta'e kan ajaja qulqullummaa keessaa calanqisiisu ta'uu qaba. Mazhabni tokko tokko nama hamachuu wantoota wuduu'a balleessan keessa galchu.

Asi irraa kaanee gosoonni wuduu'aa kan keessaa fi kan alaa jedhamanii bakka lamatti qoodamu. Kan lammaffaa kan alaa yoo kan duraa jiraate malee waan faayida hin qabneef isa durattu hedduu barbaachisa. Namni boolla fincaanitti bade waan wudu'aa akkamitti dubbataa? Yeroo qaama kee kan alaa qulqulleessitu mataa keetiif, qulqullummaa keessaas bifa wal fakkaaatuun godhuu kee mirkaneessuu qabda. Qulqulluummaan keessaa bishaaniin ykn biyyeedhaan hin qulqullaahu. Wantoota fofokkuu lubbuu kee keessatti walitti qabame kan akka waanyoo, nama hamachuu, aarii hin barbaachifnee, kijibaa, of jaalachuu, nama gowwoomsuu, haadhaa fi abbatti jallachuu, tola Rabbi namatti oole waaklkachuu, arraba dheerachuu fi ilaalcha badaa namaaf qabaachuu fa'a irraa qulqullaayuudha.

Osoo suuta suutallee ta'ee dhukkuboota kana irraa qulqullaahuuf niyyaa kee tolchi. Hanga fuula kee, onnee kee, lubbuu kee fi jechoota kee Rabbii yeroo gabaabaa booda bira dhaabattee yaada kee itti himattee sirraa fuudhu, icciittii kee itti

himattee siif dhagahu fi araara barbaaddee siif araaramuf jecha of qulqulleessi.

Namichi wahii nabiyyii Rabbiitti (S A W) dhufee akkana jedhee: namni wahii halkan guutuu salaataa bulee, yoo lafti bariitu ni hata. Nabiyyiin akkana jedhaniin: waan ati jettu kana irraa isa dhoorga, jechuun salaanni isaa hanna irraa isa dhoorga (*Mishkaatul Almasaabiih, Albanitu Sirreeesse, Abuum Hureeyraa Irraa*)

"Nama deege jechuun eennu akka ta'e ni beektuu?" Jedhanii ergamaan Rabbii hiriyyoota isaaniin gaafatan? Namni deegaan nama qabeenya fi meeshaa hin qabne jedhaniin, ummata kiyya keessaa nama deega jechuun; nama guyyaa xumuraa salaata, sooma, zakaa, guutuu qabatee dhufe, garuu nama kaan arrabsee, kaan dhara irra kaahee, kaan qabeenya isaa nyaatee, kaan dhiiga isaa gadi naqee, kaan tumee, kanaaf toltuu isaa irraa fuudhanii kennaniif, kaaniifis toltuu isaa irraa fuudhanii kennaniifi, yoo toltuun isaa duubee anbaa isa irra jirtu osoo hin deebisin dhumatte, badii warra inni miidhee san fuudhanii isa irratti fe'anii ibidda keessatti daban. *(Muslimtu Abu Hureeyraa Irraa Odeesse)*

Maaltu beeka nama meeqatu nu keessaa deegee jira? nama meeqatu ibaadaan isaa dalagaa isaa irraa addaan baatee? Namoota garii kan sujuuduu fi raka'aa bu'uun mallattoo sujuudaa kallacha isaanii irratti argita, garuu yoo waliin dalaguu eegalte mallattoo sani kallacha dalagaa isaanii irratti kan firii qabu hin argitu.

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ إِنَّ ٱلصَّلَوٰةَ تَنْهَىٰ عَنِ ٱلْفَحْشَآءِ وَٱلْمُنكَرِ ﴿٤٥﴾ ﴾ العنكبوت: ٤٥

*Salaanni tuni badii fi waan hamaa irraa nama dhoorgiti.*

Dubbiin Rabbi gabbaruu fi dalagaan Muslimtootaa wal fakkaachuu dhabuu kuni rakkoo cimaa amantii Islaamaa hawaasa addunyaa duratti xureessaa dhufeedha. Ergamaan Rabbii (S A W) yeroo waan Rabbiin isaa wahyii itti godhe Qur'aanaa nama barsiisuu fi Qur'aanatti dalaguu takkaa addaan hin baafne.

Ubeyyi Ibnu Ka'ab irraa ergamaan Rabbii (S A W) Qur'aana keeyyata 10 yoo isaan barsiise, gara kudhanii biraatti hin tarkaanfatan hanga waan dalagaalee isii keessa jiran beekanii itti dalaganitti, Qur'aanaa fi dalagaas waliin baranne jedhe" (*hiikaa Qur'aana Qurxubii k,1,duula 39*)

Aadaawwan miira guddaa amantaan Islaama qofti qabdu kana nu keessatti ajjeeftu of keessaa balleessuuf ibaadaa keenya irra deebinee beekuu qabna. Salaata keenya irra deebinee beekuu qabna. Guyyaa irraa gara guyyaatti Waduu'a irra deebinee beekuu qabna, miirri yoo wuduu'a gootu akka waan yeroo jalqabaatiif wuduu'a dhageettee sitti dhagamee beekaa? Mee dubbii kana yaaliiti eegasii gara lubbuu keetitti deebi'i. Maal keessatti argite? Yoo qajeelatti kan xiinxallitu tate dubbiin dhugaa wuduu'ini akkuma salaata sirna jiruuti.

Wuduu'ini jalqabni isaa qulqullummaadha. Kuni amala nama barateeti. Lammaffaan eeggumsaa fi hordoffiidha, kuni amala warra hoffoleeti. Sadaaffaan sirna tartiiba eeggumsa yeroo, beellamaa fi seera isaa guututi. Kuni amala warra qaroomeeti.Inni walumaa galatti too'annoo lubbuu walitti fuftuu fi barbaachiftuudha. Wanta yeroo wuduu'a lamaan jidduu jiru

lubbuu xureessuu danda’u irraa qulqulleessuufi. Kuni mallattoo namni mu’uminaa nama mu’imina hin taane irraa addaan beekkaniini.Akkasuma nama Rabbiin sodaatu kan hin sodaanne irraa kan addaan baafamaniini, nama Rabbiin qabatee fi nama karaa bade kan addaan beekuu dandeettuuni, kana fuula isaanii keessa laaltee nama wuduu’a godhuu fi hin goone addaan baasuu ni dandeetta.

Biyyeen wuduu’a godhuun xalayaa sarara hin qabneedha, garuu asitti xalayaa gara onneetti bishaan malee dhufteedha. Yeroo onneen Rabbii isaatiin wal gahuuf qophoofti. Kanaaf wanta wal gahii kana booressu kamiyyuu irraa qulqullaahuu qabda. Rabbiin icciitii namaa kan dhokatee fi muldhates ni beeka. Wuduu’ini hiikkaa kanaan xalayaa bishaanii wantootuma armaan olitti dubbanne kana gara onneetti geessani.

Garuu karaa biraatiin Afaan Arabaa keessatti jechi wuduu’a jedhu jecha ifa jedhu irraa dhufe.innis onnee fi fuula ibsa jechuudha. Ifti fuulaa immoo ballaqqeensa ifa keessaa lubbuu fi onnee irraa kan dhufuudha.

Jiruu kee keessatti wuduu’a malee akka hin teenye yaali. Yoo akkas ta’ee yeroo gara hojii keetii deemtu miira balali’uuttu sitti muldhata. Yeroo nagahaaf harka nama fuutu akka waan harka malaa’ikaa fuuteetti sitti dhagahama. Yeroo dalagaa kee kan dhuunfaa gammachuun dalagdu miira hoffoltiittu sitti dhagahama.

Yeroo galgala galtee hirribaaf mataa kee boraatii kee irraan geettu akka waan amaanaa sitti kannamte **akka** barbaadamutti geessitee sitti fakkaata. Xumura irratti wanti sitti

dhagahamu lubbuu kee akka waan harka amanamtuu, kabajamtuu, araarmtuu fi tola ooltuu keessa keetteeti.

**Salaanni Garee…. Icciitii Qaroomaati**

Sila kanaan dura akkuma ani of gaafadhetti hiikkaan qaroomaa maali jettanii of gaafattanii beektuu? Sila qarooma jechuun meeshaalee, warshaalee, kompiyuutara, misaa'ila, dooniiwwan gurguddoo fi boombii nikularaa jechuudha? Kunniin fireewwan qaroomaati malee qaroomaa miti. Qaroomni qaamolee kana argamsiisuuf sababa ta'ee wantoota kudhan keessatti walitti qabama. Isaanis : qulqulluummaa, yaadaan waa tolchuu, beellama kabajuu, tartiiba qabaachuu, dhugummaa, amanamummaa, dalagaa garee, wal danda'uu, of gadi qabuu fi namoota biroo waliin jiraachuu, itti gaafatamummaa dhuunfaa, obsa, yaada gaarii, kutannaa, haqummaa fi wal qixxummaadha.

Sila kanaan dura akkuma ani of gaafadhetti salaanni garee maaliif barbaachise jettanii of gaafattanii beektuu? Maaliif mana keenya, waajjiraalee keenyaa, warshaalee fi bakka daldalaa keenya dhiifnee guyyatti yeroo shan baanee bakka salaata gareen salaataniitti deemna? Kunis kan ta'u yeroo murtaawaa ta'e kan osoo daqiiqaa shan duubatti hafnee nu jalaa taruu danda'u kana keessatti maaliif wal geennee salaannaa?

Sila kanaan dura akkuma ani of gaafadhetti maaliif yeroo salaata deemnu hunda waan bareedaa uffanna jettanii of gaafattanii beektuu? Qulqullummaa fi wuduu'ini maaliif salaata dura barbaachise? Sila dubbiin kuni kabajama mana Rabbii kanaafi? waan qulqullummaan fuula Rabbii dura dhabachuuf nu qarqaartuufi moo sila dubbiin kuni dalagaa qaroominaa kan

akka qulqullummaa, waan bareeda uffachuu, tartiiba qabaachuu fi dalagaalee biroo kan akka kabajaa, dandeetti ijaaruu fi ulfinaatiin akka wal madaalaniifi.

Yoo gara beellamaatti deebine, salaanni garee mana barumsa cimaa namni Muslimaa tokko itti baratee duungoo qaroomaa itti qabatuudha. Salaata garee irraa daqiiqaa shan yoo barfatte qabxiin isaa si jala taree jira, mirga deebitee lamuu gaafachuu hin qabdu. Barnoonni bareedaan namni Muslimaa guyyatti yeroo shan baratu kuni gatii daqiiqaa tokkoo beekuuf gahaa mitii? yoo beellama isii kana namoota biroo waliin hin kabajin hangam akka kasaaru hin hubatuu?

Yeroo dargaggummaa kootii sheek Albaanii wajjiin Rabbiin isaanii haa araaramuu yeroo tokko marii taasisee ture, yaada Masjiida tokko keessatti salaatuma tokkoof salaata garee hedduu ummuu maaliif hin danda'amnee jedhuudha. Namoota salaata jalqabaa hin dhufaniif imaama isaanii filatanii salaata garee lammaffaa uumuu maaliif hin dandeennee? Ammas namoonni biroo dhufanii salaata garee sadaffaa fi afraffaa uumuu maaliif hin dandeennee?

Sheek Albaaniin yaada gareewwan adda addaa Masjiida tokko keessatti imaama gara garaatiin salaatan kana jala sararanii didan. Anis mala isaan didaniif kana yeroo as gabaabaa kana hubadhe. Masjiida tokko keessatti salaanni garee heddummatuun gareen adda addaa, garaagarummaa yaadaa, addaa adduummaa kallattii, wal-diddaan onnee fi namoonni addaan faffagaachaa dhufuu calanqisiisa. Garee tokko qofa taasisuun leenjii Rabbiin guyyaa hunda Muslimtootaaf

kenuudha. Leenjiin kunis beellama tokko, hirriira tokko, onnee tokko, hawaasa tokko akka uumamu taasisa.

Qulqulleeffachuu fi waan bareedaa uffachuun immoo akka Masjiidaa seennee Rabbii keenya afoo dhaabannuuf nu qarqaara. Akkusuma fokkina wallaalaa, dukkana doofummaa, tapha xuraawaa, duubatti hafummaa fi maaltu nagahee irraa garaa dirree qaroominaa seenuuf nu qopheessa. Dirreen kuni qulqullummaa keessatti hundeewwan seera qaroominaa kan akka mul’ata gaarii uffata bareedaa uffachuu, tartiiba qabaachuu fi kkf nama hin guutiniif balbala hin banu. Wantoonni kunniin qaama isaanii fi uffata isaanii qofa irratti osoo hin ta’in, Masjiida, wajjiraalee, mana jireenyaa, mana barnootaa, mana yaalaa, tajaajila, karaa, lubbuu isaanii fi jiruu isaanii keessatti wantoota hedduu qulqulleessuu qabu.

Nuti amma Masjiida keessa jirra. Maqaan haarofni mana gabbartii Rabii kan amantaan Islaama kuusaa jechoota afaan keenya keessa galche kuni, irra deebi’ee haala garbichii Rabbii isaatti qajeelatti dhihaatu nu yaadachiisa. Innis sujuuda jedhama. Sujuuda jechuun mataan kee, kallachi kee fi funyaan kee dachii tuquudha. Innis xumura of gadi qabuu fi Rabbiif jecha of cabsuuti. Sadarkama ati mataa kee gadi qabattee, kallacha kee lafatti riigdee fi lubbuu kee Rabbumaaf jecha xiqqeesiteen Rabbitti dhihaataa fi sadarkaan kee sama’aa keessatti oli fuudhamaa dhufa.

Leenjii of gadi qabuu guyyaa hunda namni Muslimaa tokko garaagarummaa saa’atii tokkoo ykn lamaa ykn sanaan oliitiin guyyaa fi halkan Rabbii isaanii duratti fudhatan.Rabbiin ol aane ibsa malaa’ikaa isaa akkana jedhee ibse:

﴿ لَا يَسۡتَكۡبِرُونَ عَنۡ عِبَادَتِهِۦ ﴿٢٠٦﴾ ﴾ الأعراف: ٢٠٦

*Isaa gabbaruu irraa hin boonan.(Al-A'araf :206)*

Osoo namni hundi salaata isaa qajeelatti salaatee, of gadi qabuun amala nama hundaa ta'ee namooni badhaasa walii kennuun boona balleessan ture. San booda wal dhabuun jiruu isaanii keessaa badee jidduu isaanitti akka Rabbiin isaanii dhaame sanitti jiraatu.

﴿ أَذِلَّةٍ عَلَى ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ﴾ المائدة: ٥٤

*Nama mu'minaatiif nilaafu (Al-maa'ida: 54)*

Akkuma ergamaa isaa amanamaafis dhaame

﴿ وَٱخۡفِضۡ جَنَاحَكَ لِلۡمُؤۡمِنِينَ ﴾ الحجر: ٨٨

*kooluu kee mu'imintootaaf gadi qabadhu.(Al-hajir: 88)*

Dubbiin akkas ta'ee argamnaan tarkaanfii jalqabaa karaa qaroomaa nu fidu qabannee jirra.

Masjiida yoo seennu wanti yaadannu mana barumsa sujuudaa kan of gadi qabuun, Rabbiif xiqqaachuu, isumaaf of cabsuu fi gara laafina Muslimtootaa keessatti argamu seenuu keenya. Akkasuma wal gahii nama hunda wali qixxummaan walitti qabu fi onnee teenya tokko godhee, jibbaa fi diinummaa lubbuu keenya keessaa qulqulleessee wal dhabbii fi waanyoo balleessa. Nama guddaa, xiqqaa, kabajamaa, salphataa, hiyyeessa, dureessa, mootii, miidhaa fi miidhamaa osoo hin jenne wal gahii kana keessatti hirmaatu.

Hiriira keessan tolchaa, hiriirri keessan kuni hiriira malaa'ikaa fakkaataa. Koomee keessan walitti dhiheessaa, qaawwa cufaa, obboleeyyan keessanitti harka laafaa

Sheexaanaaf qaawwa hin dhiisinaa. Nama hiriira walitti sufe Rabbiin isa sufa. Nama hiriira kute Rabbiin kabajamaan ulfaataan isa kuta. (*Albaanitu sirreesse Abdallah Umar irraa*)

Yaa Allaah yeroo meeqa dhaamsa bareedaa nabiyyii kabajamaa kana dubbifnee, ykn Hadiisa, yaadachiisaa fi kuxbaa (gorsa) jimaataa keessa yeroo meeqa meeqa imaamonni yeroo salaanni iqaamamtu irra deebi'anii nu dhageessisanii? Garuu nama meeqatu jechoota isii kan bira dhaabatee, waan duuba jechoota kanaa jiru namni beekuuf yaade jiraa? Yeroo sani Hadiisni kuni seera hiriira salaata sirreessuuf itti fayyadamnu qofa akka hin taane hubata. Hadiisni kuni seera wal qixxummaa lubbuu, sirna guutuu fi filatamaa hawaasa qaroomaa wal qixxaahaa fi namni tokko nama biraa hin caalle uumuuf kaayameedha.

Mee jalqaba Hadiisa dubbisa akkanatti gaafii wal haa gaafannu: maaliif hiriira tolfadhaa koomee walitti qajeelchaa jedhame? Ergamaan Rabbii dubbiin hiriira tolchuu fi koomee walitti qajeelchuuf maaliif barbaachisummaa guddaa kana kenneefii? Deebiin gaafii kanaa salphamatti waan qaroomni asii jalqabuufi, dubbiin tuni waan firii qaroomaa taateefi.

Kanaaf ati jalqaba irratti wal gahii garee salaataa kana akka dhuftuuf waamichi siif godhamee jira, sababni isaas qaroominni dalagaa gareeti malee dalagaa dhuunfaatii miti. Miirri garee namatti dhagahamuun of jaalachuu fi dhiibbaa isaa irraa bilisa akka taanu nu godha. Qarooma jechuun jalqaba irratti gareedha.

**Lammaffaan** immoo waamicha siif godhame kana kabajuun yeroo murtaawaa isaa eeggattee guyyatti wayta tokko

qofa osoo hin taane yeroo shan bakkatti argamtee obboleeyyan kee waliin wal arguu qabda.Hiddaa dhiigaa kee keessa hafuurri gaariin yeroo beellama kabajuu fi waadaa seente guutuu keessa yaa'uu qaba. Kunis amala kee ta'uun bakkaa fi yeroma kamiyyuu si jalaa hafuu hin qabu. Qarooma jechuun xiinxalla, waadaa eeguu fi yeroo keenyas ta'ee kan nama biraa kabajuudha.

**Sadaffaa** irratti gareewwan si waliin waamamanii dhufan wajjiin hiriira tolchuu qabda. Tartiibni isin gootanii seerri isin ittii dhaabattan tartiiba lubbuufi mataa keessan keessa jiru calanqisiisa. Dalagaa keessan tolchuun fi onneen teessan walitti galuun, hawaasni badhaadhaan, wal qarqaaraan, qaroomanii fi hawaasni wal guutu akka argamu taasisa. Qaroomni dalagaa gareetii fi wal guutaadha, sirna qabeessaa fi tartiiba kan qabuudha. Obsa, of gadi qabuu, wal danda'uu fi namoota biroo hammachuu danda'uudha. Qaroomni karaan, onneen, lubbuu fi kaayyoon walitti galuu qaba. 3, 4, 5, 10 ffaas yoo ta'es kanuma ta'a.

Ergamaan Rabbii seera kana nu harkatti dhiisee, namoonni dadhaboon fi dhukkubsatoonni onnee akka itti hin taphanneef kallattiidhaan sama'iidhaan walitti hidhan. Kunis namni tokko salaata dhiisuu, xureessuu fi isatti waa dabaluus ta'ee hir'isuu akkaa hin dandeenneefi. Yaa warra fuu-dura Rabbiitti hiriira salaataa keessatti dachee irratti dhaabattan, hiriirri keessan, hiriira porotokoola mala'ikaa sama'aa keessatti dhaabatanii akka fakkaatu hin dagatinaa. *Hiriirri keessan kuni akka hiriira malaa'ikaati.*Hidhaan baay'ee nama ajaa'ibu, mala gaarii seera qaroomaa fi waan isii dachee keessatti jabeeffamu,

waan sama’aa keessatti ta’uu fi tartiibeffamuun walitti hidhamuudha. Hadiisni asitti wanti jechoota muraasa kanaan nuun jedhu: gabbartiin sirriin qarooma sirriiti. Akkuma sama’aa keessa jirutti dachee keessattis ta’uu qaba.

Erga kana hunda gooteen booda ammas seera biraa akka hordoftu ajajamtee jirta. *Qaawwa cufaa, sheeyxaanaaf qaawwa hin dhiisinaa,* kunis qarooma uumuudhaaf dhugummaa fi itti gaafatamummaa dhuunfaati. Hundi keenyayyuu qaawwa hawaasa keenya jiddutti galee cufuu qabna. Hunduu damee barnoota isaatiin dalagaa dhuunfaa fi dandeetti qabu aarsaa gochuun ga’ee qarooma hawaasa tokkoo ijaaruu keessatti qabu bahuu qaba. Namni dhuunfaa tokko itti gaafatamummaa isaa dhiisuu jechuu fi bakka duwwaa cufuu dhabuun qaawwa kana sheeyxaanaaf dhiisuu jechuudha. Ijaarsa kana irratti rakkoo hawaasa kana miidhuu danda’u uumuun ganiinsa fi xiqqeenna ta’a. Qaroominni damee barnootaa fi itti gaafatamummaa dhuunfaa ijaarsi walitti maxxanaan ittiin ijaaramuudha.

Ammas irra deebi’ee ergamaan Rabbii seera dachee keessaa kana seera sama’aatiin walitti hidha. Gabrichi hiriira salaata isaa asitti sufu Rabbii aakiratti isa sufa. Yoo dachitti hiriira kute Rabbiin sama’atti isa kuta. *Nama hiriira salaata sufe Rabbiin isa sufa, nama hirriira salaata kute Rabbiin ulfaataa fi kabajamaan isa kuta.* Sila hidhaa akkaan ifa gala ta’e kan seera qarooma dachee irratti dalagamuu fi waan sama’aa keessatti ta’aa jiru walitti hidhu kuni hidhaa akkamiitii? Hidhaan kuni seera ibaadaa fi seera qaroomaa walitti hidha.

Ergasii booda, kanas ta’ee kaan; gara jabeenya akka dhiiftuuf ajajamtee jirta. Obboleewwan kee salaata keessatti

(jiruu hawaasummaa keessatti) si cinaa dhaabbatanii salaatan garaa itti laafuu qabda. *Obboleewwan keessanitti garaa laafaa,* laafinsi koomee teenya yeroo obboleewwan keenya nu waliin salaatan hiriira salaata keenyaa sirreessuuf duubaaf duratti qajeelchuuf nu qarqaaran ykn qaawwa hiriiraa cufuu keessatti yoo yaalii taasisan, gochi isaanii kuni xumura irratti amala keenyaa fi onnee teenyaaf miira gaarii fida.

Namoota waliin yoo dalagdu garaa jabaachutti hin dabin. Akkasuma yaada, dalagaa dhimmoota keenya yoo namoota yaadaan walii hin gallee waliin dalagdu, keessumattu namoota amantaa keetiin gargar ta'e wajjiin yoo jiraattu waa jajjabeessuu, gogeessumma, shororkeessuummaa fi humna fayyadamuu hin qabdu. Akkuma Aa'ishaan haatii mu'imintoota nuuf odeessitutti dhimmoonni ergamaa Rabbii (S A W) jiruu isaa hunda keessatti akkana ture.

'Ergamaan Rabbii takkaa hojjataa isaa hin rukunne, dubartii isaas hin rukunne, yoo jihaada keessatti ta'een ala ergamaan Rabbii takkaa namuma tokkos harka isaatiin dhayanii hin beeku. Waan lama wal bira yoo filachiisan yoo badii hin ta'in kan isa salphaa ta'ee jaalatu. Yoo badii taate nama hunda caala badii irraa fagaata. Guyyama tokkos waan isa miidheef ykn isatti dhufeef gadoo (haloo) bahee hin beeku, hanga kabajaanRabbii ulfaataa fi guddaa tuqamutti, yeroo sana Rabbii ulfaataa fi guddaaf gadoo bahu. (*Albaanitu sirreesse, Aaa'ishaa irraa)*

Ergamaan Rabbii (S A W) hangam akka nu of gadi qabnu barbaadan, garuu nuti booninsa dabalanne. Hangam akka garaa laafnu barbaadame, garuu nuti garaa jabaanne, hangam

akka giddu galeessa taanee wal dandeennuuf barbaadame, garuu nuti duubbi jajjabeessuu fi shoororkeessummatti dhihaanne, hangam akka walitti dhihaannee walii galluu barbaadamee, garuu nuti addaan fagaannee wal dhabne, hangama akka walitti qabamnee tokko taanu fi wal jabeessinu barbaadamee, garuu nuti addaan faffacaanee ummata dadhabaa taane.

Muslimtoonni sunnaa fi shii'aa jedhamanii garee baldhaa irratti addaan qoodaman. Garuu dheerina yeroo fi bakkaa kan rogni Islaamaa irraa ijaarmae irratti wal hin dhabne, akkasuma hundee, lakkoofsa, sochiilee, yeroo, sababa isaa fi bifa salaata garee ittiin gaggeessan keessatti wal hin dhabne.

Ijaarsi dalagaa garee irra caalaa ibaadaa keenyaa jallinaa fi daba irraa eegee jira. Muslimtoonni jechoota Qur'aana keessatti dhufan irratti wal hin dhabne, sababni isaa akka gareen Qur'aana dubbisuu waan ajajamaniifi. Akkusuma guyyaa keessatti yeroo sadi salaata ol fuudhanii qara'an keessa tti akka mirkaneeffamu taasifamee jira. Kunis masjiida, gandaa fi mana mara keessatti ta'a. Imaamni yoo qara'uu namoonni isa wajjiin duubaan salaatan qaraatii isaa ni mirkaneessu. Muslimtoonni wanti irratti wal dhaban hiikkaa Qur'aanati. Hiikkaan Qur'aanaa dalagaa dhuunfaa waan ta'eef. Akkasuma boca salaataa irratti wal hin dhabne, dalagaa garee guyyaa keessatti yeroo shan masjiida keessatti mirkanooftu waan taateef, garuu wanti irratti wal dhaban salaata kana keessatti onnee gara eennuuttii garagalti kan jedhuudha. Onnee too'achuu kan danda'u Rabbiin malee hin jiru. Boca hajjii fi hundeewwan isaa irratti namni wal dhabee hin jiru, dalagaa gareen dalaganii gareen mirkaneessan waan taateefi. Garuu hundeewwan tokko tokko irratti

xiyyeeffachuu fi dameewwan tokko tokko irratti xiyyeeffachuu irratti wal dhaban.

Amman tana ummata addunyaa kana yoo ilaallee eenyutuu qaroome eenyutuu duubatti hafe jeennee osoo addaan baasuuf yaallee. Amala Gareewwan lamaaniituu osoo lafa keennee, waarroota qarooman keessatti kan arginu of gadi qabuu, wal danda'uu, wal gahuu, wal qarqaaruu, wal qabachuu, damee barnoota tokko qabachuun hojjatanii akka nama garee, harka, onnee, tokkootti kutannaa, yaadaa fi fedhii guutuun biyya isaanii ijaaruu argina. Warroonni duubatti hafan immoo ufii ol fuudhanii, boonanii, walitti jabaatanii, wal nyaatanii, waan hunda lafatti gatanii, namni hunduu adda addaan faffaca'anee, gareewwan isaanii lama kan wal lolan ykn dharri jiduu isaaniitti qabsiifame argita. Mararfannaa guddaadhaan dubbiin kuni yeroo ammaa kana haala hedduu biyyoota Muslimaa hin ibsuu.

Osoo hundi keennayyuu Hadiisa armaan gadii kana ija isaa dura kaayee, jechoota isaa ilaalee, warra isaa, mataa isaa fi namoota naannoo isaa jiran hunda irratti hojjatee, ergamaan Rabbii (S A W) salaata garee kana kan mirkaneesseef, iccitii wahii akka nuuf kaahee qajeellotti hubataa. Tokkummaan wal qabachuu fi humni icciitii isaati. Yoo akkas hin ta'in akka re'ee garee isii keessaa baate yeeyyiif laaqana taatuuti. Garuu ani kan jedhu, maaltu akkanatii yeeyyii addunyaa teenya tana keessatti heddummeesse?

'Namoota sadihis ta'ee badiyaa keessatti yoo salaatni isaan keessatti hin salaatamin, sheeyxaaanni isaan irratti mooyee jira. garee irraa hin fagaatin, yeeyyiin kan nyaattu re'ee addaati,

jechuun re’ee garee isii irraa adda baatee deemtu jechuudha.’ (*Abuu Dawuudtu Abu Dardaa’i Irraa Odeesse*).

Qaama qofaa mitii, Yeroo onneen salaata garee keessatti walitti qabamtu, dubbiin kuni yaada, dalagaa fi guutuu jiruu keenya irratti calanqisiisuu qaba, waan gaarii ykn badaa gareedhaani, hin fudhanna moo hin fudhannu gareedhaani, yaani gareedhaani, dalagaan gareedhaani, ijaarsi gareedhani, kophiin gareedhaani, gaddii gareedhaani, bifa kanaan Muslimtooni wallaala wallaalaa, kufaatii kufaatii, fi dubatti hafummaa cimaa keessaa gara qarooma Islaamumaa amala isaa, yaada beekkumsa, tokkumma biyya isaa, tookkomma ijoollee isaa, yoo garee fi jannanni isaan biratti walitti qabamte dachee fi sama’aa walitii qabani.

‘Garee jabeessaa, addaan bahiinsa irraa fagaadhaa, sheeyxaanni nama lama irraa fagatee, nama adda jiru waliin jira. namni afuura jannataa barbaadee garee waliin haa ta’u.’ (*Albanitu Sirreesse Umar Ibnul Kaxxaab Irraa*)

Qaroomni wal-gahuu, wal guutuu, tokkommaa, waa tolchuu, of gadi qabuu, garaa lafuu, wal danda’uu, namoota biroo waliin jiraachuu, waltti dhihaachuu, yaada fedhii fi obsa guddaa qabaachuudha.

## Kuxbaan (gorsi) Jimaataa Leenjii Meesoomaafi Guddinaati

Guyyaa tokko imaamni Masjiida Okosfoordi keessatti argamu irratti kuxbaa isaa afaan Arabaa jecha tokko osoo hin fayyadamin afaan Ingiliizii qofaan godhee yoo xumuru namoonni salaataaf dhufan wacuun mormii dhageessisan. Kuxbaan imaamaa sirrii miti, afaan Arabaatiin hin goone,

kanaaf salaanni keenya kan jimaata salannu kuni sirrii miti yoo kuxbaan afaan Arabaatiin hin ta’in jedhan.

Nuti asi biyya Ingiliz kana keessatti yeroo hedduu galteen akkana tuni baay’ee nu rifachiisti. Namoota afaan Arabaa hin duubbanne, jaalala, qulqullina fi kabaajaa isaan afaan Arabaa kanaaf qaban kan nutuu hin qabneef kana yoo arginu ajaa’iba dinqisiifannaa fi galataan guuttameen dubbii kana laalla. Kabajaan isaan afaan keenyaaf qaban kuni nu saalfachiisee, xiqqo karaa qajeelatti akka deebinuu fi aadaalee karaa hin taaneen nurratti dhiibba fidanii, kabajaa keenya ajjeesan irraa akka qulqulloofnee afaan keenya jaalannuuf nu kakaasee jira. Ammas akka irra deebinee afaan keenya kana abuurree beeknuu fi qulqullummaa, gatii fi bakka isaa akka beeknu nu qarqaaree jira.

Kuni obboleewwan keenya isaan irraa roga ifaa fi nu warra Arabaa miira badii fi dukkanaa akka nutti dhagahamuu godhee jira. Dirqama nuti afaan haadha keenyaa guddisuu daganne kanas nu yaadachiisee jira. Garuu dubbiin kuni roga adda ta’eeni.

Yeroo obboleewwan keenya osoo afaan kana hinbeeknes ta’ee, kuxbaan jimaataa afaan Arabaa malee ta’uu hin qabdu jedhan kanatti, wanti nu ifatti hubannu yoo jiraate gahee cimaa fi barbaachisummaa kuxbaa jimaataa Muslimtoota tokko tokko biratti rakkoo gabaabina hubannaa jiraachuu isaati. Akkasuma Muslimtoota biratti addaan bahiinsa jiruu fi diinii ifatti mul’ata.

Kuxbaa jimaata afaan Qur’aanaa fi nabiyyii keetiitiin dubbisi, wanti ati jettee fi hin jedhinis san booda rakkoo hin qabu, salaata kee shanan salaati, ergasii yoo hatte, yoo gantee,

yoo kijibde, yoo sagaagalte, rakkoo hin qabu. Foon karkarroo hin nyaatin, garuu foon halaala nyaadhuu, ergasii badii barbaadde dalagi, kunoo bifa kanaan amantaan Islaamaa hawaasa dhihaa biratti hubatame. Kunis gara tokkoon Muslimtoonni haqa amantaa Islaamaa balleessanii ; Gara biraatiin xiyyeeffannoo isaanii hundeewwan amantaa Islaamaa dhiisuun, dameewwan isaa irratti waan xiyyeeffataniifi, miidhaa meeqatu Muslimtootni Islaamummaa beekuu dhabuutiin Islaamatti dhufe. Balaa meeqatu harka ilmaan muslimtootaatiin Islaamatti dhufee?

Obboleewwan keenya sunniin imaama irratti wanti dirqama godhan, kuxbaan jimaataa afaan Arabaattiin malee afaan biraa kan isaan hubachuu danda'aniin ta'uu hin qabu jedhu. Kuxbaan tuni kan imaamni itti dabale Hadiisa tokko tokkoo fi keeyyata tokko tokko caala of keessaa hin qabdu, yookaa sanuu qabaachuu dhabuutu mala. Jechoota tokko tokko fi oduu beekkama dur irra dhaalaan dhufte kan torbaan maraa sanuma irra deebi'ee dubbisuun namoonni akkuma Masjiida seenanitti Masjiidaa bahu. Wanti haarofni hinjiru, wanti isaan hubatan hin jiru, wanti dhagahan hin jiru, wanti fayyadaman hin jiru, wanti yaadachiifaman hin jiru, wanti murtiilee shari'aatiif ibsa kennan hin jiru, wanti rakkoo yerootiif furmaata barbaadan hin jiru, Bifa kanaan hafuuraa fi gahee kuxbaa jimaataa ajjeefnee haasawa afaanii malee wanti hafe hin jiru.

Nuti bifa kanaan ibsa ijjannoo torbaanii hiika isa dhabsiifnee, guutumatti gara jechoota makaanikalaatti jijjiirra, akkuma Muslimtoonni hedduu ibaadaa isaanii fi hiikka dalagaa isaanii jiruu isaanii irraa addaan baasanitti. Ni salaatan, ni hatan,

ni sooman, ni kijiban, ni hajjina, ni taallessan, nama miidhan, nama hamatan, seera cabsanii badii raawwatan, wantoota badii fi dogoggoraa dalaguu baratan hunda isaa daangaa Rabbii tarkaanfachuun ni raawwatan. Kunis addaan bahiinsa ajaa'ibaa amantaa isaanii fi jiruu duniyaa isaanii jabeessaa dhufa.

Namoonni doofaan tokko tokko yeroo inni seera filannoo foon halaalaa filachuuf hordofuu qabdu si gorsu argita, osoo hubannoon kee foon halaalaa irratti qabdu sirrii ta'ee fi isaan wal dhabees, garuu of keessatti kan dhoksu ykn muldhisu, wantoota akka taallee, roorroo, faallessuu, kijibuu, hannaa, nama miidhuu, dhara raguu, seera cabsuu fi enummaayyuu dhugaatii haraama dhuguun isaa biratti homaa miti. Badii kana hunda booda ani Muslima dhugaati jedhee mormata. Hubannoon foon halaalaa seerri isaa sirrii fi dogogoraa yoo addaan bahee hin hubatamin Islaamummaa fi karaa isii irraa si baasuu hin danda'u.

Kuni yeroo ammaa tana hawaasni Muslimaa baldhaan kan keessatti argamuudha. Salaatii, ergasii waan barbaadde dalagi. Kuxbaa keessatti waan feete jedhin garuu afaan Arabaatiin ta'uu qaba, jiruu kee keessaa fi namoota waliin jiraattuu wajjiinis waan barbaadde dalagi garuu foon halaalaa qofa nyaadhu. Akkuma hubannaa dhiphaa fi gabaabaa naannoo sanitti foon halaalaaf qabanitti.

Namoonni hedduun gahee cimaa kuxbaan jimaataa hawaasa Muslimaa guddisuu fi misoomsuu keessatti qabu hin beekan. Salaanni jimaataa akkuma waan dirqama bahuu fi gaggeessuu qabaniitti qofa isaan bira dabarti. Kanaaf salaatanii of irraa geessanii jiru. Yeroo murtaawatti gahanii, kuxbaa

imaamaa dhageeffatanii, hiriira qajeelaatiin isa duubaan hiriiranii salaata isaanii bitaa fi mirgatti salaama baafachuun geessanii jiru.

Haala kana irraa waan gaarii wahii gaafachuun dirqama ta'a. Imaama kuxbaa dubbisu dhageeffachuun dirqamaa? Caldhisanii hanga inni geessutti dhageeffachuu qabuu? Yoo adabuma, kabajaa fi imaama kuxbaa godhuuf taate malee waan kana caalu hin argine. Sila bifa kanaan kuxbaan jimaataa sochiilee amantaa fi leenjii qaamaa malee barbaachisummaan isaa fi qabiyyee isaa hiikkaa tokkos hin qabuu?

Salaanni ibaadaadha, kuxbaan karoora dalagaati. Kuxbaan jimaataa qamaa salaata jimaataa irraa adda bahamee laalamuu miti. Hayyoonni amantii tokko tokko akka jedhanitti namni kuxbaan jalaa tarte akka waan salaanni jimaataa jalaa tarteeti.

Guyyaa jimaataa malaa'ikaan balbala Masjiidaa irra ta'anii namoota sadarkaa isaanii barrreessani, ebalu saa'atii akkanaatti dhufe, ebalus saa'atii akkanaatti dhufe, ebalus saa'atii akkanaatti dhufe, ebalu immoo yeroo imaamni kuxbaa godhu dhufe, ebalu yoo dhufu salaata qofa dhaqqabate, salaata jimaataa hin dhaqabanee, namni kuxbaa hin dhaqqabatin salaata jimaataa hin dhaqqabatu. (*Ahmadituu Abi hureeyraa irraa odeesse*)

Asi irraa ka'uudhaan imaamni kuxbaa isaa sadarkaa beekkumsa warra salaatuu fi hawaasa isaatiin addaan baasee qopheessuu qaba. yoo hawaasni kuni waa haa fayyadamee bahuu barbaade haala isaanii fi waan isaan yaachisu irraa dubbachuu qaba. kuxbaan jimaataa kan hawaasa hojjatoota irratti dubbifamu, kan hawaasa barate irratti dubbifamuun addaa

ta’uu qaba. kan isaan irratti duubifamu, kan barattoota irratti dubbifamuun garagara ta’uu qaba. kunis kan barsiisootaa fi barattoota dhaabbilee barnoota ol’aanoo irratti dubbifamuun wal fakkaachuu hin qabu. Akkasuma warroota amma haarawa amantii Islaama seenan irratti kuxbaan dubbifamu kan hundaa irraayyu adda ta’uu qaba. Dubbiin kuxbaa akkana ta’uu qaba.

Ergamaan Rabbii (SAW) keeyyata Qur’aana kuxbaa isaa keessatti sagantaanis ta’ee sagantaan ala irra hin deddeebi’u. Akka imaamman hedduun yeroo ammaa kana godhan, kuxbaan isaanii Hadiisa muraasaa fi keeyuyata Qur’aana muraasa bira hin tarre jechuudha. Isima tana torbaan maraa irra deebi’anii osoo waan amma jiruun yeroo fi bakkaan walitti hin hidhin nurratti dubbisani. Nutis sababa keeyyata yeroo hunda gurra namaa irratti sagantaanis ta’ee sagantaan ala dubbisnu kanaaf itti gaafatamuun keenya hin oolu. Kunis lubbu namoota salaatanii irratti miira gaarii hin uumu, jaalalli isaan keeyyata Qur’aanaa fi Hadiisa kanaaf qaban xiqqaachaa dhufuun isii irra dheessuu fi dhiisutuu uumama. Tarii dubbiin kuni keeyyatoota Qur’aanaa hunda irratti ta’uu danda’a.

Yoom dhimmi kuxbaan jimaataa kan darbe osoo hin ta’in qabiyyeen isaa kan dhufuu ta’a? Hundee Islaamaa fi hundeeffama walitti fufaa amantaa Islaamaa ta’uu dhiisee hubannoon foon halaalaa yoom dhimma damee ta’aa? Yoom jiruun teenya qaama, rawwaannaa fi dhugummaa ibadaa keenyaa fi mallattoo amantaa keenyaa calanqisiisa?

Akkuma ergamaan Rabbii nu mirkaneessanitti Rabbiin waggaa dhibba tokkotti ummata Muslimaaf nama diinii isaa isaani haarawoomsu erga taate, gaheen nama kuxbaa godhuu,

torbaanitti yeroo tokko murtiilee baldhina amantaa isaanii fi rakkoowwanii fi galteewwan torbaan kana keessatti isaan mudate hiikuu fi furmaata kaahuudha. Saffisa jiruu akka dhaqqabatanii fi walitti hidhanna isiin qaban akka jabeeffataniifi. Akkasuma jiruu isaanii akka ijaaranii fi guddisuu keessatti akka hirmaatan gochuu qaba.

Dhaabbanni kamiyyuu sagantaa leenjii, jiijiiramaa, fi dirqamaa hojjatoota isaatiif kennu ni qaba. kuxbaan jimaata sagantaa leenjii, qajeelfamaa, dirqamaa, jijjiirama jiruu Muslimaati. Hidhaan torbaanii seera qabeessi kuni barnoota, dalagaa, qarooma, leenjii fi guddina ijoollee jidduu dhaabbilee Islaamaa fi dhaabbilee jiruu walitti hidha.

## As Irraa Jalqabna

Guyyaa tokko obboleessa keenya kan Masjiidatti nu waliin salaata ture wahii gaafachu deeme. Inni nu waliin salaatuu dhiisee jira amma Masjiida biraatti salaata naan jedhan, sababni isaa nama nu waliin salaatu biraatiin waan wal loleefi, ergasii obboleessa biraa kan yeroo hedduu dura hin argin, argee maaliif akka durii Masjiidatti si hin arginee jedhee gaafadheen? Ani masjiida imaamni kuxbaa irratti ol bahee ilmi nama furrii yaraa kana irraa uumame jedhu keessatti hin salaatu. Akkamitti furrii yaaraa godhaa? Ergasii yeroo gara masjiidaa deemu hiriyyaa Muslimaa tokkoon wal arginee karaa irratti waliin haasofne, yoo Masjiida bira geenne nagahatti naan jedhee of irra deebi’e. Rifadhee sila nu wajjiin hin salaattu jedheeni, mataa isaa bitaa fi mirgatti naanneessee ani garee salaffiiyyootaa waliin hin salaatu naan jedhe.

As deebi'ee mataa koo gaaafadhe, osoo ummanni Islaamaa garee namoota sadiin kanniiniitti qoodamee, tokko sadaffaan isaanii Masjiida nama waliin wal loleetti hin salaatu. Tokko sadaffaan dogogora imaamaa fi nama kuxbaa dubbisuu irra hin taruufi, suni dogoggore jennee yoo fudhanne, tokko sadaffaan immoo masjiida nama yaada fi xiinxallaa isaa faallessuu waliin salaatuu hin barbaadu. Yoo dubbiin akkana ta'ee ummanni akkanaa kuni guyyaa wayii ummata addunyaa bulchuuf danddeettii qabu dhiisiitii, ummata ofiifuu of-bulchuu danda'u jettanii yaadduu?

Haala Masjidaa fi haala seera salaata garee maal goone? Gahee seenaa salaannii fi masjiidnii qabu kan hoomaan waraanaa Islaamaa isii irraa danbali'ee amantaa Isalaama babaldhise san akkam goonee? Yeroo gabaabaa fi seenaa qarooma ilma namaa keessatti kan Islaama duras ta'ee isa booda saffisni kuni hin argamin keessatti qaroomaa fi amala gaarii Islaamaa kana bifuma salphaadhaan kan diriirsuun dada'ame Masjiidaa irraa ka'aniiti.

Eble 2012 akka lakkoofsa faranjootaatti, leenjii dhaabbanni 'Akaadamii da'awaa hammayyaa' magaala Kaayrootti qopheessan tokko irratti akka hirmadhu waamicha naaf godhamee jira. Kaayyoon isaa barattoota Univarisitii Azhar irraa eebbifamanii qabxii oli aanaa fi amala gaarii qaban dhaloota dargaggootaa wajjiin wal gahanii ergaa Islaamaa giddu galeessa akka geessaniifi. Muuxannoon waggaa 20 tti dhihaatu caffee biyya Ingiliiz kan beekkamtii kennu *(the british accreditation council)* dhaabbilee barnoota ol-aanoo keessatti hojii sakatta'iinsaa irratti dalagaa ture. Yeroo ammatti caffee

kuni dhabbilee barnoota ol aanoo biyya Ingiliiziin ala jiruttis babaldhataa dhufee jira. Kana jechuun muuxannoo fi sadarkaa qarooma biyya Ingiliiz gara dhaabbilee kanniiniitti diriirsuu jechuudha.

Dhaabbata kana irratti dubbii wali fakkaatuun dhaabbata maqaan isaa caffee Isalaama addunyaaf beekkumtii kennu jedhuun akka dhabbatu gaafadhe. Biyya Gibxii irraa ka’ee biyyoota Islaamaa hunda keessatti seera caffee hordofuun kaayyoo bu’uura qaroomaa argachuuf. Bu’uurri qaroomaa kuni dhaabbilee barnoota qofa irratti kan xiyyeeffatu osoo hin ta’in, dhabbilee biyyatti keessatti argaman hunda xiqqaa gudda osoo hin jenne, kaanpaaniwwaan, kaabineewwan mootummaa, karaa fi ganda xiqqaa, manneen jireenya wali galaa, hospitaalota, buufataalee fayyaa, manneen barnootaa, dhabbilee qorannoo addaa addaa, magaazina (kuusaa) daldalaa, masjiidota, betakiristaanota, iddo bashannana walii gala, iddoo bashannana ijoollee, fi warshaalee ijaarsa adda addaa keessatti diriiruu qaba.

Barattoonni shantamman leenjii akkaadamii da’awaa hammayyaa kana irratti hirmaatanii godinaalee Gibxii hunda keessa facaafamuuf deeman kuni, biqilaa yaada kanaa akka ta’aniifi. Kunis dhaabbilee xixxiqqoo naannoo ta’anii seeraa fi heera dhabbata giddu galaa kabajuun akka isaan walitti hidhaman godhuudhaani. Dhaabbileen naannoo xixiqqoon tuni hafuura wal dorgommii qaroomaa fi diinii dhabbilee mandara isaanii keessa jiru jiddutti akka kaaftuufi. Wal dorgommiin kuni xumura irratti kan fidu, caffee giddu galeessaa irraa waraqaa beekkumtii argachuutti isaan geessa. Kunis gama isaatiin dhaabbileen wal dorgommii cimaa taasisuun dhaabni waraqaa

beekumtii kana hin argatin miira waan naannoo isaa jiru irraa fagaatuutu itti dhagahamaa dhufa.

Bu’uurri kuni ji’a irra gara ji’aatti waggaa irraa gara waggaatti biyya Gibxii keessatti, sababa dhiibbaan isii jiruu adda addaa keessatti faca’aa dhufeef bakkeen isii dabalaa dhufa. Wagga 10 - 20 tti biyyi Gibxii waa kabajuu, waa tolchuu, of tartiibessuu, qulqullummaan, mul’annaan gaariin, sadarkaa oomishaa guddisuu, eddo dalagaatti sadarkaa nagaha walii galaa eeguu, sadarkaa barnoota fooyyessuu, sadarkaa guddina ijoolle eeguu, fi sadarkaa namoota biroo waliin jiratuu keessatti hiriira biyyoota Awrooppaa ni qabatti. Yoo akkas ta’e shakkii tokko malee wantoonni kunniin waan wal jabeessaniif gatii diinii nu jalaa badii sanitti isii deebisa.

Sababa fincila hawaasa biyya Gibxii amajjii 25 booda rakkoo nama mararu kan isaan mudateen yaanni kuni hanga ammaatti waraqaa irra gara dalagaatti hin jijjiiramne. Kunis suuta jenne karaa biraatiin akka yaannu nu godhee jira. Maaliif sochiilee gurguddoo kana biyya isalaama ijaaruuf gurmuu qarooma xiqqoo irraa hin eegallee? Gareewwaan masjiida keessatti argaman bakka kamittuu haa ta’uu, karaa, mandarafi ganda hunda keessatti maliif nama hin gurmeessinee?

Masjiida hunda keessatti imaama mata duree godhachuun namoota tokko tokko waliin dargaggootaa fi manguddoota naannoo dabalatee salphamatti dalagaa isaan cinaatti kaaawunsilii beekumtii dhabbilee naannoo isaanii jiraniif seerota 10 hundee bu’uura qarooma jennee waa’ee salaata garee keessatti kan duubbanne san irraa ka’uun beekkumtii kennu ni danda’an ture.

Caffeen Ingiliiz kan beekutii keennu dhaabbilee beekkumtii keennuuf irraa wanti barbaadu, osoo kaayyoo isaa dhabbilee barnoota ol’aanoo keessaa banee dhabbilee biyya keessatti argaman hundaa of keesatti qabatee kan socho’u ta’ee, seerota armaan gadii of keessaa qaba:-

- Muldhannaa keessaa fi alaa ijaarsi dhaabbataa jabaa ta’uu
- Seera fayyaa, qulqullummaa fi seera nagaha hojjatootaa fi fayyadamtoota tajaajila dhaabbata kana irraa fayyadamanii.
- Ga’umsaa fi qophaa’ina ijaarsaa, biiroolee, dareelee barnootaa fi gosa tajaajila dhaabbanni kuni keennuu.
- Inshuraansiin hojjatootaa fi fayyadamtootaa eeggamuu.
- Dalagaa raawwachiisuu fi kaayyoolee dhaabatichaa guutuu keessatti milkaa’insa bulchiinsaa.
- Ga’umsa hojjattootaa, waraqaa ragaa isaanii fi muxannoo barbaachisaa ta’e, mirkaneessuu wajjiin.
- Hojjatootaaf leenjii waliitti fufaa ta’e kennuu
- Sirna mindaa hojjatootaa haqa qabeessaa fi walii galtee dalagaa seera qabeessaa qabaachuu.
- Hamilee hojjatoota waan addaa dalaganii cimsuu fi guddiisuuf sirni badhaasaa fi jajjabeessuu jiraachuu.
- Sirni galmee hojjatootaa fi fayyadamtootaa gosa faayilii haarawaa fi hammayyaa ta’uu.
- Dhaabbanni sirna, poolisii, karoora fi dalagaawwan hojjatootaa kan waggaa guutuu bifa ifa galaa ta’een barreeffamee taa’uu.
- Tamsa’iinsaa fi beeksisni dhaabbata kana irraa bahu dhugummaa qabaachuu.

- Tajaajila, waraqaa raga fi muuxannoo dhaabbanni kuni hawaasa isaatiif keennuu dhugumma qabaachuu.

- Sadarkaa qaroomina afaan namoota biroo wajjiin taasisani haasawaa fi barreeffaman kan naannoo sanitti odeeffamu ta'uu qaba.

- Bulchiinsi dhaabbataa hojjatootaa fi fayyadamtoota wajjiin hariiroo gochuun yaada walitti makaa ta'e qabachuu fi muuxannoowwan fedhii isaanii guutuuf godhan qabaachuu.

- Tajaajila addaa dhaabbanni hojjatootaa fi fayyadamtoota isaaf dhiheessuu, keessumaayyuu warroota qarqaarsa addaa barbaadaniif

- Namoota hunda wal qixxeessuun gosaan, siyaasaan fi adeemsaan addaan qooduu dhabuu.

- Too'attoota dhaabbataan alaa hojii isaanii sakatta'an waggatti yeroo tokko hirmmaachisuu.

- Firii too'attoonni murteessaan, waggaa fi simisteeraan laalanii gamaggamuu.

Kuni gabaabumatti yeroo dhaabbilee kamiiyyuu daawwachuuf deemu waan hojjataan sakatta'aa kaawunsili Ingiliiz kan beekkumtii kennu, korojoo ofii keessaa qabuudha. Walumaa galatti wantoota kurnan kan nuti hundee qaroomaati jennee dubbanne san keessaa hin bahu. Kunis kan salaanni garee jabeessitee itti nama yaamtuudha. Tuutni salaata garee irraa bahan muraasni dhinnmma kana hojjiitti jijjiruun sababoota qaroominaa nuti laaffisne kana nuu deebisuu ni danda'u. Sochiin kuni Masjiida adda addaatti jalqabuu ni danda'a. Gareen kamiyyuu seeraa fi heera kan isa barbaachisuu fi dhaabbanni tokko beekkumtii argachuuf guutachuu qaba jedhee amanu

wahii qabaachuu qaba. Koreen masjiidota kanniinii yeroon booda wal gahanii seeraa fi heera walii galaa kayatan. caffee tokko uumatan, suuta suutaan heera fi seera baafne kana fooyyessuudhaan heera walii gala caffee biyyoolessaa beekkumtii kennuuf goonee lafa kaayachuun biyya guutuu irratti akka dalagu taasisuu.

Masjiidni sadarkaa akkanaa kana gahuudhaaf karoora cimaa imaamni Masjida kanaa fi naannoo kan biroos waliin ta'anii baasuu qabu. Kunis tuuta hubannoo fi dalagaa salaanni garee qabu qajeelatti kan hubatan ta'uu qabu. Akkasuma gahee salaanni jiruu hawaasa fi jijjiirama isaaniif qabuu namoota beekan ta'uu qabu. Tuutni jalqaba nuti hundeessaa jirru kunniin bu'uura tuuta guddaa Masjiidota adda addaa keessatti nu fuul duratti gurmeessuuf deemaa jirru sanaaf biqilaa gaarii ta'uu qabu. Bifuma kanaan tuuta cimaa fi baldhaa uumuun biyyatti keessatti hanga caffee walii galaa beekkumtii kennuu gahuu ni dandeenna.

Gibxiinis ta'ee biyyoota Islaama kami irraayyuu sochiin cimaa jalqabamee porojeektiin kuni biyyoota Islaamaa hunda keessa faca'uu qaba.

Dubbiin caffee akkanaa kuni osoo qajeelatti karoorfamee, biyyoota Islaamaa hunda waggoota muraasa keessatti gara qarooma isaanii kan duriitti isaan deebisuu ni danda'a. Akkasuma bifa haarawaan yaada qarooma diinii bifa nagahaan biyyoota Arabaas ta'ee biyyoota Islaamaa hundatti ni diriirsa. Kunis karaa yaada diinii Islaamaatti dalaguu jedhu deebisee uumuun, salaata irraa jalqabee ibaadaa jiruun walitti

hidhuun, fuula qarooma Islaamaa kan dhugaa addunyaaf deebisee muldhisuu ni danda'a ture.

Kuni dalagaa cimaadha. Garuu fageenyi kamiyyuu suutan eegala, salphamatti yaada caffee kana bifa gaariin osoo fudhannee waan mootummoonni fi xiinxaltoonni hedduu hanga har'aatti fiixaan baasuu dadhaban kana bakkaan gahuun ni danda'ama ture.

## Sararoota Shanan Salaataaf

يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ لَا تَقْرَبُوا۟ ٱلصَّلَوٰةَ وَأَنتُمْ سُكَـٰرَىٰ حَتَّىٰ تَعْلَمُوا۟ مَا تَقُولُونَ ﴿٤٣﴾

النساء: ٤٣

*Yaa warra Rabbitti amantan yeroo machooftan salaatatti hin dhihaatinaa waan salaata keessa jettan hanga beektanitti. (Al-nisaa'i: 43)*

Yeroo meeqaa meeqa keeyyata tana irra deddeebbinee dubbisnee osoo barumsa jechoonni isii of keessaa qabdu osoo hin dubbisin bira tarra.

Osoo nama karaa irra kophaa isaa dhaabatee harkaa fi mataa isaa sochoosuun haasawu argitanii, wanti jalqaba irratti mataa keessatti isinii dhufu sarara moobaayilii mataa ofii irratti hidhee nama biraa waliin haasawaa jira kan jedhuudha. Osoo namicha sakattaatanii laaltanii, afaan isaa irratti yoo waa hin argin, gurra isaa irratti waan waa dhageeffatuun yoo hin argin, harkaa fi kiisii isaa keessattis yoo moobaayilii wahiituu hin argin, yeroo kana filannoon ati qabdu namni kuni maraattuu ykn totora'aa ykn machaawaadha jechuu malee filannoo biraa hin qabdu. Ibsa nama kanaa ni baldhisee guddisee?

Garaagarummaa guddaa waliin, haalli kuni amala hedduu namoota salaatan biratti muldhata. Yoo laaltan namni waliin haasawaan isaan cinaa hin jiru, harka isaanii irras moobayiliin hin jiru, wanti hunda caalaa kan nama ajaa'ibsiisu yeroo haasawan akka waan nama wahii waliin haasawaa jiranii wanti akeeku hin jiru. Ykn jechoonni aayaata isaan dubbisan kun maal akka jedhuu hin beekan.

Wanti yeroo ati haasoftu fuula kee irraa haasawa keetiin maal akka jetttu muldhatuun, namni wahii kan itti haasoftu jiraachuu kan ibsuu fi osoo waan jettu hin beeynee ykn waan wahii kan jettuu fi nama wahii waliin haasawu kee wanti ibsu kan hin jirre afaan keetii fi arraba kee sochoosuun garaagarummaa guddaa qaba. Haalli lammaffaa kuni haala dhukkubaa fi rakkoo cimaadha.

Haasofni namoota kanniini jechoota duuraan hiikkaa mataa isaanii qaban saffisaan duubisuun ibsa fuula isaanii, jechoonni afaan isaanii irraa yoo bahanii fi haala isaan itti dubbisan yoo laaltu hiikka tokkos hin kennu, innis yeroo haasawa isaanii godhan fuula isaanii irratti wanti hiikkaa jechoota kanaa calanqisiisu waan hin jirreef. Sagaleen haasawa kana jijjiiramuun akkuma jechoonni kunniin jijjiiramaniin hiikkaan isaaniis waliin jijjiirame. Dubbiin kuni akkuma haasawa sarara bilbilaatiin ykn namoota biroo waliin goonuutiin wal fakkaata.

Amma irra ka'ii yaali, bilbila kee fudhadhuu hiriyyaa keetitti bilbilii, haadha mana kee ykn miseensa maatii keetii keessaa  nama tokkoon na waraaba jedhiinii, haalli sochii keetii hangam akka geeddarame, fuullii fi sagaleen kee hangam akka

jijjiirame, fi yeroo bilbila kee bilbiltu kana keessatti karaan ati ittiin haasoftu maal akka ta'ee laali.

Ibsi fuula keenyaa fi jijjiiramni sagalee keenyaa, sochiileen harkaa fi qaama keenyaa, haasawa salphaa ta'e keessatti yeroo hedduu waan haasofnu san hordofuun jijjiirama. Kan akka dhageeffachuu fi dubbachuu, waan barbaaduu fi waan barbaadan cimsanii gaafachuu, hawwii qabaachuu fi dhabuu, mormii fi rifannaa, amanuu fi amansiisuu, falmii fi of eeggannoo, kadhachuu fi warwaachuu, faarsuu fi galateefachuu, gaafachuu fi deebisuu, ajaa'ibsiifachuu fi sodaachuu, shororkeessuu fi kajeeluu, murteessuu fi mirkaneessuu, dhabamsiisuu fi argamsiisuu, hordofuu fi dhiisuu, hubachuu fi irra naanna'uu jidduuti sagalee fi ibsi fuula keenyaa ni jijjiirama. Yoo akkas hin ta'in nu meeshaa hammayyatiin addaan hin jirru jechuudha.

Kanaan dura yeroo salaattan akka roobootii ykn iskaappii ykn maraattuu hin fakkaanne mirkaneessitanii beektuu? Namni salaata isaa keessa qaama wahii wajjiin akka haasawaa jiru yaadee beekaa? Akka waan namni wahii hiriyyaa isaa, ykn barsiisaa fi hogganaa isaa wajjiin haasawaa jiruu fi qaamni lubbuu qabu wahii sarara achi aanu irraa akka si dhageeffataa jiru beekuu qabda.Ati lubbuu kee waliin haasawaa hin jirtu, ykn akka waan homaa waliinuu haasawaa hin jirreetti fudhachuun namni akka roobootii, maraatinaa fi tortoriinsaan si hin shakkinee ta'uu qabda.

Yoo dhugamaan dubbii kana mirkaneessitanii, Rabbiin gara achi aanuun sarara irratti si waliin jiraachuu amantan taate, itti haasoftanii isin dhageeffata, isa yaadattanii isin yaadata, yoo

gaafattan isinii kenna, maaltuu nama isin laaluu fi isin dhageeffatuuf dubbii kana mirkaneessa? Rabbiifuu akkamitti dubbii kana mirkaneessitan. Rabbiin hollannaa sagalee keessanii ni dhagaha, dhahannaa onnee keessanii ni beeka, waan qoma keessan keeessa jiru ni hubata, isin nama akkanaa kanatti haasawaa jirtan malee, qaama hin jirre wahiitii miti.

قَدْ أَفْلَحَ ٱلْمُؤْمِنُونَ ﴿١﴾ ٱلَّذِينَ هُمْ فِي صَلَاتِهِمْ خَٰشِعُونَ ﴿٢﴾ المؤمنون: ١ - ٢

*Mu'imuntoonni dhugamaan hoffolanii badhaadhan, isaan warri salaata ofii keessatti of gadi qaban. (Al-Mu'aminuun: 1-2)*

فَوَيْلٌ لِّلْمُصَلِّينَ ﴿٤﴾ ٱلَّذِينَ هُمْ عَن صَلَاتِهِمْ سَاهُونَ ﴿٥﴾ الماعون: ٤ - ٥

*Warra ceem'aa salaataniif ibidda weeyli jadhamutu jahannam keessatti isaaniif jir (Al-maa'uun 4-5).*

Osoo jecha tokkollee hin dubbanne Rabbiin waliin qunnamtii ati gootutuu, fuula qullaa asii achi bu'aa tokko malee kan garagalchinu caala. Rabbiin qulqullaahaan onnee teenya laala malee arraba keenya hin laalu. Onnee teenya Rabbiin waliin dubbachutuu, waggaa tokko guutuu jechoota onneen irraa hin bahin dubbachuu caala. Kuni yoo dhugaadhaan Rabbiin waliin waliitti hidhamuu barbaanne. Yeroo hunda deebifnee itti bilbiluuf yoo of saganteessineedha. Ifaa fi ulfina kanaan karaa gammachuu arguu yoo dandeenneedha. Tola salaata keenyaatiin akkuma Rabbiin nuuf beellametti badii onnee teenyaa fi dogoggora lubbuu keenyaa haquu ni dandeenya.

وَأَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ طَرَفَيِ ٱلنَّهَارِ وَزُلَفًا مِّنَ ٱلَّيْلِ ۚ إِنَّ ٱلْحَسَنَٰتِ يُذْهِبْنَ ٱلسَّيِّـَٔاتِ ۚ ذَٰلِكَ ذِكْرَىٰ لِلذَّٰكِرِينَ ﴿١١٤﴾ هود: ١١٤

*Qaccee guyyaatii fi yeroo halkan irraa ta'e salaata salaataa, toltuuwwaan hamtuu namni dalage nama irraa haqxi, kuni warra gorfamaniif gorsa.(Huud 114)*

Innis san dhabuu baatus, salaanni leenjii ispoortii qaamaatii miti.Yeroo salphaa wahii gooneefi, salaata keessatti raawwannee ergasii waan biraa raawwachuuf kan tarruu miti. Osoo yeroonis gabaabaa ta'ee isii raawwachuun hin hafu. Isaan sochoosuun dirqama ta'us salaata jechuun sochiilee arrabaa fi hidhiitii miti, salaanni gabrichi Rabbii salaatu tokko sarara wal madaalaa, wal qabataa fi wal guutaan shan jidduutti qoodama. Yoo bibilli keenya Rabbiin waliin kan dhugaa haa ta'uu barbaanne sararoonni kunniin tokkoon isaa kaan irraa adda bahee jiraachuu hin danda'u. Sararoonni kunniin roga salaataa keessatti hin duubbatamne, garuu akka roga salaataa waan ta'aniif isaaniin ala salaanni salaata hin taatu.

1- **Sarara yerooti:** Anas ta'ee lubbuu kee amansiisuuf hedduu hin dadhabin, daqiiqaa 5-6 keessatti salaata zuhrii, asrii fi salaata biroo salaatee xumure yoo kan jettu taate. Salaata keetiif yeroo murteessuun, waanta bu'uura ta'ee, salaata kee raawwatte moo hin raawwanne ykn Rabbiin waliin bilbilli kee salaata kana keessatti dalage moo hin dalagnee jedhe mirkaneessu keessaa isa tokko. Kutaan sirritti barbaachisaan sarara yeroo keessatti saa'atii xiqqoo keeyyata fi keeyyata, jechaa fi jechaa addaan baasuun hubachuudhaan yoo jechoonni arraba kee irratti wal cinqanii hunduu dafanii bahuu baataniidha.

Jechoota hiikkaa isaa dhandhamuun akkuma nama dayma dhandhamee afaan keessa asii achi garagalchuun hangam

akka mi’aawu laaluuti. Salaata kee keessatti himaa fi jechoota kee hundaaf dirree cal’eensaa kenniif, mataa kee keessa garagalchii hiikka isii dhandhami, yeroo isii dubbistutti akka yaada biraatiin hin dhamaanee fi hiikkaa isii keessa jiru hunda hubachuu kee mirkaneessi. Walakkaa salaata keetii caldhisuu godhi.Walakkaa hafe immoo maqoo tasgabooftuu fi dhugaa burqaa tokko qofa irraa maddite godhi. Innis onneedha, kallattii tokko qofatti kan garagaltu ta’uus qaba. Innis Rabbi.

**2- Sarara Arrabaa:** Arabni keenya waan dandeenne kan ittiin dubbisnuudha. Ergamaan Rabbiin (S A W) salaata keessatti waan karaa nuu taasisan jechoota hundaa fi hiikka isaaniif haqa jaraa kan akka sagaleessuu, hollannaa, ol fuudhuu fi gadi qabachuu kennuufi qabna.Kunis kan ta’uuf madaalliin sirnoota kana jidduutti akka uumamuu fi salaata keessatti of gadi qabuun isaaniin qofa ta’uu akka qabuufi. Salaatni namaaf argamuu kan dandeettu sirnoonni kunniin yoo argamanii fi wal fudhannaan isaan jiddutti uumame qofa.

**3- Sarara Qaamaa:** Akkaataan biftii fi ibsi fuula keenyaa wanta hiikkaa dhugaa fi sirrii arrabni keenna dubbisuu ta’uu qaba. Qaamni, ijjii fi fuulli keenya hiikaa wanta arrabni keenya jedhuu ibsa. Osoo arrabni keenya kuni hin socho’inis ta’ee. Namoonni dubbachuu hin dandeenne akkamitti salaatan argitee jirtaa? Dandeetti dubbachuu isaa ija, fuulaa fi qaama isaa irraa ka’uun arraba isaa irraa akka bakka bu’uuf itti fayyadama. Nama duudaa irraa salaata baradhu. Salaanni kee waa hunda dura salaata nama dubbachuu hin dandeenne akka taatu godhi. San booda dandeetti dubbachuu Rabbiin siif kennetti qarqaarami.

**4-Sarara onnee:** Onneen keenya waan arrabni keenya dubbatuun dhahata, akka tokkoon isaa kaana dhugoomsuuti socho’a. Lubbuun fi yaadni laga biraa keessa ta’anii, arrabni laga biraa keessa ta’uu hin qabu. Sararri lamaan waliin dalaguu kanaan osoo qaamni hollatee, bifti fuulaa jijjiramee, sagaleen addaan ciccitee fi imimmaan ija keessaa dhangala’ee akkam namatti tolaa.

**5- Sarara dalagaa:** Yeroo nu salaata raawwannu fedhii fi kutannaan akka nuuf uumamu kan taasisuu fi jiruun guyya keenyaa dalagaadhaan muldhisuu kan nu gargaaru waan onnee fi arrabni salaata keenya keessatti jedhan hojiidhaan argamsiisuudha. Kunis wanti nu jennu wanta nu raawwannuun wal dhugoomsa. Akkasuma jiruun teenya ibsa fi qajeelfama salaata keessatti nu deddeebisnuun wal gita. Salaanni teenya tuni raawwannaa guyyaa keessatti nuti namoota waliin goonuu fi hariiroo nuti Rabbii waliin qabnuun addaan bahuu hin qabu. Akkuma wuduu’a keenya wuduu’a lama goone, salaata keenyas salaata lama haa goonu. Kan keessaa fi kan alaa, Qur’aana kabajamaa fi Hadiisa ulfaataa keessatti yeroo hunda salaanni dalagaa fi raawwannaa, akkasuma waan badaa irraa nama dhoorguu fi waan gaaritti nama ajajudhaan akka walitti hidhamte hin dagatin.

يَٰبُنَيَّ أَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ وَأۡمُرۡ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَٱنۡهَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَآ أَصَابَكَۖ إِنَّ ذَٰلِكَ مِنۡ عَزۡمِ

ٱلۡأُمُورِ ١٧ لقمان: ١٧

- *Yaa ilma koo salaata salaati waan gaaritti nama ajaji, waan badaa irraa nama dhoorgi.(luqmaan: 17)*

فَخَلَفَ مِنۢ بَعۡدِهِمۡ خَلۡفٌ أَضَاعُواْ ٱلصَّلَوٰةَ وَٱتَّبَعُواْ ٱلشَّهَوَٰتِۖ فَسَوۡفَ يَلۡقَوۡنَ غَيًّا ﴿٥٩﴾ مريم: ٥٩

- *Isaan boodaa dhaloonni dhufe, dhaloota salaata balleessanii fi fedhii isaanii hordofantuu dhufe.(Maryim: 59)*

- Namni salaanni isaa badii fi sagaagalummaa irraa isa hin dhoorgine, salaata isaa saniin Rabbiin irraa fagaachuu malee wanti dabalatu hin jiru. *(Safaariini al hanbalii ibsa kitaaba shihaab jedhamu keessatti Abdallah ibni Abaas irraa odeesse)*

- Akka waan fuula hin qabneetti mallattoo qaama keetiitiin salaati, akka waan arraba hin qabneetti mallattoo fuula keetiitiin salaati,

Akka waan qaama hin qabneetti hollannaa sagalee keetiitiin salaati. Dhahannaan onnee teetii akka waan dhahannaa xumuraatti fudhuu salaati, salaata kee akka waan salaata xumuraa salaataa jirtuutti dheeressii salaati.

Sila kanaan dura nama wahii akka sagantaa guddaa wahii biyya fagootti akka hirmaatuuf waamichi isaaf godhame argitanii beektuu? Uffata isaa gaarii jedhu uffatee, dadhabbii fi rakkoon imala dheeraa isatti dhufe, yeroo fi mallaqa imala isaa kanaaf baasee, carraalee hedduu balleessee, yoo bakka barbaadamu gahee waraqaa waamichaa argisiisee akka seenuuf hayyama argatee, galma guddaa keessatti walakka hawaasa waamameetti yoo teessoon kennamee fi hanga sagantaan eegaluu taa’ee eege.

Daqiiqaa muraasa booda achuumaan teessoma ofii irratti rafee, yeroon kuteenii, tasa sagalee warra galma qulqulleessuutiin hojii isaanii hojjachuuf akka itti mijaahuuf galmaa nuu bahi jedhanii gaafatan, sagantaan jalqabee, xumuramee, warroonni waamaman addaan faca’anii, gara mana

isaanii deemanii, galma kana keessatti namicha rafu kana malee wanti hafe hin jiru.

Kuni akka nama waamicha Rabbiitiin salaata deemuuf, wudu'atee, gara Masjiidaa yeroo fi tariitii mallaqa isaas baasee deemee, yeroo murtaawaa wahii xiqqaatus guddatus Masjiida keessa taa'ee, garuu wantoota kana hunda booda salaata isaa keessa waan tokkollee osoo hin argatin bahe. Lubbuun isaa iimanaa osoo hin dabalatin, ijjannoowwan fi hiikkaawwan bareeda iimaanaa osoo hin daawwatin, miirri Rabbii isaatiin wal qunnamuu isaa osoo itti hin dhagahamin fi mindaa sila argachuu qabu osoo hin argatin gara mana isaa deebi'eti.

Yeroo ergamaan Rabbii (S A W) Muslimtoota walitti obboloomsan keessatti tokko ajjeefamee kuunis torbaan tokkoon booda isatti dhaqqabe, Muslimtoonni akkana jedhan, yaa Rabbi isaa araaramii fi hiriyyaa isaatitti dhaqqabsiisi, ergamaan Rabbii akkana jedhan: salaanni isaa salaata isaa booda eessa jirtii? ..... Dalagaan isaa dalagaa isaa booda eessa jirtii? Jechuun garagarummaan jara lamaani akka dachee fi samiiti jedhan. (*Abuu Daawudtuu Gabaasee, Albaaniitu Sirreese, Ubeeydi Ibni Kaalid Alsalamii Irraa*).

Yaa Allah! Salaanni torbaan tokkoo nama salaatuuf fageenya dachee fi samii jidduu jiru yoo kan oli fuutu taate, qabxiin salaata tokkoo fageenya kana irraa hangamii? Mee irra deebi'ii Hadiisa san xiinxalli, gaafii keessatti salaanni isaa salaata kaanii booda eessa jirti jedhee hin dhiifne, battalumatti gaafii biraa kan salaata irraa adda bahuu hin dandeenneen dhaqqabsiise, dalagaan isaa dalagaa kanii irraa eessa jirtii? Ergamaan Rabbii (S A W) salaataa fi dalagaan toltuun qaama

tokko waan ta'aniif tokko kan biraatiin addaan bahuun akka hin danda'amne nu yaadachiisuufi.

Salaata kee hunda boodaan, salaanni kiyya kuni fageenya hangam ol na fuudhe jedhii ofi gaafadhuu? Sama'iioli? Ji'aa oli? Duumessaa oli? Fiixee mana isaatii oli? Mataa keetii oli? Taakkuu tokkoo? Mataa keetii ol fageenya dheerina quba lamaa? Quba tokkoo? Homa takkaahuu ol si hin fuunee?

Salaata kee hunda booda yeroo Masjiidaa baatu akka nama daqiiqaa muraasa dura masjiida seentee ta'uu dhabuu kee mirkaneeffadhu.

## Furtuu diimaa lakkoofsa (1) Allaahu Akbar

Akkuma gara fuul duraatti laaluuf deemnu jecha *Allaahu akbar* bu'uurri, addummaa fi humni ajaa'ibaa inni dachee kana irraa nu fageessuuf jalqabuma irraa qabu wajjiin takbiira hidhannaa salaataatiif addummaa kanaa fi kanaa oliituu jira, *takbiiraa ihraamaa* jedhamtee beekkamti, kana jechuun bakka yeroo murtaaweef dhoowwaa ta'e seenuu jechuudha. Akkuma namni Hajjii deemu sadarkaa dhoowwaa (*haraama*) seenu jalqaba hajjii irratti jechuudha.

Osoo namni tokko (diinni dadhabaadha) siin jedhee, ergasii caldhisee, tilmaamni kee maal ta'a? Mataa kee keessatti ergasii hoo jettaa? Maaliif hima isaa guutuu didee? Ykn akkana jettee ofitti haasofta: namichi kan caldhiseef waan biraa yaadateeti ta'a, ykn duubbiin galee fi sababa wahiitiif hima jijjiiruu barbaade. Ykn mallattoo fayyaa wahii kan dubbii isa dhoowwu isatti dhufee jecha guutuu dadhabe, hiikkaawwan kuni mataa kee keessatti si dhufan, akkuma hima kamiituu gutuu

taatee gaafilee armaan olitti dubbanne kanniin irra nu duroomsiti ture.

Diinni dadhabaadha, nu injifachuu hin danda'u, diinni dadhabaadha, nu weeraruu hin danda'u, diinni dadhabaadha akka nu seenee miti, diinota hanga ammaatti nu qannaman keessaa diinni dadhabaadha fi kkf yeroo hundaa jecha dadhabaadha jedhu booda bamaqaa (nu) jedhutuu jira. Akkuma himoota sadan duraa keessatti dhufetti. Ykn jecha xumuraa keessatti (hanga) jecha jedhuun itti akeekamee hima guutuu ta'a. Garuu jechi hedduu nama ajaa'ibsiisu *Allaahu akbar* jedhu kanniin lamaanittii hin fayyadamnee. (Bamaqaatis ta'ee akeektuu).

Jechi kuni ergamaan Rabbii akkanumatti gaalee kan nuuf dhiisaniidha. Osoo wantoota biroo kan isitti dabalamanii isii guutan irraa duroomuu baattee yaadaa fi gaafilee nu of gaafannu san dhabdee gara jecha cufamaa guutuutti geeddaramti ture.Ifaajee dabalataa nu isii guutuuf of gaafannu hin barbaaddu ture. Fkn Rabbi guddate, maal irraa?

Ijaarumsi jecha Rabbi guddate jedhuu wantoota hedduuf gaalee taatee dhufte. Waantoota kana nama isii irra deebi'ee dubbisuuf kan banamtee fi eega isii jedhe booda arraba isaatiin osoo hin ta'in mataa isaa keessa yeroo kudhan, dhibba, kumaa fi Sanaa ol kan oofuudha.

Rabbi sheeyxaana irra guddaadha,Rabbi nama nama miidhu irra guddaadha, Rabbi qabeenya irra guddaadha, Rabbi yaada irraa guddaadha, Rabbi gadda irra guddaadha, Rabbi gammachuu irra guddaadha fi wantota Rabbiin waliin akka ati hin haasofne si taasisan hunda kaasuu ni dandeetta.

Rabbi guddaa qofaa miti, Rabbi irra guddaadha, hiikkaa fi hubannoo isaa dhugaa beekuun nu warra Arabaa biratti aadaa fi irra deddeebiidhaan waan wal makeef, namoonni jecha kana afaan isaaniitti hiikkatanii itti fayyadaman hedduu nama hin ajaa'ibsiisan. Fkn (great) jedhu ykn yeroo tokko tokko (the greatest) jedhanii hiikkatan, garuu hiikkan isaa sirriin (greater) ta'uu qaba.Sababa hiikkaa sirrii hin ta'in kanaaf, bifa kanaan amala banamaa san irraa gara jecha salphaa jechootuma biraatiin wal fakkatanitti geeddaramti.

Namoota salaataaf azaananii fi iqaaman hedduu isaanii yoo dhageeffattee, takbiiraa lamaan walitti makanii kan dubbisan argita, sunis takbiiraa duraa keeessaatti qubee I akka qubee (U) yoo dubbisan takbiiraan duraa dhokattee tan lammaffaa wajjiin tokko taatee dhufti. Bifa takbiiraa duraa gahee isii waan balleessaniif nama isii dhageeffattuuf ibsa isii haalaan hin dhageeffattu, jecha gaalee banamaa san yoo dubbifte booda yaaddan garagaraa sitti dhufuu danda'u sana balleessan jechuudha.

Takbiiraa lamaan waliitti makuun sababa aadaa irra deddeebi'insaatiin miira dhugummaa fi adduummaa afaan Arabaa jecha kanaaf qabu dhabnee jirra. Jecha *allahu akabar* jedhu kana akkuma jechoota 104 taasifnee jirra. Adduumma isaa jecha salphaa fi banamaa kan jechoota biraa irraa gargar taasisu dhabdee jirti. Yoo dubbiin akkana ta'ee warroota afaan ofitti jecha kana Rabbiin guddaadha, ykn Rabbiin isa guddaadha jedhanii hiikkatan ajiifachuu hin qabnu.

Mee akka jiraattota magaala Madiinaa of godhuudhaaf yaalii taasisa kan yeroo jalqabaatiif azaana dhagahan, miirri

keenya akkam ta'aa yoo isaan jechoota kanaan nu rifachiisan, ijaarsa afaanii haarawaa kanaa fi guutuu kan hin taane kanaan: *Allaahu Akbar ... Allahu Akbar……, Allahu Akbar…., Allahu Akbar….,* suuta suutaan jedhan. Jechi haarofni kuni seera luga afaanii kanaan dura mataan isaanii itti amanuu fi gurri isaanii dhagahuuf dheebotu osoo hin laalin fudhatan.

*Allaahu Akbar* kan salaanni kee ittiin jalqabee fi tuqaa diima jidduu tuqaalee diimaa fi diimaa hin ta'in keessaa isa duraati. Jechi*allahu Akbar* tuni, doonii salaataa kan gara sama'aatti oli si fuutuu fi yaabbattee ittiin deemtu akka dalagdu kan sii taasistuudha.

## Garaagarummaa Dubbiisuu fi Qara'uu

Obboleessi kiyya tokko akkana jedhee na gaafate: maaliif nuti salaata keessatti waan dubbifnuuf maa hin karoorfannee? Mee keeyyata salaata keessatti dubbifnu maal nuuf dabaluu dandeetti: fakkeenyaaf keeyyata tuni Rabbiin walitti nu hidhuu fi isi biratti of gadi qabuu keessatti maal nuu dabalti?

﴿ وَٱلۡمُطَلَّقَٰتُ يَتَرَبَّصۡنَ بِأَنفُسِهِنَّ ثَلَٰثَةَ ﴾ البقرة: ٢٢٨

*Dubartiin gadi dhiifamte ji'a sadi heeruma irraa lubbuu ofii qabuu qabdi. (Al-baqara: 228)*

Ati yeroo keeyyata Rabbii ol aanee, isa waliin qara'uu eegaltu jecha namaa dubbisaa akka hin jirree fi jecha Rabbii akka irra deebitee qara'aa jirtu beekuu qabda. Ati hin qaraata malee hin dubbistu. Kuni dalagaa addaa Qur'aana kabajamaa qofaaf kennameedha.

Osoo Qur’aanni hin dhufin dura ummanni Arabaa jecha Qara’uu jedhu hiikkaa haarawa kanaan hin beeku ture. Jechi kuni isaan biratti hiikaa hordofe jedhu qaba. Fakkeenyaaf akkana jedhan: namichi wahii nutti ol seene jechuunis isa hordofe. Garuu Qur’aanni kabajamaan hiikkaa duraanii kana fudhatee hiikkaa dubbisuu keessatti hordofsiisuu kenneef. Jecha Qur’aana jedhu yeroo jalqabaatiif Rabbiin biraa dhufee ergasi hordofsiise, jechuun ergasii jibriil dhufee hordoofsiisee irra deebi’e. san booda  Jibriil qara’ee ergamaan Rabbii (s a w)isa hordofanii dubbisa. Nutis kan ergaman Jibriil irraa qara’e, kan Jibriil Rabbii isaa irraa qara’ee hordofnee qaraana.

Barbaachisummaa dubbii kanaa argitee jirtaa? Inni dalagaa wal hordofaa, wal faana bu’aa nuu fi Rabbiin waliin walitti dhaabateedha. Yeroo nuti aayaata Qur’aana tokko qaraanu walitti hidhannaa kallattii, jaalalaa gaariin guutamteen jidduu keenyaa fi jidduu Rabbii keenyaa sagantaa qulqulluu walitti dhaabataa ta’e kanaan namni isa qara’u kutaa sagantaa kana keessaa isa tokko ta’ee argama. Yeroo Qur’aana qaraatu miira sagantaalee kabajamaafi walitti fufaa kana keessaabakkabarbaadde of kaayuutu sitti dhagahama.

Qur’aana tajwiidaan qara’uun amaanaa fi xiinxalla gariin Qur’aanaa eeguu keessatti gahee guddaa qaba. Kunis sagantaa walitti fufaa kana keessatti Qur’aana akka barannuuf nu jajjabeessa. Jechoota Qur’aanaa Dheeressuu, dhoysuu, gabaabsuu, addaan gutuu, dhaabachuu fi walitti sufuu isaatiin leenjii gaarii, xiinxallaa fi amaanaa guutuudhaan akka Qur’aana walii dabarsinuuf nu qarqaara. Qaraatiin teenya tuni, qaraatii jalqabaa Jibriil Rabbii isaa irraa qara’ee, ergasii akkuma Rabbii

isaa irraa qara’etti ergamaa Rabbii qaraasisee, ergamaan Rabbiis akkuma Jibriiliin irraa qara’een nu qaraasiise.

Seerri tajiwiidaa kan nu barsiisu yeroon nuti Qur’aana qara’uuf kenninu yeroo nu waa dubbisuuf kenninu caala dheeraa ta’uu akka qabuudha. Garaagarummaan yeroo dheeraa kana hiikkaa keeyyatootaa fi jechoota Qur’aana akka hubannu nu qarqaara. Hanga sochii arraba fi hidhii teennaa, sochii yaadaa fi xiinxallaa keenyaatiin wal madaalanitti jechoonni Qur’aanaa dafanii afaanii bahuu hin qaban. Mee suuratu annaas jedhuu tajwiida malee qara’ii laali, amma immoo irra deebi’ii tajwiida waliin qara’i. Bifa kanaan qaraatii kamtu yeroo dheera akka fudhatee ofumaa keetii ifatti argachuu ni dandeetta.

Salaata kee keessatti keeyyata Qur’aanaa hanga dandeette qara’uuf yaalii malee, dubbisuuf hin yaalin. Isii qara’uun itti gaafatamummaa dhuunfaa akka sitti dhagamuu si godha. Itti gaafatamummaa akkanaa kanas kan ibsituun Rabbiif of gadi qabuu, soda fi kabajaa isaatini. Itti dabalataan Qur’aana kana akkuma Jibriil Rabbii isaa irraa fidetti amaanaa guddaadhaan jechoota isaa qabachuu fi deebisanii qara’uun barbaachisaadha.

## Afaan Haarawa Qur’aana Kabajamaa

Wantoota dubbisa kee gara sadarkaa qara’uutti ol sii guddisuu keessaa yeroo qaraatu wanti guddaan hubachuu qabdu afaan Arabaa salphaa fi ati beeytu san kan afaan ilma nama keessaa tokko ta’e dubbisaa akka hin jirreedha. Wanti guddaan muslimtoota yeroo jalqabaatiif Qur’aana arraba nabiyyii isaanii irraa dhagahan isaan sochoose, bareedina afaanii, seer-luga isaa,

qulqullummaa isaa, hiikkaa isaa, ibsa gahaa qabaachuu isaa, xiinxalla isaa fi wal madaalli isaa osoo hin taane wantoota kanneenis dabalatee dhimma ajaa'ibaa fi guddaatu jira. Dhimma kanaan dura Arabni afaan isaanii keessatti hin beekne, seer luga afaanii keessatti ofitti amanamummaa guddaa qabaachuu waliin, dhaadanna isaan walaloofi ibsa afaan Arabaa qabu wajjiin jechoonni Qur'aana haarawa itti ta'e. jechoonni Qur'aanni ittiin dhufan kuni carraa afaan Qur'aanni ittiin dubbatu kuni addummaa fi afaanota araboota hunda irraayyuu garagara. Hanga mataa ergamaa Rabbiitittuu (S A W) afaan Qur'aanaa isaan irratti haarawa.

Afaan namicha kitaaba kana isaanitti fidee wahyiin bu'uun dura namni hundinuu ni beeka. Afaan isaa waan xiqqaanis ta'ee guddaan afaan isaanii irraa addaa adduummaa hin qabu. Rifannaan afaanii guddaan kan isaan muudate guyyaa tokko yoo isaan dammaqan namnummaan qara beekan afaan haarawa kan afaan isaanii fi afaan isaa irraa adda ta'e qabatee gadi bahe. Waan hunda keessatti garagara, seerri isaa, jechoonni isaa, ibsi isaa, wal qabsiiftuuwwan isaa, hariiroon afaanii, bifaa fi addummaan isaa afaan duraatiin garagara. Garuu karaa biraatiin kuni dadhabbii ajaa'ibaa fi laafina namaa kan ibsuudha. Qur'aanni Afaan Arabaa qulqulluu, seer-luga isaa fi wantoota isa keessatti hin jijjiiramne irraa kan ijaarameedha. Wantoonni hedduun itti dabalamee, waantoota baratamaa hambifamee, wantoota gara fuul-duraatti guddinnaa fi jijjiirama daangaa hin qabne irraa daangeffame.

Duubbiin nama ajaa'ibsiisu hundee Seer-luga afaanii beekanii itti qarqaaramu, jijjiirama jiru waliin nagahaan isaa

eeguu fi seer lugaa afaanii baratamaa kana dhiisanii keessaa bahuun addumaa fi amala salphaa hin taane kana gonfachuun hedduu nama ajaa'ibsiisa. Gara biraatiin salaata keenya keessatti yeroo jechoota kana qaraanu shugug nu jedhee nu hollachiisee, fi nu sodaachisuun jechoonni isaa kan namni uumuu fi fiduu hin danda'amu.

Kutaan Qur'aanaa hundi maqaa haarawaa fi addaa kan ciminaa isa cabsuun hin danda'amnetti akeeku kana qabachuun gahaa hin ta'uu? Innis (suura) jechuun dallawa, dallawoota jallifamanii fi irraa akeekanii dalagan irraa adda. Akka waan boolla waraanaa dallawamtuu fi eegamtuuti. Kanaaf himni ykn keeyyanni Qur'aanaa hundi dallawa kana keessa jiran maqaa yoomiyyuu hiikkaa kanaan Arabni hin beekiniin moggafaman, innis (keeyyata) jechuun mallattoo. Kuni maqaa addaa fi gaarii, hanga guyyaa qiyaamaatti isa jallisanii kan biraa uumuu fi isa akkeesuu bifa hin dandeenneen dhufte.*(Baldhinna dubbii kanaa yoo barbaaddee, seensa kitaaba keenya (mu'ujizaa) jedhu kutaa tokkooffaa ilaali, waashingiteen, dhaabbata xiinxala Islaama addunya)*

## Afaan Gaalee Banamaa Fi Dirree Magariisa

Yeroo hedduu jechooni gurra keenna rukutanii, jiruu teenya keessatti nu muudatanii, isii dhagahuu fi irra deebinee jechuu waan baranneef akkuma jechoota biroo salphamatti bira tarra. Osoo mataa keenya irraa dhiibbaa aadaa deddebi'iinsa mulqinee jechoota kana xiinxalline dhugaan isaanii akka akkas hin taane argina. Mee xiqqoo Hadiisa ulfaataa kana bira haa dhaabannu.

Ergamaan Rabbii (S A W) rukuu’aa fi sujuuda isaanii keessatti akkana jedhan ture: Rabbiin mala’ikaa fi (ruuhinni) Jibriil qulqullaahee miidhagee. *(Muslimtu Aa’ishaa irraa odeesse)*

Jechi qulqullaahe jedhu akka jecha qulqulluu (سبحان) jedhuuti. Jechi kuni haarawaa fi arabni Islaama dura kan hin beekneedha. Jechoonni lamaanuu banamoodha, jechuun waan isaan hordofuu qabutuu jira. Annis dirree magariisa jedhee moggaase. Innis yaada barbaanneen bakka duwwaa kana jechoota qajeeloo fi qulqulluun akka guunnuuf balbala nu afotti banee dhiise. Jechoonni lamaan kunniin akkuma jecha *Allaahu akbar* jedhuuti.

Jechi (سبحان) jedhu afaan Arabaa keessatti maddi isaa (فعلان) jedhuun madaalama, jechi (سبوح) jedhus akasuma. Jechuun namni irraa dubbataa jirru kuni ol-fuudhame, bifa waa ibsu wahii irraa qulqullaahe, akka waan jecha keennaan (Rabbiin kiyya qulqullaahe) (Rabbii kiyya ni miidhagsa) jechuuti. Garuu maal irraa qulqulleessa? Bifa kam irraa? Gaafiin kunniin suujuudaa fi rukuu’a keessattis hin duubbatamne. Akkanumatti gaalee banamaa ta’anii dhiifaman. Akka seer-luga afaaniitti jechoonni lamaanuu hin guutamne. Bakka duwwaa lama kan filannoo hedduun isaan guutuu nuuf dhiisantuu jira.

Dhimmi jechoota kanaa akkuma jecha (*Allaahu Akbura)* ti, silaa akkuma jechoota biroo boca guutuu qabatanii dhufan. Jechuun cuufamaa ta’anii. Fakkeenyaaf Rabbiin ol’aanaan hir’inna irraa qulqullaahe, Rabbiin oli aanaan mudaa irraa qulqullaahe, Rabbiin ol’aanaan dadhabbii irraa qulqullaahe, Rabbiin ol’aanaan nama miidhuu irraa qulqullaahe, Rabbiin

ol'aanaan dogoggora irraa qulqullaahe, Rabbiin oli aanaan dadhabbina irraa qulqullaahe, Rabbiin oli aanaan hirriba irraa qulqullaahe, Rabbiin oli aanaan hir'inna irraa qulqullaahe, Rabbiin oli aanaan dhukkuba irraa qulqullaahe, fi kkf kaasuun ni danda'ama. Salaata keenya hunda keessa jechoonni seer luga afaanii keessatti guutuu hin ta'in lakkofsi isaanii beekuu hin dandeenee hedduutu jiru. Ergasii hanga dirree magariisaatti kan banamanii fi yaada garagaraa fudhachuu danda'antu jiru. Wanti nama ajaa'ibsiisu jechoonni kunniin jechoota biroo seer luga keessatti ergaa guutuu qaban wajjiin wal cinatti argaman. Garuu sababa biraa kan seer-luga afaaniitiif banamaa ta'anii argamu. Jechoonii lamaffaa irratti dubbanne kuni hedduminaan kan argaman suuraa faatihaa fi suurawwan Qur'aana kabajamaa keessatti. Ergasii *attahiyyaataa fi salaatul ibraahimiyyaa* keessatti. Kana gara fuul duraatti kan ibsinu ta'a.

Raka'aa lama keessatti bifa dhaabbataan jechoonni 33 seer-luga keessatti guutuu kan hin ta'iin deddeebifnee jenna. Kana jechuun dirree magariisa 33 akka nu yaadaa fi xiinxallaa keenyaan guunnu nu eega jechuudha. Hiikkaa isaa hubachuu fi mataa keenna keessa yaasuuf yeroo gahaa arganna jechuudha. Lakkoofsi nu asiin olitti duubbanne kuni faatihaa, attahiyyaatuu fi salaata ibraahimiyyaa of keessatti hin qabatu. Akkasuma aayaataa biraa fi du'aa'iiwwan nu salaata keessatti qaraanus of keessatti hin dabalatu. Wantoonni nu armaan gaditti laallu kuni baldhinna waan namni bifa dhaabbataan salaata Raka'aa lamaa keessatti qara'uuti.

*11-Allaahu akbar*(Rabbii guddate)+2, *sami'allahu liman hamida*(Rabbiin nama isa galatoonfate dhagahe)+2, *rabbanaa*

*walakal hamdu*(Rabbii keennaa galanni keeti), 2*3=6(kan raka'aa lamaa), *subihaana Rabiiyal aziim*(Rabbiin guddaan qulqullaahe) 4*3=12, (kan sujuuda afurii), *subhaana Rabbiyal a'ilaa* (Rabbiin oli aane qulqullahe).

Rukkinni (baay'inni) jechoota gaalee banamoo fi akka seer lugaatti hin guutamin bifa kanaan argamuun salaata keenya keessatti barbaachisummaa waan qaraanu hiikaa isaa yaaduu fi xiinxalluun hangam addaa addummaa akka argamu taasisa. Dabalataan salaata keessatti of gadi qabuu, waan qaraanu hubachuu fi sami'ii waliin hariiroo keenya cimsuu irratti nu qarqaara.

Garuu akka seer-lugaatti jechoota gaalee of danda'aa ergaa guutuu dabarsanii fi jechoota gaalee ta'anii ergaa guutuu hin dabarsine addaan baasuun barbaachisaadha. Jechoonni akka seer lugaatti ergaa guutuu hin dabarsine hunduu gaaleedha. Fallaan kana garuu sirrii miti.

Fakkeenyaaf Jechoonni *subhaana Rabii, sami'allahu liman hamida*, *rabbanaa walakal hamdu*, akka seer lugaatti guutuu miti. Kanaaf dirree magariisa baldhaa qabu, Himoota gaalee waan ta'aniif filannoowwan afaanii bakka duwwaa guutuuf itti fayyadamnu hedduu qaban. Jechoonni faatihaa keessatti nu arguuf deemaa jirru gaalee ta'anis akka seer-lugaatti ergaa guutuu kennu. Kanaaf jechoonni akkasii sunniin wanti isaanguutuuf isaanitti dabaluu barbaachisu hin jiru. Garuu kallatti adda addaatiin babaldhisuun ni danda'ama. Erga baldhina kana ni fudhatan ta'ee jecha gaaleedha jechuudha. Garuu kan itti dabaluu dandeenu gadi fageenyaan irraa oli, Jechoonni akkanaa kunniin fakkeenyi isaanii akka ijaarsa

tokkoo ta’anii garuu gamoo darbii heddu qabu jechuudha. Darbiin hunduu bifa, foolii fi dhandhama mataa isaa qaba.

### Gahee Faatihaa Fi Dubbisuu

Dhugummaa suuraa guddoo tanaa qajeelatti hubattee jirtaa? Isiin baniinsa Qur’aanaa qofa osoo hin ta’iin, baniinsa salaataatis. Inumaayyuu akkuma Hadiisni qulqulluun (qudis) ibsutti, salaata jechuunu isiidha.

Rabbiin akkana jedhe: “salaata jechuun suuraa faatihaa anaa fi garbicha kiyyaaf bakka lamatti qoode, walakkaan tokko kiyya, walakkaan kuun kan isaati. Waan garbichi kiyya naa gaafate ni kennaafi, yoo garbichi kiyya faaruun kan Rabbii addunyaati jedheﭽ ﭙ ﭚ ﭛ ﭼ : garbichi kiyya na galatoomfate jedha.Yoo tola oolaa fi akkan mararfataadha jedhe:

ﭽ ﭝ ﭞ ﭼ jedhe, garbichi kiyya na faarse jedha. Yoo mootii guyyaa galataati jedhe: ﭽ ﭠ ﭡ ﭢ ﭼgarbichi kiyya na kabaje jedha. Yoo sima qofa gabbaree sima qofatti qarqaarsifadha jedhe: ﭽ ﭤ ﭥ ﭦ ﭧ ﭼkuni waan anaa fi garbicha kiyya jidduu jiruu,garbicha kiyya waan gaafate ni argata. Karaa diriiraa irratti nu qajeelchi, karaa warra ati tola oolteefii kan tahe, karaa warra irratti dallantee kan yahuudaa hin tahin, karaa warra jallatee akka kiristaana hin tahin irratti nu qajeelchi. Yoo jedhe: ﭽ ﭨ ﭩ ﭪ ﭫ ﭬ ﭭ ﭮ ﭯ ﭰ ﭱ ﭲ ﭳ ﭴ ﭵ ﭶ ﭷ ﭼkuni waan anaa fi garbicha kiyya jidduu jiruu,Garbichi kiyya waan gaafate ni argata. (*Muslimtu Abuu Hureeyraa irraa gabaase*).

Ibnu kasiir hiikkaa suuraa Faatiha keessatti: waan isiin salaata keessatti raka’aa hunda waliin deddeebituuf maqaa torban deddeebituu jedhamu kennanii.

Suuraan tuni walii galtee qulqulluu garee lama jiddutti adeemsifame ta'uu isii hubattee jirtaa? Isaanis gabbaraa fi gabbaramaadha. Gareen tokkoffaan garee lammaffaaf faaruuf galata walitti fufaa ta'ee wabii kennuu akka qabu, ibsa Rabbummaatti amanuu, tola isaa yoomu jiraataa fi walitti fufaatti amanuu, dhuunfata guyyaa xumuraafi murtii addunyaa keenuuf daangaa kan hin qabne ta'uu Rabbii, gabbariinsi Rabbii , harka Rabbitti kennuu fi isa tokkochoomsuu keessatti,gareen lammaffaa garee tokkoffaaf wabii waan inni barbaadu sani irratti isa qarqaaruu, duniyaa tana keessatti karaa diriiraa irratti qajeelchu, karaa warra jaalala isaatiin qananiisee san, karaa warra itti dallanee san irraa fageessuu, akkusuma karaa warra ibaadaa fi tokkochummaa Rabbi irraa jallatee san irraayis fageessuu wabii kennuu isaa hubattee jirta?

Yeroo faatihaa qaraatu haasofni isii haasawa keenyaa akka hin fakkanne xiinxallitee jirtaa? Afaan isiin ittiin dubbattu akka afaan keenya kan Arabaa kanaan adda taate hoo hubattee jirtaa? Enumayyuu afaan Arabaa ergamaan Rabbii (SAW) dubbatan kan Hadiisa isaa nuuf hime san hunda waliinuu garagara ta'uu argitee jirtaa?

Osoo faatihaan jechoota 29 qofa siin jedhee maal jettaa? Faatihaa keessa Bakka 85 afaan haarawa Qur'aanni bu'uu dura afaan Arabaa keessa hin jireetu jira. Akkasuma afaan ergamaa Rabbii (S A W) Hadiisa isaa keessatti nu beeynu hin fayyadamnetu jira. Yoo hadiisni akkuma jirutti aayaa ykn garii isii fudhatanii itti fayyadaman ta'e malee. *(baldhina suuraa faatihaa kitaaba keenya mu'ijizaa jedhu kutaa lammaffaa*

*keessatti argatta. Waashingiteen, dhaabbata xiinxala islaama addunyaa. 2016*)

Yeroo salaata keessatti faatihaa qaraatu waan kana hundaa yaadachuuf yaali. Hiikkaa isii hubachuu fi jechoota isii xiinxalluudhaaf taattafadhu. Mee akka waan ati jechoota kanneen ofii kaayeetitti of fudhachuuf yaali. Mataa kee irraa, yaada kee irraa fi jechoota kee irraa akka waan ijaaramteetti fudhu.Garuu faatihaan haasawa Rabbii dadhabsiisaa kan haasofni nama kamiyyuu haasawa isaa hin fakkanne ta'uu hin dagatin. Yoo akkas goote akka waan keessa keetii dhangalaatuu, onneen kee dhahatuu, jechoota jettu kana akka beeytutti hubattee, jechoota dhugamaan itti amantu akka qara'aa jirtuu fi osoo afaan isii kanaaf hin hollatin fi waan isa keessa jiru hin hubatin jecha namni biraa jedhee arrabni kee deebisee jedhaa jiru akka hin taane qajeelatti beeyta.

Yoo qormaata kana darbite karaa jalqabaa qabattee jirta. Ganama hunda gatii jechoota faatihaa keessaa, guuddina isii, bareedina jechoonni kunniin qaban, hiikkaaa isii keesaati waan jechoota kana adda godhuu fi si'aa'ina isaanii miira wantoota kanneen ittiin hubachuu irratti dandeettii godhatta.

Yeroo hunda wanti yaadachuu qabdu suuraan tuni Qur'aana kabajamaa hunda keessatti barbaachisummaa addaa qabaachuu isiiti. Salaata kee keessatti suuraa biraa kan barbaadde qar'uu ni dandeetta, garuu Faatihaa dhiisuu hin dandeettu. Osoo Qur'aana guutuu salaata kee keessatti qaraatee faatihaa dhiiftee salaata akka hin salaanneetti fudhatamta. Mindaa qaraatii keetii sii barreeffamuutu mala garuu kan salaataatii miti.

Nama faatihaa hin qara'iniif salaanni hin jiru *(Bukaaritu Abeetdaa ibni saamit irraa gabaase)*

## Maqaa Rabbii akkaan mararfataa fi tola oolaa ta'eetiin jalqabna

Isiin tuni Qur'aanaa kabajamaa keessaa keeyyata akkaan bareedduudha. Osoo isiin akkaan bareeduu baattee aadaan irra deddeebi'iinsaa fi suuraa hunda jalqaba irra jiraachuu addumma isii kana nurraa dhoysuu ni mala ture. Osoo akkas hin ta'inii akkuma jechoota biraa kan akka galatoomaa, dhiifama fi nagahatti irra deddeebinee fayyadamna ture. Sila maaliif Rabbiin aayaa jalqabaa nuti salaata keenya keessatti akka irra deddeebinuuf isii nuu fileef of gaafannee beeknaa? Maaliif aayaa jalqabaa Qur'aanni ittiin baname taatee? Tilmaamaan maaliif jechoota jalqabaa suuraa hundaa ittii jalqabnuu taate? Maaliif suuraa faatihaa irraa taate?

Basmalaa jalqaba kana hunda irratti deddeebisnee qara'uun keenya kuni fi ergasii tilmaamaan jiruu teenya hunda keessatti deddeebifnee qara'uun, aayaa waa ittiin jalqaban ykn waa keessa ittiin seenan qofa jennee akka hubannu nu taasisee jira. Warroonni seer lugaas duubbii kana nutti maxxansanii jiran. Osoo xumura ykn gocha isaa kan dhugaa hin hubatin ni jalqaba jechuun maqaa Rabbiitiin jalqaba jechuudha jedhanii yaada isaanii ibsuun waan rakkoo seer luga afaanii isaan muudate hiikan itti fakkaata. Garuu hiikkaa barbaaachisaa fi dhugaa irra dhaabbataniiti.

Dhimmi kuni dalagaa ittiin jalqabuu fi jecha qulqulluu maqaa Rabbii ta'uudhaa oli. Shakkii tokko malee basmalaan jalqaba suuraa hundaa irratti argamuu fi nutis jalqaba dalagaa

keenyaa irratti jechuun, hiikkaa isaa jalqabaa kannuti amma ibsuuf deemnu kanaa fi bakka kana ta'uu isaatu nuu fi warra seer lugaas hiikkaa isaa akka bifa kanaan hubannu nu taasise.

keeyatni kallattii qabatti, waan kallattii qabachuu qabdu irratti kallattii qabatti, erga aayaa tana booda gara Qur'aanni nu qar'uuf deemnu kanaa, ajaja akkamii, dhoorgama akkamii, beellama akkamii, dinniina akkamii, ibsa akkamii, tola akkamii, gorsa akkamii fi yaadachiisa akkamiittu Rabbiin irraa bakka buunee arraba keenyaan qaraanaa, taaytaa fi aangoo isaatiin. Erga ilmi namaa dachii kana irratti bakka bu'aa ta'ee

وَإِذْ قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَٰٓئِكَةِ إِنِّي جَاعِلٞ فِي ٱلۡأَرۡضِ خَلِيفَةٗۖ ﴿٣٠﴾ البقرة: ٣٠

*"Yeroo Rabbiin malaa'ikaa isaatiin ani dachii tana irratti bakka bu'aa godhuuf jedhe"*

kana jechuun dalagaa guddaa akkana kana akka cufuufi jechuudha. Jechoota kanniin nama dachee kana keessatti jiruun akka qara'amaniifi. Jechootuma ofii, bifuma jalqabaa Rabbiin biraa baate saniin, mataa ofii yaadachiisuu qaba. Nama isa dhageeffatus yaadachiisuu qaba. Yeroo jechoota kanneen deddeebisee qara'u inni jala, addunyaa dachee keessa, jechoota gubbaa irraa dhufan sani, addunyaa samii irraa, isii yoo qara'uu Rabbiiol-aanaa irraa bakka bu'ummaadhaani. Dachee kana irratti bifa bakka bu'ummaa qabatee, taaytaa isaatiin qara'a.

Yeroo abbaan murtii, dhimma isa bira jiru wahii keessatti murtii kennu, murtii isaa akkana jedhee yoo eegale maqaa hawaasaatiin yoo jedhe shakkii tokko malee jecha maqaa jedhu kana yoo dubbatu murtiin inni muru kuni ummata irraa bakka bu'uudhaan ykn bifa bakka bu'ummaa hawaasa kana irraa akka ta'e ni beekkama. Ummata kana bakka bu'a, aangoo isaa

isaan irraa fudhata, murtiileen isaa seera ummanni kuni tumateen ta’a, ati yoo nama fira keetii wahiitiin dhimma wahii akka sii fixu barbaaddee firummaa keennaan si qabe jetta. Jechuun aangoo, ol aantummaa fi itti gaafatamummaa firuummaa keennaa san laali jechuu keeti.

Ati faatihaa fi suuraalee biroo maqaa Rabbii akkaan mararfataa fi tola oolaa ta’eetiin jalqabna jettee yoo eegaltu, waan qara’aa jirtu ajaja samaa’aa irraa dhufe kana kan qara’uun aangoo fi ol aantummaa Rabbiitiin jechuudha. Warri seer lugaa maqaa Rabbiitiin jalqabnaa jedhanii kan itti dabalan san qofatti osoo gabaabannee qorannoo fi barbaacha biraa irraa lubbuu keenyaboqonnaa fudhachiifnee turre. Garuu bifa kanaan taanaan waan baldhaa dhiphifne. Jecha kanaaf hiikkaaa bareedaa, miidhagaa fi akkaan barbaachisaa ta’ee dhabnee jirra.

Yoo salaata koo maqaa Rabbiitiin jedhee jalqabe bilbilli kuni kan naa yaadachiisu wanti ani ittiin dhaabadhu kuni sochiilee tasuma ani raawwaachaa jiru osoo hin taane, jechoota ani axeeraree qabadhee arraba kiyya irratti deddeebi’an kan onneen tiyya isaaf hin dhahannee osoo hin taane, bilbila dhugaa Rabbii kiyya waliin taasisuudha. Wanti ani amma godhaa jiru kuni wali galtee anaa fi Rabbiin jidduu jirtu hojitti geeddaruu kiyya mirkaneessuufi. Aangoo bakka bu’ummaa dachee kana keessatti qabu irraa hanga ammatti amaanaa isaa eeguu kiyya mirkaneessuufi.

Yeroo fuula kitaaba Rabbii jecha Maqaa Rabbii akkaan mararfataa fi tola oolaa ta’eetiin jalqabna jechuun garagalchu

yaadachiisa Rabbiin naaf godhuu fi mirkaneessaa ani Rabbiif godhuudha. Jechoonni kitaaba kabajamaa kana jalqaba irraa hanga xumuraatii argaman kan ittin qara'amaniin akkaata walii galtee kiyyaa fi Rabbiin jiddutti raawwateen ta'uu qaba. Kunis fuula Rabbii barbaaduu keessatti, seerota isaa qabachuu keessatti, dangaa isaa tarkaanfachuu dhabuu keessatti, dachee isaa kana irratti daangaa aangoo naaf kennamte qofatti fayyadamuu. Maqaa Rabbiitiin jalqaba kuni erbuu sii fi Rabbii kee jiddutti ta'eedha. Kuni kan ibsu ati Rabbiis dachee kana keessatti bakka bu'aadha. Mootumman biraa hin jiru mootummaa isaa malee, aangoon biraa hin jirtu, aangoo isaa malee, qabeenya isaa malee qabeenyi biraa hin jiru, fooqi isaa malee fooqiin biraa hin jiru, dhihana isaa malee dhihanni biraa hin jiru, dhugaatii isaa malee dhugaatiin biraa hin jirtu,

Sababani ilmi namaa sama'aa irraa kutaalee xiqqoo fi gurguddoo hawaa xumura hin qabne keessa jiran hunda irraa gara kutaa dirree xiqqoo maqaan isii dachee jedhamu tanatti gadi bu'eef dhimma dachee kanaa kan abbaan isaa sitti kenne akka bulchituufi. Danbiilee isaa akkuma dhuftetti hojii irraa haa oolchituufi. Wali galtee yeroo gabaabaa sii fi Rabbiin jidduutti godhamee xumurri isii dhiyaataa ta'ee kana, fuulaa Rabbii keetii waraaqaalee herreegaa qabattee Rabbii kee fuulduratti dhiyaatuudhaaf qophooftee jirtaa?

Garuu dubbiin maqaa Rabbii akkaan mararfataa fi tola oolaa ta'eetiin jalqabna, jedhu kuni asitti hin xumuramu, walii galteen ykn bakka bu'ummaan ykn heeyyamni kuni eddoo maqaa Rabbiitiin jalqaba jedhutti dhaabachuu ni danda'a ture.

Garuu Rabbiin waan isa irraa addaan bahuu fi qaama jecha kanaa akka ta’etti fudhatamuun walitti hidhe. Innis akkaan mararfataa fi tola oolaa kan jedhuudha.

Jechoonni tola oolaa fi akkaan mararfataa jedhu kan madda jecha tokko irraa dhufan walitti maxxanuu fi ibsa Rabbii lamaan kana basmalaa keessatti walitti qabuun walii galtee bakka bu’ummaa sii  fi Rabbiin jiddutti bakka jalqaba salphaa hin taane kan walitti hidhiinsii Muslimaa fi Rabbii itti argamu irratti kan dhufeedha. Innis salaataa fi Qur’aana. Dubbiin kuni keessa isaatitti addunyaa guutuudhaaf ergaa guddaa yoo qabaatu nama salaatuuf immoo ergaa addaa qaba.

Jalqaba irratti Rabbiin guddaan tola isaattu dallansuu isaa caala. Akkuma Hadiisa qudsi keessatti jedhametti. warwaannaa ajaa’ibaatiin Rabbiin akka suuraa 113ittiin jalqabduuf sii file, jechuun faaruu akkaan marafataa jedhuu kan maqaa isaa irraa ta’een akka jalqabdu si godhe. Jechoonii lamaa madda tokko irraa dhufanis hiikkaa isaanii keessatti garaagarummaa guddaa qabu, jalqaba suuraa hundaa baniinsa isii faaruu isa ibsitu kan adda adda godhuun osoo danda’amuu godhuu dhabuu kana xiinxalli.

Yeroo baniinsa suuraa jechoota cimdii ta’e kanaan banu kan humnaa fi tola oolummaan keesaatti walitti qabamte kan biraa sii hin fille. Kunis yoo hubannoo ilma namaatti deebine ibsa lamaan jiddutti wal madaaluun akka uumamu taasisa. Jechoonni cimdiin tunniin kitaaba Rabbii keessatti bakki heddutti deddeebi’anii osoo jiranuu kan akka ڤ ڤ ڎ ڎچ ﭽ الدخان: Rabbiin injifataa fi akkaan namaaf mararfataadha. Kana

sii file. cimdii biraa immooچ ٹ ٹ ٿ چRabbiin injifataa fi araaramaadha.

**Lammaffaan** Ibsi ykn bifti Rabbii lamaan tola oolaa fi akkan namaaf mararfataadha kan jedhu kuni barbaachisummaa guddaa qaban. Salaata kee keessatti bu'uura barbaachisoodha. Qaraatii Qur'aanaa hunda kan ittiin bannuudha. Kana jechuun kutaa ykn roga amantaa keetii akka ta'e ibsa. Yoo dhugaadhan aangoo sii kennamte kan itti yaadoftu ta'e innis dachee tana keessatti bakka bu'aa Rabbiiti.

**Sadaffaan** ati dachee tana keessatti Rabbiin irraa kan bakka buutuun hayyama isaatiin, inni tola oolaa fi akkaan namaaf mararfataadha. Akkata bifa Rabbii laman filatamtuu fi isa biratti miidhagduu taate kanaan akka bakka bu'aa gaarii taatu si dirqisiisa, bakka bu'ummaan kuni haala irra deddebi'iinsa fi warwaannaa qur'aanaa bifa Rabbii mirkaneessuu keessatti walitti dhaabataa ta'e kanaan wal madaaluu qaba. yeroo hunda gara itti gaafatamummaa ilma namaatti kennamtee fi tola oolummaa kanatti ol guddatuu qaba.

Ati akka Muslima tokkootti fuula kee ifaa irraa, seequu hidhii teetii irraa, qulqullummaa onnee keetii keessatti, jaalala ati nama maraaf qabdu keessatti, nama fagootiifis ta'ee nama dhihootiif gaaddisa ta'uu kee, hiriyyaa kee fi diina keetis wal qixa danda'uu keetii fi wanta ati dalagdu addunyaan arguu qabdi. Hunduma hiikaa tola oolummaa fi marafannaan of keessaa qabdu, kan akka araaramaa, jaalalaa, namummaa, garaa laafummaa, of gadi qabummaa fi kkf of keessatti hammatte

kana addunyaa guutuuf ibsuu qabda. Tariitii suuraan addunyaa hawaasa Muslimaa amma ittiin laalaa jiru sila dhugamatti suuraa kanaa?

## Tola Oolaa fi Akkaan Mararfataa

Jechoonni lamaan kunnii akka seer lugaatti garaagarummaa qaban. Garuu madda tokko irraa dhufan, innis toltuu kan jedhuudha. Warrii seer-lugaa jechoonni lamaan kuni hiikkaa lama kan mataa ofii danda’ee akka qabu ibsu. Jechi tola ooluu jedhu waan amma battalatti raawwatamaa jiru kan ibsuudha. Akkuma jechoota dheebote, aare, gursaayee fi gammadeti fakkeenyi isaa, jechoonni kunniin hunduu waan amma raawwatamaa jiran ibsu. Dheebote yoo jennu amma dheebote jechuudha garuu yeroon booda kan irraa baduudha, aare yoo jennus akkasuma.

Kanaafuu tola ooluu jechuun: tola Rabbii kan amma sama’aa irraa sitti gadi harca’aa jiru jechuudha. Yeroma kamiyyuu yeroo ati amma jecha kana dubbisaa jirtu keessatti ta’uu danda’a. hiikkaa irraa gadee sama’aa irra dachetti dhaabatu qabdi jechuudha. Miira tolli Rabbii gara keennatti socho’uutu nutti dhagahama. Gara Rabbii keenna irraa tolli hoo’aa fi jiidhaan akka dhufaa jiru amanna. Kanaafu yeroo isii dubbistu hunda akka fincaa’aa lagaatti tolli Rabbii mataa kee irraa qabee hanga faana miila keetiitti akka sitti dhangala’aa jiru beekii ittiin dhiqadhu.

Jechi akkaan mararfataa jedhu immoo akka seer-luga afaan Arabaatti waliiti fufiinsaa fi yeroo hundaa jiraachuu kan ibsuudha. Arjaan yeroo hundaahuu arjaadha, doyna’a jechuun

yeroo hundaa doyna’a. yaraan yarama. Jechoonni kunniin itti fufiinsa ibsan. Kanaaf Rabbiin mararfataadha, yeroo hundaa, bakka kamittuu, mararfannaan isaa kan walii galaati yeroo tares, kan ammaa fi kan dhufus of keessaa qaba. Bifti tuni bifa dalgee jalqaba irraa kaatee kan hanga xumuraatti deemtu ibsituudha.

Bifa kanaan ibsa tola oolummaatiin wal guutani. Inni immoo bifa irraa olee sama’aa irraa gara lafaatti dhaabatu qaba.kunis yeroo jecha kana dubbifnu toola oolummaan Rabbii hoo’aa fi jiidhaan nurratti dhangala’uu miira nutti dhageessisu jecha qabu sani. *(Baldhinna dubbii kanaa yoo barbaaddee, seensa kitaaba keenya (mu’ujizaa) jedhu kutaa lammaffaa waa’ee suuraa faatihaa irraa dubbanne ilaali, waashingiteen, dhaabbata xiinxala Islaama addunya, 2016, fiila 53.)*

Jechoota lamaan addaan baasuu kana wanti sirrii ta’uu isaa nuu mirkaneessee nu tasgabbeessu, karaa ergamaan Rabbii (S A W) ittiin isii dubbisuudha. Akkuma Hadiisni nabiyyii keenna ibsetti:

Anas Rabbii isaa irraa haa jaalatuu gaafa tokko ergamaan Rabbii akkamitti dubbisa jedhamee gaafatame, ni dheeressa jedhee, ergasii akka ergamaan itti duubbisan muldhisuuf qara’e. (بسم الله الرحمن الرحيم) (بسم الله) jedhee dheeressa, (الرحمن) jedhee dheeressa, (الرحيم) jedhee dheeressa. (*Bukaarutu Qataadaa irra gabaase*).

Jechoota (الرحمن الرحيم) jedhu kannii dheeressa. Garuu warra Tajwiidaa biratti seerri dheeressuu hin jiru. Jechoota

lamaaniifuu addummaa fi of danda'ummaa kenneefi. Dheeressuu jechuun akkuma beekkamu yeroo fudhachuu jechuudha. Yeroon immoo ibsa jecha duraa fi duubaa addaan fageessa, jechuun jechoonni lamaan hiikkaaa fi kaallatti ergaa dabarsanii keessatti of danda'an jechuudha.

### Furtuu Diimaa (2): Sima Qofa Gabbara, Sima Qofatti Qarqaarsifanna:

Mee nama miidhamaa wahii haqa isaa kan isa irraa saamame deeffachuuf gara masara mootummaa deemee akka waan jiruutti yaadaa, hojjataa masara kanaatti ol seenee haqa ofii gaafate. Hojjataan kuni iyyannoo barreessii, mallaqa irra kaayee gara mana galmeetti akka galchuu fi mooticha bira gahuuf karaa seera baratamaa akka qabatuu itti hime. Mootichi dhimma kan qoratee murtii kenna. Murtiin kuni sirri fi dogoggora ta'us, haqa fi haqa qabaachuu baatus, dhimmichi nama kanaa bifa kanaan dhuma.

Dhimma nama kanaa fi dhimma nama biraa kan carraa qabuu mee wal bira qabii laali, inni lammaffaa kuni hiriyyaa fi wal beekkumtii guddaa mooticha waliin qabani. Mootichi kuni nama dhimma kana laalee yoo dides yoo tole jedhes murtii xumuraa kennuu kan danda'uudha. Mootichi kuni nama haqaati, nama kamiyyuu hin miidhu, abba murtii takka dogogoree beekuu miti. Dubbiin atummaan nu qarqaariin wal fakkaatti kana waliinuu walitti madaaluun gonkumaa hin danda'amu. Rabbiin fakkeenyota kana irraa guddaadha. Yeroo hundaahuu Rabbiin ol aanaa fi kabajamaadha.

Hojjattoonni xixiqqoon ati achitti iyyannoo kee itti kennitu hin jiran, akka ati isa waliin haasoftuuf sii eeyyama, enumaayyuu akka ati waliin haasoftuuf si gaafata, enumaayyuu akka ati isatti haasoftu si ajaja, dhimma kee akka ibsiituuf sirraa barbaadama. Wanti guddaan asitti jiru akkaataa ati dhimma kee itti gaafatu sitti hima. Akkaata ibsa kana kan bifa isaa ibsu ta'ee suuraa faatihaa jalqaba irra kan jiru san arraba kee irra si kaaha. Xumura irrati carra ati garbicha isaa ta'uu ittiin mirkaneessitu sii kenna. Inni Rabbii, gooftaa fi itti gaafatamaa keeti. Bu'aa kee kan siif eeguudha. (sima qofa gabbara).

Ergamaan Rabbii (S A W) akkana jedhan, Rabbiin akkana jedhe: salaata jechuun suuraa faatihaa anaa fi garbicha kiyyaaf bakka lamatti qoode, walakkaan tokko kiyya, walakkaan kuun kan isaati. Waan garbichi kiyya naa gaafate ni kennaafi, yoo garbichi kiyya faaruun kan Rabbii addunyaati jedhe ﭽ ﭙ ﭚ ﭛ ﭜ ﭝ ﭼ: garbichi kiyya na galatoomfate jedha.yoo tola oolaa fi akkan mararfataadha jedhe: ﭽ ﭞ ﭟ ﭠ ﭼ jedhe, garbichi kiyya na faarse jedha. yoo mootii guyyaa galataati jedhe: ﭽ ﭡ ﭢ ﭣ ﭼgarbichi kiyya na kabaje jedha. Yoo sima qofa gabbaree sima qofatti qarqaarsifadha jedhe: ﭽ ﭤ ﭥ ﭦ ﭧ ﭼkuni waan anaa fi garbicha kiyya jidduu jiruu, garbicha kiyya waan gaafate ni argata. Karaa diriiraa irratti nu qajeelchi, karaa warra ati tola oolteefii kan tahe, karaa warra irratti dallantee kan yahuudaa hin tahin, karaa warra jallatee akka kiristaana hin tahin irratti nu qajeelchi. Yoo jedhe: ﭽ ﭨ ﭩ ﭪ ﭫ ﭬ ﭭ ﭮ ﭯ ﭰ ﭱ ﭲ ﭳ ﭴ ﭵ ﭶ ﭷ ﭸ ﭼkuni waan anaa fi garbicha kiyya jidduu jiruu, Garbichi kiyya waan gaafate ni argata. *(Muslimtu Abuu Hureeyraa Irraa Gabaase).*

Nuti amma aayaa suuraa tana walakkaatti argamtu bira jirra, enumaayyuu jiduun aayaa walakkaa suurati. Bakka ijjannoon mirkaneessuu, qulqulleessuu fi Rabbiin guddisuu sima qofa gabbarra jedhu itti xumuramee, keeyyatuma san keessatti ijjannoon kadhaa fi warwaannaa adda addaa itti fufa, kan isa keessaa Rabbii kee irraa waan barbaaddee gaafachuuf jecha sima qofatti qarqaarsifannaa jedhuun jalqabda.

Of-danda'iinsa ajaa'ibaa buufata laamaan adda addaa keeyyata takka walitti qabde kanaan dhugamatti miira kutaa duraa keeyyata  tana irratti dhaabachuu akka qabnutu nutti dhagahama. (sima qofa gabbarra), ergasii kutaa lammaffaa (sima qofatti qarqaarsifanna), akka Aliyyi ibni abii Xaalib irraa odeeffametti Rabbiin isa irraa haa jaalatu, yeroo jecha (نعبد) jedhu qaraanu hanga sagalee (uu) jedhu bahutti dheeressuu qabna jedhu. *(Shaahinnin Abdusabuur, taariikal qur'aanal kariim, kaayroo, daar al qalam, 1962 fula: 175).*Dubbiin kuni of danda'iinsa waa dheeressuu dura dhufee fi duubaan dhufee qajeelatti muldhisuuf qarqaara.

Yeroo salaata kee keessatti jechoota lamaan kana irra deddeebitee dubbistu, keeyyata  tokko keessatti dhufuu isaanii wajjiin akka ijjanoo lama garagaraa keessa jirtu miirri akkasii sitti dhagahamee beekaa? Akkataan kutaa duraa aayaa kana ittii dubbistuu (sima qofa gabbarra) fi akkaataan keeyyata lammataa ittiin dubbistu adda (sima qofatti qarqaarsifanna). Yeroo kana waliigaltee garee jalqabaa irraa gara kutaa walii galtee garee lammaffaatti darbaa akka jirtuu yaadadhu.

Yeroo (sima qofa gabbarra) jettu hollannaan sagalee keetii qaama jiruu fi duuti harka isaa jirtuuf guddinaa, ulfinaa, of gadi qabuu fi sodaa Rabbii of keessa qaba. Garuu yeroo (sima qofatti qarqaarsifanna) jettu hollannaan sagalee keetti dadhabina, hawwii, kadhaa fi warwwaannaa of keessaa qaba. yeroo kana miiratola Rabbii, qarqaarsaa, fi waan gaafanne qaama jabaa kan irraa siif dhangala'u sitti dhagahama. Akkamitti hin taane yeroo amma fuula kee duratti haasofsiisaa jirtaa? Inni si dhageeffataa jira, yoo inni faallaa kee ta'e eenuttuu si wajjiin ta'aa? Akkuma warri nu duraa gaggaariin jedhanitti, Yoo inni si wajjiin ta'ee eennutuu faallaa kee ta'aa?

Keeyyanni  tunniin tan Rabbiin ofii fi gabricha isaa jiddutti qoodee, gabricha salaatu beellama bareedaa fi dhugaa ta'e seeneef, (gabrichi kiyyaa waan gaafate ni argataa).

Yeroo yaa Rabbi (sima qofatti qarqaarsifanna) jettee qaraatu akka deebii argattuu abdii guddaa godhuu, nama bona daalacha keessa salaata rooba kadhachuuf namoota waliin bahee, garuu isuma qofatu xilaa bobaa isaa jalatti qabatee banee ni rooba jedhee waan abdatuuf. Abdii akkanaa qabaachuu qabda.

**Karaa Diriiraatti Nu Qajeelchi, Karaa Warra …….**

Amma kunoo balballii faaruu sii banamnaan faarsite, balballi tolaa sii banamnaan gadii duuchiste, carraan gaafii sii banamnaan gaafattee jirta. Rabbiin addunyaa kana gaafii namni kamiyyuu jiruu ofii keessatti gaafachuu qabu arraba kee irraa sii kaahe, sunis karaa diriiraatti nu qajeelchi kan jechuudha. Lubbuu keenyaaf wanti karaa diriiraa kana irraa jallachuu caalaa

sodaannu ni jiraa? Mee osoo nu akkaan dureeyyii taanee, osoo akkaan collee taanee, osoo fayyaa guutuu qabaannee, osoo gammachuu guddaa qabaannee, garuu mi’aa qajeellumaa fi Rabbiin tokkochoomsuu dhabnee, kanas ta’ee kaan wanti nu qabnu maal fayyadaa?Gammachuu duniyaa? Gammachuun duniyaa yoo aakiraa dhabnee maal fayyadaa? Osoo waggaa dhibbas, kumas, kuma dhibbas, miliyoona tokko boodas ta’ee carraan  jiruu xumuraa si bira gahuun hin hafu, sunis jiruu jannata ykn azaabaati.

وَٱلَّذِينَ كَفَرُوٓا۟ أَعْمَٰلُهُمْ كَسَرَابٍۭ بِقِيعَةٍ يَحْسَبُهُ ٱلظَّمْـَٔانُ مَآءً حَتَّىٰٓ إِذَا جَآءَهُۥ لَمْ يَجِدْهُ شَيْـًٔا وَوَجَدَ ٱللَّهَ
عِندَهُۥ فَوَفَّىٰهُ حِسَابَهُۥ ۗ وَٱللَّهُ سَرِيعُ ٱلْحِسَابِ ﴿٣٩﴾ النور: ٣٩

*warri kafaran dalagaaleen isaanii akka sirbii dirree keessa jiruuti, kan dheebotan bishaan isaa se’uuti, yeroo isa bira gahe homaa ta’uun isaa dhabe, allaah of biratti argee, Rabbiin galata isaa guutee isaaf galcheeti. Rabbiin saffisa isaa herreega. (Al-nuur 39)*

Guyyaa qiyaamaa nama rabbitti hin amanne garuu duniyaa irratti akkaan qananii keessa kan ture fidanii, ibidda keessa takkitti gadi cuuphaa mee jedhaniin, keessa gadi cuuphan, ergasii akkana jedhanii gaafatan: yaa ebluu takkaa qananii argitee beektaa? Lakkii takkaa qananiin narra hin baanee jedha, nama Rabbiitti amanee garuu rakkoo fi gadadoo keessa ture fidanii, mee jannata keessa takkitti gadi cuuphaa jedhaniin,, gadi cuuphan, ergasii akkana jedhanii gaafatan, takkaa rakkoo fi gadadoo argitee beektaa? Lakkii takkaa rakkoos ta’ee gadadoon

wal hin arginee jedha, (*Ibni maajahatu Anas ibni maalik odeessee, Albaaniituu sirreesse*)

Miirri mi'aa yeroo *sima qofatti qarqaarsifanna* jedhu qaraanuu fi san boodaan *karaa diriiraa irratti nu qajeelchi* jedhu qaranu nutti dhagahamu tokkoo miti. Jechi duraa gaafii duniyaati, jechi lammataa Gaafii duniyaas of keessatti qabachuun waliinuu gaafii aakiraati.. Karaan diriiraan jecha gaaleedha, kanaaf jechoota isii guutan kan akka tokkochummaa Rabbii, mala qabaachuu, qajeellumaa fi dhimoota hunda keessatti yaada gaarii qabaachuu ta'uu ni danda'a. qananii duniyaa keessa namni yaada gaarii jiruu duniyaa isaa ittiin qajeelfatuuf itti qarqaaramu qabaachuu kan caalu ni jiraa? Akkasuma namoota biroo naannoo isaa jiran ittiin qarqaaruudhaaf?

Bifti suuraa faatihaa jecha banaa fi gaaleen kan (karaa) jedhu keessatti argamu kuni of qofa irratti hin gabaabatu, hanga xumura suuraa kanaati itti fufa. Karaa sanniin keessaa (warra qananiifte), kan biroo (warra itti dallante), kan xumuraa immoo (warra jallatani). Sila warri kuni tartiibaan yoo kaayaman akkuma namoonni Qur'aana hiikan jedhanitti Muslimtoota, yahuuddaa fi kiristaanota? Akkasuma Hadiisa ulfaataa keessatti akkuma dhufe.

(warra itti dallante) yaahuudaadha. (warra jallatani) kiristaanota. *(Albaanituu Udeyyi ibni Haatim irraa sirreesse, )*

Jechoonni sadan akka seer lugaatti guutuudha. Wanta boodaa isaan guutuuf itti yaadnu wahii hin qaban. Garuu osoo jecha ilmi namaa jedhe kan biraatiin wal bira qabnee ilaallee, jechoonni Qur’aanaa sadan maaliif akka banaa ta’an dhugumaa isaanii qajeelatti ni hubanna ture. Mee hiikkaa keeyyata jechoota Qur’aanaa jijjiiruun jechoota ergaa guutuu qabaniin mee irra deebinee haa qaraanuu, garagarummaa haala lamaan jidduu jiru ifatti hubachuudhaaf,

“karaa diriiraa irratti nu qajeelchi, kan yahuudaa osoo hin ta’in, kan kiristaanaa osoo hin ta’in”.

Amma hangam durummaa jechoota Qur’aanaa banamoo ta’anii hiikaa jecha *warra isaan qananiiste*ڤ ڤ ڤ jedhuu, warra qananii qabu hunda of keessatti hammattu. Akkasuma hiikkaa ڤ ڤ ڤ *warra irratti dallantee* akkasuma hiikkaa ڃ ڃ *warra jalliftee*. Nama karaa qajeelaa irraa jallate hundaa of keessatti hammatu akka qabu hubachuu ni dandeenna. Kunis ta’uu kan qabu osoo hiikkaa nabiyyichaa hin balleessin fi akkasuma akka duratti nuti jecha ilma namaatiin bakka buusnee cufuu yaalle san jechoota sadan kana namoota murtaawaa qofaan cufuu hin qabnu,

Wanti guddaan yeroo keeyyata (*karaa diriiraa irratti nu qajeelchi*) jedhu qaraanu wanti nu yaadachuu qabu mala Rabbiitiif,aayatoota salaata keessatti bifa gaalee banamaa ta’anii dhufan hedduu keessaa isiinis gaalee banaa taatee dhufte. Akka waan barbaanneef bannee uumama dachee irra jiru of keessatti hammachuu dandeettuti ykn yaada isii dhiphifnee namni isii qara’uu akka waan ofiin jedhuutti gabaabachuu ni dandeetti.

Garuu isiin haasawa nama dubbatuu qofaa miti. (Nu qajeelchi) Haala haasawa gareetiin dhufte,erga dhugaa kana hubattani hanga danda'ameen yaalaa.

Du'aa'ii keessaniin namoota naannoo keessan jiran ijoollee keessan, warra keessan, firoota keessan, ollaa keessanii fi namoota wal beektaniin hunda hammachuu qaba. Inumaayyuu du'aa'iin teessan addunyaa hunda hiriyyoonnis ta'ee diinonni, Muslimootas ta'ee kan biroo wal gahuu qabdi.Wanti akkaan bareedaa fi miidhagaan hiriyyoota keetiifis ta'ee diinota keeteef, akkasuma ilma namaa hundaaf bifa wal qixaatiin haqaa fi dhugaan karaa diriiraa irratti akka qajeelan kadhachuufi caalu ni jiraa?

Asi irratti akka dubbiin nama mara hammatuuf bamaqaa ana jedhu balleessuun, riqicha jibbaa fi waanyoo sii fi namoota biroo jidduu jiru balleessuudha. kanaafuu beeksisa, kutannaa fi leenjii walitti dhaabataan kuni onnee kee keessatti alaabaan jaalalaa fi wal danda'uu akka fannifamu taasisa. Namoota yeroo hunda alaabaa jibbiinsaa ol kaasuun ijoollee isaanii xiqqeenna irraa jibbiinsaa fi waanyoo barsiisan fallaa dhabachuufis ni qarqaara. Yeroo hunda jecha warqii fakkaattu tana hin dagatin " ati Muslima, kanaafuu ati nama jaalatta nama dandeetta".

خُذِ ٱلۡعَفۡوَ وَأۡمُرۡ بِٱلۡعُرۡفِ وَأَعۡرِضۡ عَنِ ٱلۡجَٰهِلِينَ ﴿١٩٩﴾ الأعراف: ١٩٩

*Dhiifama nama godhii, toltutti ajajii, namaoota wallaaloo irraa garagali (Al;-a'iraaf: 199)*

وَجَزَٰٓؤُاْ سَيِّئَةٖ سَيِّئَةٞ مِّثۡلُهَاۖ فَمَنۡ عَفَا وَأَصۡلَحَ فَأَجۡرُهُۥ عَلَى ٱللَّهِۚ إِنَّهُۥ لَا يُحِبُّ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿٤٠﴾ الشورى: ٤٠

*Namni namaaf araaramee toltuu dalage mindaan isaa Rabbiin bira, Rabbii warra nama miidhu hin jaalatu. (Al-shuuraa: 40)*

وَإِن تَعۡفُواْ وَتَصۡفَحُواْ وَتَغۡفِرُواْ فَإِنَّ ٱللَّهَ غَفُورٞ رَّحِيمٌ ﴿١٤﴾ التغابن: ١٤

*Yoo namaa dhiiftanii, qulqullooftanii araaramtan Rabiin araaramaa fi tola oolaadhaa. (Al-tagaabun: 14)*

## Faatihaa keessatti buufata dheeressuu

Yoo dheeressuun xiqqoo dhaabachuu kan ta'u taate, yeroo dabalataa hafuura itti baafatan jechootaa fi himootaaf kennuun waan baratamaadha. Ergaa fi humna of danda'uu argachuu qabu. Fageenyi yeroo jechoota lamaan jidduu jirtu tuni dirree magariisa nuti keessatti yaaduu dandeennudha akkuma kanaan dura ibsinetti. Yaadni nuti yaadnu hiikkaa jecha ykn hima dheeressuun biratti argamee kana bakka bu'uu qabdi.

Asitti wanti addaan baafnee beekuu qabnu guutumatti dhaabachuu fi dheeressuun garagara ta'uudha. Dheressuu jechuun xiqqoo harkisuun dhaabachuu jechuudha. Ykn dhaabachutti dhiyaachuu jechuudha. Ergamaan Rabbii faatihaa osoo hin jalqabiniin dura guutumaan gututti dhaabatan. Akkasuma yoo isii qara'anii geessanis. Akkasuma xumura keeyyata hundaa irratti guutumatti qaru'uu irraa dhaabatan. Kana jechuun dirree magariisa biraa aayaa lamaan addaan baaftu jechuudha. Buufanni dheeressuu ykn kan isa fakkatan kan aayaa marsanii yeroo dabalataa dheerinsa tasa irraa kan

dhufu jechuudha. Yeroon dabalataa tasa dhufu kuni qaraatii teenna tana irratti of gadi qabuu fi hiikkaan waan nu qaraanuu bakka bu'uu nuu fiduu ni dandeetti.

Akkasuma dirree magariisa dabalataa nuuf uumuudhaan hiikka jechoota darbanii yaaduuf yeroo dabalataa nuuf kenna. Hiikka jechoota dhufanii beekuuf nu qopheessa. Jechoota faatihaa 29 keessatti jechoota dheeressuun danda'amu 21 laakkawee jira. kuni xumura keeyyata irratti kan dhaabannuun ala. Xumurri aayaa torba. Haala cimaa kanaa fi jechoota dheeressuu irratti xiyyeeffachuun kuni, haasawa keennas ta'ee barreeffama keenna keessa hin jiru. Akkasuma suuraawwan hedduu keessattis hin argitu.

Faatihaa keessatti dheeressuun jechootaa kuni seera tajwiidaa faallesseti. Inumaayyuu faatihaan akka waan seera tajwiidaa kana eeggachuu irraa qullaa taateetti fudhatamti. Kunis waan faatihaa adda taasisuudha. Gara biraatii kuni waa nama salaatu yaadaa, xiinxallaa, of gadi qabuu, Rabbitti harka kennuu fi nama isa dura dhaabattu kanaaf xiqqeenna kee mudhisuuf si qarqaaruudha. Isaaf jecha salaatta Rabbiin guddaate ulfaate.

Haala jechoota dheeressuu irratti suraalee Qur'aanaa keessa gabaabduu lama fudhannee osoo laallee suura *Alkoowsar* fi suuraa *Aliklaas* suuraa jalqabaa keessati jechoota kudhan keessaa sadih hin dabartu. Isanis چ ڎ چچ ڎ چچ ک چ Lammaffaa keessatti immoo jechoota 15 keessa afur qofa arganna. Isaanis ٻ ٻ پ ٻ ڀ ڀ ٺ

Wanti akkaan barbaachisaa ammas irra deebi'ee isin yaadachiisu wanti kitaaba kana keessatti dhiyaate

xinxallaawwan, yaaddan fi gorsii dhugaa dubbachuudhaaf yaada ilma namaatii miti. Kanaaf diiguus ta’ee sirreessuun hin danda’amu. Wantoota yaada kanaan wal faalleessan yoo ragaadhaan raggasifaman nuti ragaa fi jecha ragaa sanii waliin taana. Nama Muslimaa irraayis kan eeggamu kanuma.

## Giddu Galummaa Rukuu’aa Fi Sujuudaa

Yeroo jalqabaatiif yoo hajjuu umriin koo waggaa 40 ture. Ka’abaa irra yoo naannawu miira mucaa xiqqaa wahii ta’uutu natti mul’ate. Qaama kiyya irra dasee xiqqoo hedduu haphii taate of irra buusee ture. yeroo kanatti sheeyxanni na qirqisuu eegale, osoo barattoonni kee kan Muslimaas ta’ee amantaa biroo si arganii maal siin jedhanii? Barsiisaan keenna maal ta’ee? Sila namichi yeroo nu bira dhufu of jajuun of tolchee, lubbuu ofii qopheessee, ijjannoo fi sochii isaa cimaan kan socho’u sanii mitii? Galanni Rabbiin haa gahuu hafuurri iimanaa fi gabrummaa qulqulluu ani Rabbii kiyyaaf qabu osoo hin turin natti bubbiftee ibiddaa qirqirsaa sheeyxaanaa kana balleessuun ani Muslima ta’uu na yaadachiifte.

Ani Muslima jechuun, ani Rabbii kiyyaaf harka kenne, of gadii qabe, xiqqaadhee, gabra ta’e jechuudha. Ykn Rabbii injifataa, of tuulaa, jabaa fi boonaa dachii fi sama’aa qabu, akkasuma ajjeessee kaasuu kan danda’u fi Rabbiin waan hunda danda’aa ta’e kana dura homaatuu hin jiran jechuudha.

Hafuurri iimanaa ol’aanaan kuni yeroo hundaa yoo ani ibaadaa isaa kamifiyyuu xiqqaadhuu fi of gadi qabu natti bubbisti. Yeroo ani ruku’aaf mataa koo gadi qabadhe Rabbiin qulqulleessee faarsu na wajjiin taati. (Rabbiin ulfaataan

qulqullaahe) dadhabina, miidhaa, hir'ina, of daguu fi kkf irraa qulqullaahe, akkasuma yeroo ani rukuu'a irraa ol jedhee seera Rabbii bareedaa san yaadadhu (Rabbiin nama isa faarse dhagahee jira) anis (Rabbii kiyya faaruun keeti) jedhee deebii deebisa. Waan na uumteef, na qajeelchiteef, naaf kannitee fi kkf.... Jechuudha. Ammas yeroo hunda yoo sujuuda bu'uuf gadi jedhee irra deebi'ee isa qulqulleessuuf (Rabbiin ol'aanaan qulqullaahe) jedha. Kunis miira kiyya keessatti jechaa fi dalagaanis natti dhagahama.Dachee tana keessatti mataa kiyya gadi qabadhee sama'aa keessatti Rabbitti dhihaadha.

Suuwbaana nama jedhu argee akkana jedheen "dalagaa ani dalagee Rabbiin isaan jannata na seensu natti himii? Ykn akkana jedheen jedhe: dalagaa Rabbi biratti jaalatamtu, na jalaa caldhise, ergasiis ni gaafadhe na jalaa caldhise, yeroo sadaffaaf gaafadhee, akkana naan jedhe: dubbii kana ergamaa Rabbii gaafadhee, akkana naan jedhanii: Rabbiif sujuuda guddisii, sujuudni kee tokkochi kan Rabbiif gootu sadarkaa tokko oli si fuudhu malee hin hafu, akkasuma dilii tokko sirraa hir'isuu malee hin hafu. *(Bukari Mulimtu Mu'idaan Ibni Xalhaa Irraa Odeesse)*

Sila yerooma tokko namoota salaatan keessaa yeroo salaata isaaniitti nama waa hatu argitee? Raka'aa lamaan jidduutti, sujuuda lamaan jiddutti? Wanti hattoota kana irraa nama ajaa'ibsiisu nama biraa osoo hin taane matama ofii hatan.

Osoo adabbiin isaan irratti hin fudhatamin nama dhuguun, sagaagaluu fi hatuun maal jettanii? Rabbumaa fi ergamaa isaatuu beeka jedhaniin. Suunniin badiidha, adabbii mataa isaanii qabani jedheen. Hattuun badduun hattuu salaata

hattuu, akkamitti salaata hatani? Jedhaniin, nama sujuuda fi rukuu'a isaa hin guunne. *(Albaanituu sirreessi Nu'amaan ibni murra irraa)*

Akkamitti hin taanee? Salaanni nuuf kennaadhaa mitii? (كتابا مؤقوتا) mindaan keenya kan guyyaa keessatti nuuf dhufuu mitii? Guyyaa hunda keessatti yeroo murtaawaa keessatti mallaqa hanga Rabbi fedhee wahii nuu baattee dhuftee gara lakkoofsa baankii aakiraatti nuuf dabarsitii mitii? Namoota hedduu biratti salaanni gara taphaa fi yeroo qisaasessuutti jijjiiramee jira. Namoota akkasii biratti salaanni mirga irraa gara dirqamaatti jijjiiramee jira. Qaamota fi hidhii saffisaan sochoosuun dafanii salaata xumuruu qofa taatee argamte.

Salanni rog-sadee sadi qabdi. Qulqullummaan roga tokko, Rukuu'ini roga, sujuudni roga. Namni haqaan isii raawwate salanni isaa fi dalagaan isaa hundii isa irraa fuudhamti, namni salaanni irraa hin fuudhamin dalagaan isaa hunduu irraa hin fuudhamtu. *(Albaanituu Abii Hureeyraa irraa gabaase)*

Yaa Allaah, yoo rukuu'aa tokko sadaffaa ta'e fi sujuudni tokko sadaffaa ta'e maaltu isaan lamaan irraa hafe ree? Ruku'inii fi sujuudni salaata keessatti bifa addaatiin sochiilee lamaan dirqama nurratti ta'an ta'uu beektanii jirtuu? Nuti salaata yoo jalqabnu dhaabanneetti, yoo xumurru teenneeti. Ta'uu fi dhaabachuu jidduu sochiin jirtu rukuu'aa fi sujuuda.

Ergamaan Rabbii (S A W) rukuu'aa fi sujuuda keessatti sochii fi caldhisuu walitti qabuu hubattanii jirtuu? Sochiilee nu goonu hundaan wal qabatanii jechoota gaalee banamoo ta'anii

erga qaraanee booda xiqqoo dhaabanee, caldhifnee fi yaaduu nurraa barbaadan hedduutu jira.

Yeroo nuti *Allaah akubar*Rabbii guddaadha, jennu haalli jecha kana ittiin guunnu xiqqoo caldhifnee fi yaaduun, Rabbi maal irraa guddaadhaa? Kan jedhuutu dhufa.

Yeroo nuti *sami'allahu liman hamidahu, Rabbanaa walakal hamdu* Rabbiin nama isa galatoomfatee ni dhagaha, Rabbii keenna galanni keeti. jennu, haalli jecha kana ittiin guunnu xiqqoo caldhifnee fi yaaduun maal irratti galatoomfannaa? Kan jedhuutuu dhufa.

Yeroo nuti *subhaana Rabbiyal aziim subhaana Rabbiyal a'ilaa,* Rabbiin guddaan qulqullaahe, Rabbiin ol'aane qulqullahe jennu, haalli jecha kana ittiin guunnu xiqqoo caldhifnee fi yaaduun, Rabbi maal irraa qulqullaahee? Kan jedhuutu dhufa.

Kana irraa ka'uudhaan ruku'aa fi sujuudni lama sadaffaa salaataa ta'ee. Wanta kamiyyuu ta'ee waan guddina Rabbii fi ulfina isaa si yaadachiisuu danda'u yaadii fidadhu, yeroo *subhaana Rabbiyal aziim subhaana Rabbiyal a'ilaa* jettu.

Qulqullummaa Rabbiif gootu (tasbiihaata) kee fi salaata kee hundaa gabbartii Rabbii godhuudhaaf yaali malee, aadaa hin godhatin.

Rabbi guddate jechuu yoo akka carraa obsaatti itti fayyadamte, rakkoo fi dhiphina jiruu keessatti si muudatan moo'achuudhaaf *alhamdulilaahi Rabbil aalamiin* (galanni kan Rabbii addunyaa hundaati) fi *Rabbanaa walakal hamdu* (Rabbii kiyaa galanni keetii) jechoota jedhan immoo galataa fi tola oolinsa Rabbiin siif kenne yaadachuuf itti fayyadamta. Gara biraatiin *subhaana Rabbiyal aziim subhaana Rabbiyal a'ilaa,*

(Rabbiin guddaan qulqullaahe, Rabbiin oli aane qulqullaahe) jechoota jedhan guddinaa Rabbii, uumaa fi kalaqa isaa akka xiilxallinuu fi yaadnuu nu qarqaaran.

Salaata kee duniyaa keetii fi aakiraa keetiif invastimantii gochuu qabda. Nama yeroo sujuuda bu'an afaan isaanii Rabbiin qulqulleessu wajjiin ta'i.akkasuma qaamni isaa waliin sujuuda buutee mataa fi onnee isaanii Rabbiin qulqulleessitu wajjiin ta'i.

**Furtuu Diimaa (3) Kabajaan Rabbumaaf….**

Sila dhugamatti maalumaa Rabbiin kabajuu qajeelatti hubattee jirtaa? yeroo ati isa fuul dura teettee, innis hawaa xumura hin qabne kana keessatti siree isaa irra taa'ee si laalaa jirutti Rabbii kiyya ani si kabaja yoo jettu gatii jecha keetii kana beektaa?

Wantoonni ati armaan dura dalagaa turte sunniin sadarkaalee akka bakka guddaa amma geette kana geettee hinjifattuuf si qarqaaran qofa ture, chaarjii iimaanaa gahaa fi dandeettii fageenyaa kana ittiin kuttee sadarkaalee hawaa xumura hin qabne kana hunda qaxxaamurtee xumura irratti dhaabata salphaa hin taane kanaaf akka qophooftu si qarqaara. Akkasuma badhaasa salphaa hin taane kanRabbii kabajuu kana argatta.

Kuni buufataa akkam guddaati kan lubbuu kee keessatti argitu yoo dalagaa tana sadarkaa isii eegdee deemte. Dhugamatti miirri Rabbii kee kabajuu fi waliin haasawuu yoo sitti dhagahame. *Attahiyyaatu lillaahi*"Si kabaja yaa Rabbi" bifa kanaan sarara hoo'aa fi tamsaasa kallattiitiin nama si walitti

fiduu fi jaarsummaa tokko malee haasofta.Rabbiin ol’aane guddate, Rabbiin ol’aane guddate.

Wal-gahii kabajaa guddaa kana balbala irrattis siin eeguu baatan, ta’uun isaa waan hin hafnee, wal-gahimmaan kuni qofti, yoo dhugaadhaan mi’aa wal gahii kanaa miirri isaa sitti dhagahame, qananii booda isii qananii hin jirree fi badhaasa isa dura badhaasni biraa hin dhaabanne ta’uu argita.

Nuti yeroo attahiyyaata qaraanu kabajaa gurguddaa 4 kan garagara walitti qabna malee kabajaa tokko qofaa miti. Jalqaba irratti kabajaa uumaa ulfaataa keenyaa kanRabbiiti kabajaa addaa fi akkaan miidhagduu taateedha. Kani Rabbi qofti ittiin adda ta’u, (kabajaan Rabbumaafi) ergasii immoo ergamaa isaa ulfaataa waliini, kabajaa urgooftuu taatee kallattiidhaan isa irratti buufna sunis *(assalamu aleeka ayyu haal nabiyyu)* nageenyi sirratti haa jiraatu yaa nabiyyicha hoo jenna, yeroo san qofa badhaasa nuuf qophaahe gareelee kabajaa kanneen keessaa fudhannee kabajaa sadaffaa ofii kennina *(assalaamu aleeynaa)* nageenyi nurrattis haa jiraatu. Kuni hundinuu osoo nuti jiila qulqulluu imala keenyaa kana hin xumurin kabajaa afraffaa of irraa geessuun akkana jenna*(wa alaa ibaadillaahi assaalihiin)* nageenyi gabroota gaggaarii kee irrattis haa jiraatu.

Kabajaalee afran kana jidduutti dirreen magariisni hedduun uumamuu ni danda’u. kuni immoo salaata keessatti haala afaanii barbaachisaa fi cimaadha akkuma kanaan dura ilaalle dabarsine sanitti. Gahee madaalii jechoota gaalee akka taphatuuf qarqaara. Kunis Dirree afaaniif bu’uura ta’an baldhaa fi gabbataa nuuf qopheessa. Buufata gabbataa kana keessatti fageenyi yeroo jecha tokko jenne kaanitti darbuudhaaf nuti itti

fayyadamnu, jechoota qaraanee bira dabarre hiikkaa isaanii akka qayyabannuuf nu qarqaara.

Mee walumaan du'aa'iin *attahiyyaataa* kan dhufte wal-gittaa afaanii saffisaa fi walitti hidhamaa fageenya yeroo hin qabne jechuun kan nuti dirree magariisa jennuun san kan hin qabne jennee haa fudhannu, *Attahinnyyaatu lillaahinn* kabajaan Rabbumaafi, *(assalamu ala annabiyyu)* nageenyi nabiyyicha irratti haa jiraatu *(waa aleeynaa)* nurrattis, *(wa alaa assaalihiin)* waroota gaggaarii irrattis. Bifa kanaan haa fudhannu.

Yookaan kana caala bifa saffisaa ta'een mee haa goonu, *attahinnyyyatu lillaahi wali rasuulihii, wa lanaa wali assalihiin* (kabajaan Rabbumaaf, kan ergmaa isaatis, kan nuu fii warra gaggaariis) mee duubbiin akkana ta'e jennee haa fudhannu.

Dubbii kana yoo xiinxalline haalli lamaan saffisaan asii olitti dabarsine kuni ergaa jecha duraa wanti jijjiire hin jiru,garuu hiikaa jechoota duraa kasaaranii jiru,

Karaan salphaan nu qabanne suni nama salaatuuf fageenya yeroo gahaa ta'ee hin dhiifneefi. Akka Rabbiiisaa irratti kabajaa buusuu fi yeroo kanatti mi'aa jechaa fi bakka jiru kanaa beekuu hin dandeenne. Akkasuma guddinaa fi barbaachisummaa isii beekuu hin dandeenne. Namni kabajaa Rabbiif godhaa jiru kuni yeroo gahaa miira rahmata Rabbii ol'aanee irraa bu'uu fi mataa isaa irraa jalqabee hanga quba miilaatti isa qulqulleesuun, Rabbiin irraa waan isa gaafateef,deebii kallatti akka argatuufi. Rabbiin kabajaan mu'iminni isaaf kennu salaata keessatti dheertuu fi dirree gabbattuu akka taatu barbaade. Danbalii lama ykn sadih ykn sanii oli akka dheerattuuf. Dubbii kana irratti akka si qarqaaruuf

qubee jechaa xumura irratti suknaa godhuun jechi dheeratee yerooni akka dheeratuufi.

Fkn ........الطيبات ........والصلوات .......لله ........التحيات) (......المباكات ........الزاكيات

Dubbiin kuni kabajaa iti aanu irrattis akkanuma. Kan nuti amma ergamaa kabajamaa irratti buusuuf deemnu kana *(assalaamu aleeyka ayyu haal nabiyyu)* nageenyi sirratti haa jiraatu yaa nabiyyichaa hoo.

Yeroo kabajaa fi nageenya nama uuma hunda irraa Rabbiin biratti jaalatamu irratti buufnu, nu birattis kan akkaan jaalatamu, miira mi’aa lama waan sitti dhagahamuuf lamaanuu balleessuu dhabuudhaaf yaalii taasisi. Yeroo gahaa fudhadhuu dhaabadhuu, yeroo kana keessatti qananii fi mi’aa jechoota kanaa dhandhamuun argachuu kee mirkaneessi.

1- Akka waan fuuldura isaa dhaabattuutti mi’aa ergamaa Rabbii irratti salaama buusuuti. Battalumatti akka waan fuuldura isaa dhaabattee mi’aa Rabbiin irratti kabajaa buustee kaate kanatti. Yeroo ati kabajaa kana kennituuf mi’aa inni si dhagahuu waliin.

2- Mi’aa miira inni salaama siif deebisuu sitti dhagahamuu. Rabbiilubbuu ergamaa isaatii deebisee akka inni salaama kee si jala qabu mirkaneeffachuu kee waliin.

“Namni tokko yoo salaama narratti qara’e, Rabbii lubbuu tiyya natti deebisee salaama isaa jalaa qabu malee hin hafuu”*(Ibni Teeymiyaatu majmuu’atul fataawaa keessatti, Abu hureeyraa irraa gabaase )*

Wanti kana hunda caalaa nama ajaa’ibsiisuu fi namatti tolu Rabbiinabiyyii isaa wajjiin ofumaa isaatii salaama kana si

jalaa qabuu beekuu keeti.Yoo nabiyyii isaa nagaha gaafattee ykn tola irratti oolte, Rabbiinis kabaja nagahaa fi tola irratti oolaa. Akkuma hadiis al qudsi keessatti yeroo hedduu nu mirkaneessetti.

Guyyaa jimaataa, tola narratti ooluu guddisaa, Jibriil Raabii isaa ol’aanaa fi guddataa biraa amma natti dhufee, namni Muslimaa dachee kana irra jiru sirratti yeroo tokko tola yoo oolee, anaa fi malaa’ikaan kiyyaas yeroo kudhan tola isatti oolla. (Albaanituu tolche, Anas ibni Maalik irraa).

Yaa Allaah: tola akkamiiti nagaha akkamiiti, badhaasa akkamiiti, mee hanguma feetes yoo nama yaadu taate Rabbiin nagaha si gaafachuu jechuun maal akka ta’e beektaa? Ergasii immoo malaa’ikaan meeqaa meeqa ajaja Rabbiitiin nagaha si gaafachuun maal akka ta’ee beektaa? Yeroo tokko osoo hin ta’in yeroo 10 walitti dhaabanii, ergasii immoo akkuma ati nagahaa fi tola ergamaa Rabbii irratti attahiyyaata keessattis ta’ee saniin ala ooltuun nageenyi qulqulluun kuni sirratti bu’a.

## Furtuu 4
## Nageenyi Nurraa Fi Gabroota Gaggaarii Irrattis Haa Jiraatu

Kuni kabajaa salphaa osoo hin taane badhaasa guddaa Rabbiin bira seenuu keetiif argattuudha. Akkasuma Kabajaan ati Rabbii fi ergamaa isaa ulfaataaf gooteefis. Osoo daawwannaa dura ta’aa ykn mootii wahiitiif gootee, yeroo ati masara isaatii baatu balbala irratti badhaasa mootichaa yeroo hundaa warra daawwannaa dhufeef kennamtu argatta. Badhaasni kuni mootii

irraa waan dhufeef badhaasa salphaa miti. Badhaasa sadarkaa mootichaa eegdu ta'a.

Badhaasini Rabbi Mooticha kana uumee hoo maal haa ta'u? Rabbii samii fi dachii uume yoo kabajuu fi nagaha gaafachuu dhaqxe? Hanga ati yaaddu oli guddoo fi ulfaattuu ta'uu qabdii. Badhaasa biliyoona biliyoonaan lakkaawamuudha. Hanga lakkoofsa uuma isaa dachee fi samii keessatti erga gaafa Aadamiin uumeetii hanga guyyaa xumuraatti wanta jiru gabroota isaa gaggaariif uumeetiin argatta. Kuni kan nama dhugumaan toltuu ykn toltuuwwan nagaha gabroota isaa irratti buusuu irraa toltuu kan barbaadu tate. Akkuma ergamaan Rabbii waadaa nuu seenatitti.

Nama *assalaamu aleeykum* jedheef toltuu kudhantuu bareeffamaaf, nama *assalaamu aleeykum warahmatullah* jedheef toltuu diigdamatuu barreeffamaafi. Nama *assalaamu aleeykum warahmatullah wabarakaatuhuu* jedheef toltuu soddomatuu barreeffamaafi. *(Albaanituu sirreesse, Suheeyli ibni haniif irraa).*

Yeroo kabajaa walitti makamaa kana salaata kee keessatti deddeebistee qaraatu miira kabajaa wal makaa yeroo ati isii deddeebistee jettu sirratti akka bu'aa jiru sitti dhagahamuu qaba.

1- Kabajaan nagaha Rabbiihin xumuramneeti, innis sirratti warra kee fi jaalalleewwaan kee irratti akka bu'aa jiru miirri sitti dhagahamuu qaba. tola isaatiin, gara laafina, tasgabbii fi nagaha isaatiin si dhiqee isaanis dhiqaani.

2- Kabajaa toltuu xumura hin qabnee kanaati, miira isiin sirratti gadi dhangala'uu, of keessa si cuuphxee tasgabbii fi

nagahaan mataa kee irraa kaaftee hanga quba miilatti si dhiqa. Kunis galata ati gabroota Rabbii lakkoofsa isaanii xumura hin qabne irratti nagaha buusuu keetiitiini.

Ammas irra deebinee wanti akkan barbaachisaa ati beekuu qabdu nageenyi sirratti qofa miti. Isatti jechi garee ilaalata, (علينا) nurrattu mataa kee qofaa nagaha gaafachuu fi namoota naannoo kee jiran kan akka hiriyyoota keetii, firoota keetii, namoota sirraa fagoo jiranii fi mu'umintoota hunda irratti nagaha buusuun garaarummaa qaba. Ergasii immoo damee xumura hin qabne gabroota Rabbiidachee, samii fi waan jiiddu jara lamaanii keessaa jiru hunda irratti nagaha buusuudha. Hunda isaanii irraayyuu badhaasa tokko tokkoon fudhatta.

Xumura irratti Tahiyyaata, *tashahuda*, ykn *salaata alibraahimiyya* fudhataa fi kennaa ta'aa dubbisi. Ati salaata kee keessatti waa keenitu qofa sitti hin fakkaatin, jechoota jettu hunda boodaa mindaa isii battalumatti akka fudhatte mirkaaneeffachuu qabda.Jecha yaada kennaa of keessaa qabdu wahii qara'ii mindaa isii fudhachuudhaaf xiqqo dhaabadhu. Akkanatti qara'ii, akkanatti dhaabadhu kutaalee qaraatii keetii hunda boodaan.

(التحيات لله) jechuu kennii deebii isaa xiqqo eeggadhu

(والصلوات) jechuu kennii deebii isaa xiqqo eeggadhu

(الطيبات) jechuu kennii deebii isaa xiqqo eeggadhu bifa kanaa itti fufi.

(اللهم صل على محمد)jechuu kennii deebii fi mindaa isaa xiqqo eeggadhu

(وعلى آل محمد) jechuu kennii deebii fi mindaa isaa xiqqo eeggadhu

Sila hanga ammaa wantoota kana hunda booda yeroo salaata kee raawwattu akka waan dirqama wahii ceekuu kee irraa buusuuf dalagaa jirtuu sitti dhagahama moo miira badhaasa addunyaa kana hunda caaluu fudhachuuf kalaahutu sitti dhagahama? Akkasuma haqa mirgoota hunda caala guddaati. Salaata kee yeroo geessitu akka waan amma dhalatteeti yoo sitti hin dhagahamin, tolli hedduun akka si jala darbe beeki.

## Du'aa'iif Taa'uu

Du'aa'iin gosoota salaataa keessa gosa salaataa salphaadha.Inni handhuura salaataati, garuu seera, qophii, tartiiba, fi yeroo murtaawaa hin qabu. Kanaaf inni gosa salaata bilisaa fi baatanii deemuuf namaaf mijaawaa ta'eedha. Bakka barbaaddetti fi yeroo barbaddetti tasa itti fayyadamuu kan dandeennuudha. Isii raawwachuuf Rakkoo tokkollee hin qabu. Ijjannoo barbaadde lubbu kee keessatti argite hundati du'aa'ii godhuu ni dandeetta.

Afaan Ingiliffaa keessatti waan xiqqoo tokkoon isin booharsuu barbaada, isaan afaan isaanii keessatti salaataa fi du'aa'ii addaan hin baasan (pray). Walitti makiinsa kana keessa mallattoo afaanii collee wahiittu muldhata. Du'aa'iin haalli haasawa isaa gara Rabbiitti deema yoo ta'e, gosoota salaataa keessa isa tokko jechuudha. Kunis du'aa'ii nabiyyichaa waan adda godhu keessaa isa tokko ta'uu ni danda'a. Innis haasawa isaatiin gara Rabbiitti garagala. Afaan Hadiisa ergamaa immoo gara keennatti qajeela. Afaan du'aa'ii ergamaa Rabbii, namni muudaa hin qabnee yoo dhandhamate fi namni muuxannoo qabu seer-luga afaan Arabaa eeguu yoo hordofe waan adda isii godhu

arga. Ifa galuudhaan, bareedinaan, wal gituudhan, nama hawwachuudhaan, nama irratti dhiibbaa fiduudhaan, afaan Hadiisa ergamaa Rabbii irraa adda adda.

Garuu bareedina afaan Hadiisaa mirkaneessuu keenna waliin. Innis ifni jechoota isaa fi haalli isaa namoota afaan Arabaatiin barreessan hunda caalee argama. Namni sammuu gaarii qabu garaagarummaa jechoota Hadiisa qudsii fi jechoota Hadiisa nabiyyii beekuu ni danda’a.

Afaan du’aa’ii fi hafuura isii keessatti mallattoo iimaanaa argina. Akka waan samiin isii tolchuu keessatti hirmaattee fakkaata. Dhimmi isii dhimma Hadiisa alqudsiin wal fakkaata. Ergamaan Rabbiihiriyyoota isaa du’aa’ii jecha jechaan isaa qabachiisaa fi barsiisaa ture. Jechoota isii akkuma jirutti eeguu fi jijjiiruu akka hin qabne isaan akeekkachiisa. Namicha du’aa’ii isaa keessa jecha rasuula jedhu bakka nabiyyii galchee dubbate akkamitti akka sirreessan ilaali. Jechoonni lamaanu ergamaa Rabbi bakka bu’uu waliin. Barraa’a Ibnu Aazib Rabbiin isa irraa haa jaalatuu akkana jedhe: nabiyyiinRabbii akkana jedhe, yeroo bakka raftu geettu akkuma nama salaataaf wuduu’a godhuutti wuduu’a godhin, ergasii cinaacha kee kan mirgaa irratii rafi, ergasi akkana jedhinn: *allahumma inni aslamtu nafsii ileeka*, *wa wajjahtu wajhii ileeyka*, *wa alja’tu zahrii ileeka*, *ragbatan wa rahbatan ileeyka, laa malja’a wala manjaa minkaa illaa ileeyka, aamantu bi kitaabika allazii anzalta, wa nabiyyika allazii arsalta,*

Yaa Rabbi lubbuu kiyya sitti kenne, fuula kiyya sitti garagalche, dhimma kiyya sitti kenne, duugda kiyya siif keenne, kitaaba kee buuftetti amane, nabiyyii keetittis amanee, yoo

akkas jette halkan kana keesssa duute ati akkuma Rabbi si uumetti duuta. Du'aa'ii tana waan xumura kee jettu taasisi. Barraa'a akkana jedhe du'aa'ii kana nabiyyii irratti deddebisee jedhee, *aamantu bi kitaabika allazii anzalta, wa* ***rasuulika*** *allazii arsalta,* ani jennaan naa dhoorganii, *wa nabiyyika allazii arsalta,* jedhanii naa sirreessan, *(raawaahu al sheekaan)*

Sahaabonni akka odeessanitti ergamaan Rabbii (S A W) du'aa'ii tokko tokko akkuma Qur'aana isaan barsiisutti isaan barsiisa, kunis hangama akka afaan du'aa'ii kana osoo hin jijjiiramne, itti hin dabalamnee fi irraa hinhir'ifamne eeguuf yaaddahuuisaanii muldhisa.

Ibnu Abbaas Rabbii isa irraa haa jaalatuu ergamaan Rabbii akkuma suuraa Qur'aanaa isaan barsiisutti du'aa'ii kana isaan barsiisa ture. Akkana jedhe: *allahumma inni (inaa) a'uuzubika min azaabi jahannama, wa min azaabika min azaabil qabri, wa a'uuzubika min fitnat masiih addajjaali, wa a'uuzubika min fitnatil mahyaa wal mamaati*.jedhaa nuun jedhe. *(Muslimtu odeesse)*

Yaa Rabbi ani ibida jahannam irraa sitti maganfadha, ibidda qabrii irraa sitti maganfadha, badii masiihii dajjaala irraayis sitti maganfadha, dhiphina jiruu fi du'aa irraayis sitti maganfadha.

Ergamaan Rabii *tashahuda* akkuma suraa Qur'aanaa nu barsiisanitti nu barsiisanture. *(Ibnu maajahtu gabaasee, Albaaniin sirreesse, Abdalaah ibni Abbaas irraa).gabaasa bira Abdalaah ibni umar irraa* qubee tokko itti dabaluu fi irraa hir'isuun hin jaalatamu.

## Mallaqa

Sila nu keessaa namni yeroo salaata isaa geessee bahu, qalama qabatee herreega tokko tokko namni dalagu ni jiraa? Yeroo meeqa miira Rabbiin wajjiin haasawuu isaa itti dhagahamee kan galmeessu, yeroo salaata isaa salaatu miirri bilbila uumuu wahii itti muldhatee jira. onneen xiqqo hollattee jirti.Osoo yeroo tokkoofillee ta'ee qaamni sosocho'ee jiraa. Sakandii tokkoo ykn walakkaa sakandiillee osoo ta'ee, yeroo kanneen xumura irratti walitti qabee osoo bifa tilmaama ilma namaas ta'ee akka herreeguu fi madaaluu danda'uuf. Bifa kanaan gabatee ergamaan Rabbii (saw) qopheessan irraa ka'ee firii salaata isaa hangam akka ta'ee tilmaamuu ni danda'a.

Ammaar Ibnu Yaasir irraa Rabbiin isa irraa haa jaalatuu: ergamaan Rabbii irraa akkana jedhe: namni salaata isaa geessee yoo deebi'u, wanti isaa barreeffame kurnan salaataa isaati moo, saglanii moo saddeettani moo, torban isaati moo, jahan isaatii moo, shanan isaatii moo, afran isaati moo, sadan isaati moo, walakkaa isaati. *(Abuu daawudi fi Nasa'itu gabaase, Albaaniitu Ammaar ibni Yaasir irraa odeesse)*

Salaata kee yoo geessitu mallattooleen kunniin tokko ykn Sanaa ol sitti dhagahamuu qabu, yoo inni raka'aa duraatti si jalaa dabre lammaffaa irratti yaali, ergasii sadaffaa, ergasii afraffaa irratti yaali, yoo salaata sunnaa keessatti hin milkaahin salaata dirqamaa keessatti yaali.Yoo salaata Subhii irratti hin milkaahin, Zuhrii irraatti, ergsii Asrii irraatti ergasii magriiba irraatti ergasii Ishaa'ii irraatti akka milkooftuuf dalaguu qabda, yoo xiqqaatee xiqqaate salaata dirqamaa ykn sunnaa keessatti boohuu qabda. Yoo kana hin ta'in onneen kee dhahattee

hollachuu qabdi. Yookaan mi’aa Rabbiin waliin walitti hidhamuu argachuudha, suni iimaanaa isa dadhabaa fi irraa boodaati. Yoo kana irra dabalte maaltu akka waa dabaluu kana wanti bareedni hin jiru, akkasa taanaan bu’aa fi durummaa guddaa jiruu kee keessatti invastimantii gootee mallaqa aakiraatti dabalattu argatta,

Kuusaan gurguddoon tokko tokko yeroo hedduu badhaasa cimaa namoota jajjabeessuuf beeksisa godhanii maamiltoota isaanii akka badhaasa kana argataniif osoo kuusaa kana keessaa hin bahin uunka daldalaa guutuun maqaa, teessoo fi lakkoofsa bibilaa isaanii barreessanii yoo badhaasa injifatan battalumatti itti bibilaniifi.

Ati yoo salaattu gara kuusaa Rabbiitti seenta, Rabbii fakkeenya ol-aanaa qaba, uunka kudhani oli guutta, uunki hunduu badhaasa qaba. Garaagarummaa badhaasa kuusaa addunyaa fi aakiraa, ati aakiratti badhaasa argachuu qofa hin filatamtu, badhaasni kunniin hunduu akka siif ga’uu dhibbaan dhibbatti wabii qabda. Garuu uunka isaanii bifa sirrii ta’een yoo guutte qofa. Kanaa gadiis kanaa olis miti dubbiin.

Ati yeroo salaata jalqabdu pirojektii invastimantii guddaa bu’aa fi guutumaan guututti wabii qabeessa ta’ee keessa seenaa jirta. Kana waliinuu baasii xiqqaadhaa. Kaapitaalli pirojektii guddaan kuni ittiin jalqabu zeroodha jechuun ni danda’ama. Fakkeenyaaf zakaa keessatti qabeenya kee irraa zakaa baasuuf 205% qabaachuu qabda, hajjii deemuudhaaf baajata imalaa, ichitti itti fayyadamtu fi kan biroo si barbaachisa. Sooma keessatti waan nyaata, dhugaatii fi wantoota biroo siif eeyyamaman irraa seeramta.

Dabalataan zakat alfixiri jedhamee waan beekkamu sooma hiikkaa irratti kennita. Garuu baasiin salaataa bishaan ittiin wudu’attuu fi yeroo salaata kee salaatuuf itti fayyadamtuudha. Baasiin dabalaa fi gibirri biraa kan kaffaltu hin jiru. Bu’aan isaa guddaan gara laakkofsa baankii keennaatti amma gala. Enumaayyuu bu’aa tokko tokko yeroo salaata geessitee baatu harkatti fudhatta. Boqonnaa lubbuu, fayyaa, tasgabbii, qulqullummaa sammuu fi miira akka waan haarawa dhalatteetti sitti dhagahamu fa’aadha.

Gariin isaa sanduqa bareedaa keessatti maramee gara teessoo kee duniyaa ergama, kan akka milkii, barakaa, nagahaa fi du’aa’iin adda addaa si jalaa fuudhamuu fa’a. Inni kuun teessoo kee kan aakiraatti siif ergamee badii kanaan dura ture akka haqaniif qarqaaru, mallaqa herreegni isaa hin beekkamne gara laakkoofsa baankii aakiraa irratti siif dabalama.

### Gabatee Salaataa Keessatti Waan Argatte Ibsu

Yeroo herreega salaata keetii gootu wanti ati dagachuu hin qabne, sararoota shanan nuti salaataaf keenne san akkaan hordoftee beekuu qabda. Sarara yeroo, sarara arrabaa, sarara qaamaa, sarara onnee fi sarara dalagaati. Herreega kana yoo gootu daqiiqaa meeqa akka si gaafate dagachuu hin qabdu. Raka’aa lama daqiiqaa 2 ykn 3 keessatti yoo salaatte, irra deebi’ii salaati salaanni kee hin taanee. Salaanni kee qubeewwan ati dubbifte qofaaf taati, yaaliin hiikkaaa qubeewwan kanniinii hubachuuf godhame hin jiru. Hubannoo kan hiiknee gara sararran afran hafaniitti guutuu qabna.

Namni Muslimaa hundinuu karaa mataa isaa waan salaata keessatti argate ittii madaalee qabxii tilmaamaa ittiin beekuu qabaachuu qaba. isa qofaatu salaanni isaa bifa kamiin akka taate kan ibsu waan ta'eef. Kanaaf wanti ani ofii fi isinis gorsu yoo jiraate madaallii tilmaamaa salphaa kana fayyadamuun salaata ofii herreega godhanii tilmaamaan qabxii salaata hundaa erga isii geessanii booda beekuun barbaachisaadha. Qabxii dhugaa salaata keennaa beekuun hin danda'amu. Saababni isaa madaallii sirrii fi dhugaatiin madaaluu waan hin dandeenneef. Qaamni kana beekuu danda'uu Rabbii beekaa fi herreega taasisu,kan nuti salaata keenna isaaf salaanneedha.

1- Sila yoo harka kiyya oli fuudhee takbiiraa hidhannaa erga taasisee, miirri waan hundaa of duubattii dhiisee gara addunyaa biraa ol-aanaa addunyaa dacheetiin hariiroo hin qabne keessa seenuu natti dhagahamee jiraa?

2- Allaahu akbariin yeroo meeqa salaata keessa yaadaan fagachuu irraa naa deebistee, mataa kiyyaa keessaa waan addunyaa haarawa ani amma seenee kana irraa na deebisu danda'uu narraa ariitee jirti? Daguu addunyaa taanaa fi wantoota xixiqqoo isii dhiisee akka biraa ol-ka'u waan amma Allaahu akbarii waliin ta'eef isiin na qarqaartee jirtii?

3- Yeroo meeqa jechi (الرحمن) jedhu ifa isaatiin na dhiqee, jechuun tola irraa gadee haarawaa amma sama'aa irraa dhufaa jiru na dhiqee? Yeroo meeqa jechi (الرحيم) jedhu ifa isaa dalgeen na dhiqee, jechuun tola Rabbii kan walitti dhaabataa fi xumura hin qabneen. Qulquulleessuun kuni lubbuu fi qaama kiyyas dalatee jiraa?

4- Jechoota meeqa kan faatihaa keessa jiran qara’ee إِيَّاكَ نَعۡبُدُ ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ مَٰلِكِ يَوۡمِ ٱلدِّينِ isii beekee hiikkaa isii hubadhee, guddina Rabbii akka fuuldura kiyya jiru yaadadhee, yeroo isii qara’u miirri wanti wahii keessa kiyyatti jijjiiramuu natti dhagahamee?

5- Aayaa ykn jecha meeqa faatihaa irraa ykn isii boodaan qara’ee, fageenya dirree magariisa hangam kenneefi, hiikaa fi ergaa isii keessaa yaadee?

6- Warra, firoota, hiriyyoota, Muslimtoota fi warroota amantaa biroo, diinota kiyya hunda bifa tokkoon yaadadhee jiraa yeroo ٱهۡدِنَا ٱلصِّرَٰطَ ٱلۡمُسۡتَقِيمَ qara’u. du’aa’ii bareeda qajeeluma nama hunda akka hammatamu gootee jirtaa? Qajeelluma fi karaa diriiratti akka isaan deebi’aniif waan ati hawwiteef, akkasuma qulqullina onnee kee kana wanti mirkaneessuu badhaasni battalumatti si gahuu, miirri gaariin sitti dhagahamee jiraa?

7- Yeroo meeqa bakka duwwaa magariisa sammuu kiyya keessa jiru allaahu akbarii hunda booda, rukuu’aa fi sujuuda hunda booda guutuuf yaalee? *Takbiiraa fi tasbiiha* hundaa boodaa sakandii magariisa meeqa ofii kennee yaada mijaawaa bakka duwwaa kana guutuu danda’uun guutee?

8- Tuqaalee armaan gadii diddiimoo keessaa yeroo ani salaatu isa kamtuu onnee kiyya keessa seenee na sochoosee na boochisee?

- Tuqaa نَسۡتَعِينُ jecha kana booda sakandii meeqa ofii kennitee, waan qarqaarsa barbaaddu kana haala isaa xiinxallite?

Mataa kiyyaa fi namoota qarqaarsa kana barbaadan hunda of dura fiduun hangam yaadee? Jechi qarqaarsa garee namoota hedduu hammatu waan ta’eef waan ta’aniif (نستعين)

- Tuqaa (التحيات) jecha lamaan kana dheeressuuf yeroo hangam fudhatee? Akkasuma erga isa qaraatee booda dhaabachuunis? Kutaa itti aanutti darbuuf (والصلوات) ergasii gara kutaa sadaffaatti darbuudhaaf yeroo hangam fudhatee? (والطيبات) ani bifa kanaan wanti yaalaa jiru lubbuu kiyya irraatti haala bareedaa fi miidhagaa kana buusuuf yaalaa jira. Rabbiin bira seenee bifa inni na barsiiseen nagaha gaafachuu kana. Miira nagaha isa gaafachuu fi miira deebii isaa eeggachuu maal akka ta’e natti dhgahama?

- Tuqaa (السلام عليك أيها النبي ورحمة الله وبركاته) yeroo meeqa narraa fudhatee nagaha kana geessuun, keessumattu jechoota (وبركاته - الله - السلام) dheeressuuf mijaawaa ta’an kanniin waliin, jechoota kanniin dheeressuu fi dirree magariisa isaan boodaan dhufu hangam fayyadamte? Dhimmi isaa dhimma nagaha kanaan booda dhufuun wal fakkaatan, miirri jalqabaa nabiyyii Rabbii irratti nagaha buusuun inni lammaffaa ammo battalumatti miira deebii isa irra argachuuti.

Tuqaa (السلام علينا وعلى عباد الله الصالحين) yeroo ani nagaha kana mataa kootii fi namoota dhimmi isaanii na yaachisu irratti buusee, ergasii dhaloota miliyoonaan lakkaawaman gabroota Rabbii gaggaarii dachee, sami fi bakkuma jiranitti bara kam keessallee yoo jiraatan yeroo nagaha isaan irratti buusu, miirri nagaha qulqulluu Rabbii narrattii akka dhangala’aa jiru natti hin dhagahamuu? Jalqaba irratti Isaanii fi anas hundee isaanii fi kiyyaas waan anaa fi isaan miidhu irraa isaan qulqulleessuuf.

Lammaffaan dhangalaa'aan qulqulluun biraa battalumatti na liqimsee hunda nagaha ani buusee irratti badhaasni kabajaa sama'aa irraa naa qoodamee dhufuun mataa kiyyaa irraa jalqabee hanga quba miiilaatti na dhiquun bowwoo, dhukkuba, dadhabbii, yaada, sodaa fi kkf narraa fageessuudhaaf na qarqaara.

9- Raka'aa sunnaa keessatti wanta raka'aa salaata dirqamaa irraati na jalaa hafee guutuu danda'ee jiraa? Yookiin faallaa kana?

10- Xumura irratti leenjii haarawa kana keessatti obsa irratti leenji'ee jiraa? Miirri humni obsa kiyyaa haarofni dabaluun natti dhagahamee jiraa? Wanti wahii keessa kiyyaa jijjiiramuu natti dhagahamee jiraa? Osoo jijjiirama gabaabaas ta'ee amalaan, qaamaan, lubbuun, malaan, iimaanaa fi wantoota kana fakkaataniin keessa kiyyatti argamee jiraa?

**Gabatee Waan Salaata Keessatti Si Jalaa Taree**

1- Allaahu akbarii meeqatuu osoo waan salaata kiyya irraa na jeequu irratti hin injifatin na jalaa taree?

2- Aayaa meeqa qara'ee irra tare osoo hiikkaa isii fi ergaa isii hin hubatin

3- Ruku'aa fi sujuuda keessatti *tasbiiha* jechoota fi nagaha meeqa caldhisee ima deddeebise osoo mi'aa fi midhagina isaanii hin hubatin, osoo bakka duwwaa magariisa jechoota boodaan dhufan yaadaan hin guutin?

4- Yeroo meeqa uffata, surree fi mataa kiyya hooqadhe, osoo salaata keessa jiru. Yeroo meeqa harka kiyya ykn qaama

kiyya sochooosee? Sochiilee osoo salaata kiyya irratti dhiibbaa fidan silaa dhiisuu danda'uu meeqa dalagee?

5- Yeroo meeqa sararri, barreeffamni halluuleen, suuraalee fi wantoonni fuuldura kiyya ykn naannoo bakka ani itti salaatuutti aragaman hangam salaata kiyya irraa na jeeqanii?

6- Yeroo meeqa dhimmoonni duniyaa na hinjifatanii waan salaata keessatti jedhu irraa na harkisanii?

7- Yeroo meeqa haasofni namoota biroo na wajjiin jiranii Masjiida keessattis ta'ee Masjiidaan ala salaata kiyyaa irraa na hawwate? Ykn sagalee televijiinaa, sagaleen bilbilaa fi dhawiinsi balbalaa hangam salaata kiyya irraa na jeeqee?

8- Sararoota salaata shanan keessaa kamtuu salaata kee keessatti si jala taree sararoota biroo keessattis osoo hin guutamin hafee? Sarara Yeroo, arraba, qaama, onnee fi dalagaadha.

9- Salaata booda, wantee dabalataa anaa fi dalaagaa waan Rabbiin waliin salaata keessatti maqoo teenne san faallessitu irraa na ittistu argadhee jiraa?

10- Salaata booda, leenjii obsaa fi kutannaa keessatti milkooftee jirta moo akkuma salaata keessa seentetti salaata keessaa baatee?

Xumura guyyaa kee irratti yeroo mataa keetii boraatii irra keettu, du'aa'ii ergama Rabbii irraa raggasifamtee san qaraatee yoo jette dalagaa saffisaa daqiiqaa tokko caala sirraa hin fudhanne wahii dalaguuf yaali. Qabxiilee salaata kee kan har'aa hunda yaadachuun keessattu kan sarara diimaadhaan walitti hidhaman san, ida'ama har'aa kan kaleessaatiin wal bira qabii laali. Qabxii har'aa kan kaleessaa caala moo sanii gadii?

Yoo sanii gadi ta'ee guyyaa itti aanutti dabaluuf yaali. Akka giraafiin salaata keetti dabalaa deemuuf. Xumura torbaanii irratti sadarkaa xumuraa torbaan kanaa ofii keennuudhaf yaali. Invastimantii kee dabalaa deemaa jiraachuu mirkaneessuuf Sadarkaa kana immoo kan torbaan tareettiin wal madaalchisi laali.

**Jiruun Tee Hundi Salata Haa Taatu**

Sammuun kiyya Hadiisa nabiyyii ulfaataa kana garagalchuu hin daganne yeroo nu odeessan dhimma bu'iinsa salaata wayta nabiyyiin gara sama'aa isaaniin bahanitti, ajaja Rabbiitiin salaanni dirqama godhamuu akkuma nabiyyichi nuu odeessetti yeroo jalqabaatiif salaata shantamatuu dirqama ta'e, hanga salaanni kunniin shanitti deebi'utti nabiyyiin Rabbii ummata isaa irra hir'isuuf Rabbii isaa gaafataa ture. Yeroo Hadiisni kuni himamu hundaa kan of gaafadhuu fi tariitii isinis kan of gaafattan, akkamitti salaata shantamaa guyyaa keessatti salaannaa? Yoo dubbiin akkana ta'ee yeroon keenna salaataan ala waan biraattiif ni gahaa? Yoom waa nyaannaa, dhugnaa, rafnee hirriibaa kaanaa, dubbifnee, bareessinaa, duubbannee, barannaa, ijaarree dachee misoomsinaa, jiruun bashannannee, firoota, hiriyyoota fi warra keenna daawwanna?

Xumura irratti maalumma salaataa, keessa isii, haala gahee isii lubbuu fi jiruu irratti qabdu beeknaan, bu'aa namni salaatu salaata isaa booda argatu hundaa beeknaan salaatani jiruu akka taate hubadhe. Jiruun baldhina fi kutaa isii wajjiin gosoota jiruu adda addaa salaataati.

Yeroo dammaqxee du’a hirribaa gabaabaa keessaa bahuun jiraachuu kee mirkaneessitu, qaama jiruu haarawa deebisee sii kenne kanaaf salaata kee keessatti galata galchitaa.

Yeroo ijoollee keetii fi ijoollee nama biraa fuula keessa laaltee icciitti guddina isaaniitiin jijjiirama uumaa fi amala isaanii nama ajaa’ibsiisu kan isaan guyyaa hunda boca dabalataa argamsiisanii fi dandeettii haarawa jechoota haarawa, haasawaa haarawa isaanii kanaan ni dinqisiifamta. Ati salaata keessa jirta.

Yeroo warra kee gara toltuutti kaaftee, mala gaariidhaan isaan gara toltuutti waamtu, san booda isaan si ee jedhanii dhufanuu, dhufuu baatanuu ati salaata keessa jirta.

Yeroo obboleessa kee, hiriyyaa kee fi ollaa kee waan isaan badii sirratti hojjatanii si miidhaniif onnee keetiin irra tarteefi akka waan ofii balleessiteetti dhiifama gaafattu, ati salaata keessa jirta. Yeroo nama si arrabsu gurra keetiin dhageeffattee, itti dhiiftee Rabbuma irratti herreegatte, ati salaata keessa jirta.

Yeroo wal gahii obboleessa kee foon isaa nyaatan keessatti, ati isa irraa deebisuu hin dandeenne ykn kallattii haasawaa jijjiiruu hin dandeenne dhiiftee baate,ati salaata keessa jirta. Yeroo namoota amantaa biroo gara karaa diriiraa Islaamaatti aaka qajeelan ati kadhattuuf, isaanitti duuluu fi isaan waanyuu yoo dhiifte, ati salaata keessa jirta. Yeroo namoota amantaa biraa tola Islaama itti argisiiftu wal danda’uu isaa, gara laafina isaa, jaalala isaa, qarooma isaa, amala isaa, seequu isaa itti argisiiftu, ati salaata keessa jirta.

Seera biyya keessa jiraattuu yoo kabajje, osoo biyya Islaamaatiin alaallee ta’ee, galata kee osoo isaaniif tolchitee,

waadaa isaan waliin seente kan mallaqaa, kan amala gaarrii fi kan gibiraa osoo guuttee, ati salaata keessa jirta. Yeroo badiin gara maraan si marsitu lubbuu kee keessatti jibbitee, ergasii arraba keetiinis ta'ee harka keetiin yoo jijjiiruu hin dandeenne ta'e,ati salaata keessa jirta.

Yoo warra keetii fi namoota naannoo keetitti argaman gammachisuuf tattaafattu, tattaaffii kee keessatti milkooftuu milkaahuu dhabduu, ati salaata keessa jirta. Yoo Hanguma fedhe sheeyxaanni si qirqirsee, ati garuu dhimmi kee hundi Rabbiin waliin gaariidha jettee kan amantuu fi gaariidha jettee yaaddu taate, ati salaata keessa jirta.

Yeroo Rabbii kee waan inni sii kennee fi waan inni si dhoorgate irratti isa galatoomfattu, ati salaata keessa jirta. yoo ati naannoo wantoota nama sobanii hawwatan keessatti ija kee gadi qabatte,ati salaata keessa jirta. Yeroo ati dhiphinna dhukkuba, hiyyummaa, galtee, fi jjajjabina jiruu irratti obsitu, ati salaata keessa jirta. Yeroo muslimtoota biyya isaanii keessa hin jirre yaada, hawwii, gadda isaanii keessatti sagalee keetiin, gara laafummaa keetii fi du'aa'ii keetiin isaan wajjiin hirmaattu, ati salaata keessa jirta. Yeroo ati dhukkubsataa daawwattu,ati salaata keessa jirta

Salaata akkanaa kanaaf nabiyyiin kee akka wadda'attu si hin gorsinee. Yeroo hirribni si fudhatu, qaama kee dadhabbii guyyaa dheeraa irraa yoo boqachiiftuu fi guyyaa haarawa boruu dalagaa fi misoomaaf of qopheessitu, ati salaata keessa jirta. Salaata akkanaa kanaaf nabiyyiin kee akka wadda'attu si hin gorsinee. Xumura irratti waan guyyaa kana keessatti siif ta'ee fi sirraatti ta'e,yoo lubbuu kee herreegdu, ati salaata keessa jirta.

Jiruun tee hundi salaata osoo ija nama salaatuutiin laaltee,akkuma damshaasha isiitti gammaddutti, osoo kutaalee isii waajjiin gammaddee, salaata fuuldura, rogaa fi naannawaa keetitti jirtu tana hundaa hin dabarsitu ture, kutaan jiruu tuni jechoota guddina Rabbii ibsan, dandeetti isaa qulqulleessan, caalummaa isaatiif galatoomfatan, qananii isaatiif beekkumtii kennan, yeroo hunda fuula isaatti garagaluun gabroota isaa nama yaadachiisuuf dalaguudha. Kanaaf namni akkana godhu salaata akkanaatiif wadda'achuu baatus salaata waliitti fufaa ta'ee keessa jira.

Yoo namni si miidhe itti hin aarin, isas hin waanyin, enumaayyuu akkana jechuun salaataa fi qulqullummaa Rabbii taasisi (سبحان الله) Rabbi qulqullaahe. Anaa fi namni na aarsu suni uumaa Rabbiiti. Qalama ulfaataa kamituu lubbuu ilma namaa biliyoona kanaaaf boca garagaraa, namummaa garagaraa, amalaa fi haala garagaraa, kennuu danda'a?

Wanta argitu, itti dhuftu fi dhageettu hunda isaa keessatti qulqullummaa Rabbiitiif taasisi. Akkamitti ilaalcha, amalaa fi uumaa Rabbi tolcheen badaadha jedhaa? Osoo bilillicii ija kiyya butus ta'ee, osoo bakakkaa onnee tiyya hollachiisus ta'ee, wantoonni uumaa keessatti nama sodaachisu, nama shoororkeessuu fi finlcilu hundi isaa onnee tiyya keessatti qulqullummaa Rabbii calanqisiisuun Rabbitti na kaleessu malee hin hafu.

Sochii fi boqonnaa kee hunda keessatti, dhaabachuu fi taa'uu kee keessatti, nyaataa fi dhugaatii kee keessatti, galii fi baasii kee keessatti, argaa fi dhageetti kee keessatti, dubbii fi caldhisuu kee keessatti, yaadaa fi xiinxaluu kee keessatti hawaa

Rabbii kan isa faarsee, galatoomfatee, qulqulleessee fi gabbaru kana irraa ta'i. namni Rabbiin gabbaruu osoo hin dhaabin, kan salaatu osoo addaan hin kutin, ati salaata keessa jirta yoo lubbuun jiraatte, danbii kana seera ittiin bulmaata jiruu keetii godhadhu.

- Tarkaanfiin ati mana keetii baatee duniyaa kee tolchuuf gootu, lubbuu kee keessattis tarkaanfii tana waliin tarkaanfattee aakiraa keetis tolfattu malee hin hafu.

- Saa'atii kee irraa daqiiqaa tokkos hin balleessin yoo umrii kee irraa wanti hafee sanii gadi ta'uu seete malee.

- Wuduu'a yeroo gootu xurii qaama gubbaa jiruu qofa osoo hin taane xurii qaama keessaatis dhiqi.

- Hanga dalagaadhaan dhugoomsuu murteessitutti jecha kamiyyuu salaata keessatti hin jedhin.

- Lubbuu kee jiruuf jettee gadi qabattee mataa kee salaata keessaa Rabbiif jettee gadi hin qabin.

- Akkuma nama yeroo Masjiida seeneetti masjiidaa hin bahin.

-Badii jiruu kee keessa jiran gaggeessitee, toltu jiruu teetti guuttu malee. Baatii soomaa hin gaggeessin,

- Toltuu harka mirgaatiin yoo keennitu, hamtuu harka bitaatiin of irraa deebistu malee hin dhiisin.

- Yeroo wareega Rabbiif qaltee isatti dhihaattu, badii gara ibiddaatti si dhiheessituu waliin qaltu malee hin dhiisin.

- Warra isii barbaadee dhukkuba, qorra, fi beela irraa of baraaruuf osoo isii barbaadu du'ee hanga yaadattutti. Saantimii takka dabaltee hin kennin,

- Kubbaayyaa hanga xumuraatitti ol hin guutin, hanga walakkaa isaa dhuguu mirkaneeffattutti.

- Copha bishaanii takkittii hin qisaasessin, hanga guyyaa hunda namoota bishaan dhabanii du'an yaadatutti.

- Kutaa nyaataa takka afaan hin kaawatin, hanga namoota isa dhabanii du'an yaadattutti.

- Hambaa sanii kee irratti hafe hin darbin hanga Rabbii waan saanii keessa jiruu hunda na dhoowwachuu danda'a jeette amantutti.

- Kudraa addunyaa kana yoo nyaattee qananiitu qananii kudraa aakiraa yaadadhu.

- Waan horattee fayyadamteen hin qanani'in, hanga waan kennitee hanbifatteen qananiitutti.

- Yoo kophee gaarii hin qabaatin hin aarin, namoota luka lamaan kophee itti godhan hin qabneetu jiraa.

- Yoo mana kee keessatti meeshaan wahii dalaguu baatee hin hododin, namoota mana hin qabneetuu jiraa.

- Namoota biroo waan badaan kaaftee hin dubbatin, hanga namni biraa sirraa bifa wal fakkaatuun waan badaa dubbatuu dhabuu isaa mirkaneessitutti.

- Jecha badaa tokkoo haadhaa fi abbaa keetitiin hin jedhin, hanga jecha akkasii mucaa kee irraa guyyaa wahii dhagahuuf mirkaneeffatutti.

- Nama sii gadii hin xiqqeessin, Rabbiin guyyaa tokko si xiqqeessee isaa gadi si godhuu danda'aa ta'uu hanga beektutti.

- Nama haqa keessatti si miidhee hanga dhiifama gootutti, Rabbii haqa isaa miitee dhiifama hin gaafatiin.

- Hanga foddaa biraatiin jaalalli guddaan onnee tee seenuu haayyamtutti, foddaa onnee teetiitti osoo xiqqoollee taatee jibbaan akka seenu hin eeyyamin.

- Yeroo du'aa'ii nama jaalattuu kadhattu, nama hin jaaladha jettee shakkitu ykn namoota na jaalatuu hin oolan jettee shakkituu dura kadhattu malee hin dhiisin.

- Tola obsa dheeraa kan argattu, yoo ati mindaan guddaa fi furmaata dhiyootti akka argamu amantee isaan gammaddeedha.

Xumura irratti dhaamsa nabiyyii Rabbiitti (S A W) dalaguu hin dagatin,Rabbii kee akka waan argituutti gabbari, lubbuu kee warra du'aa keessatti of lakkaawi, dhagaa fi muka hunda bira yoo geettu Rabbiin faarsi, yoo badii dalagdee cinaa isiitti toltuu dalagi, icciitiin akka icciitiitti iftoominni akka ifaatti. *(Albaanituu sirreesse, mu'aaz ibni jabal irraa)*

Hafuura baafattu hunda waliin jiruun tee hundi akka salaata taate yaadadhu. Haala fi jiruu kee keessatti akkuma nama salaataaf deemuu lubbuu fi qaama keetiin qulqulluu taatee deemuu qabda. Akkuma dhiigni hidda kee keessa Rabbiin yaasuu qulqulluu ta'eetti, lubbuun keellee qulqulluu ta'uu qaba. Hidda hunda keessatti dhiiga yaa'uuf Rabbii kee galatoomfatuu qabda. Dacha'iinsaa fi humna qaama keetii hundaaf Rabbiin galatoonfatuu qabda.

Bulchiinsii fi too'annoon salaata keetii bulchiinsa jiruu keetii akka ta'e beeki. Rabbiin roga Islaamaa tokkoffaa kan siif kenneef akka wabii aakiraa siif ta'uufi. Roga Islaama lammaffaa kan siif kenneef akka wabii duniyaa fi aakiraa siif ta'uufi. Wanti ani kitaaba kana keessatti jedhee furtuu xiqqoo harka keetitti

qabattu wahii qofa akka taate beeki. Kuusaa yaada keetii ittiin bantee Rabbiin waliin akka addunyaa xiinxalaa keessa balaliituufi. Kana irraa ka’uudhaan galaana abuurraa uumaa Rabbii akka daaktuu fi wantoota kanneen hunda irraa kitaaba mataa keetii kan salaata ittiin bulchituu fi jiruu kee ittiin too’attu akka uumattuufi.